

**XIINXALA ERGAAFI QABIYYEE WALALOO SIRBOOTAA OROMOO:
KAN BARA 2011 HANGA WALAKKAA BARA 2012TTI (2019 G.C)**

**QORATAAN: IDDOOSAA EEBBISAA CIIBSAA
GORSAN: TASHOOMAA EGERE (PhD)**

**WARAQAA QORANNOO ULAAGAA DIGIRII LAMMAFFAA (MA)
AFAAN OROMOOFI OGBARRUU BARSISUU ITTIIN GUUTTACHUUF
QOPHAA'E, YUUNIVARSIITII JIMMAA, KOOLLEEJII SAAYINSII
HAWAASAAFI HUUMAANITIITTI, DAMEE BARNOOTA AFAAN
OROMOOFI OGBARRUUF DHIYAATE**

**YUUNIVARSITII JIMMAA
JIMMAA, OROMIYA**

**YUUNIVARSIITII JIMMAA,
KOOLLEEJJII SAAYINSII HAWAASAAFI HUUMAANITIITTI,
DAMEEBARNOOTA AFAAN OROMOOFI OGBARRUU**

**XIINXALA ERGAAFI QABIYYEE WALALOO SIRBOOTA OROMOO:
KAN BARA 2011 HANGA WALAKKAA BARA 2012TTI (2019 G.C)**

QORATAAN: IDDOOSAA EEBBISAA CIIBSAA

GORSAA DURAA: TASHOOMAA EGEREE (PhD)

GORSITUU AANTEE: ALAMITUU OLI (PhD)

FULBAANA, 2021

JIMMAA, OROMIYAA

Yuunivarsiitii Jimmaa

Dhaabbata Qorannoo Digirii Duraatiin Booddee

Waraqaa qorannoo ulaagaa digirii lammaffaa (MA) Afaan Oromoofi Ogbarruu ittiin guuttachuuf, Iddoosaa Eebbisaatiin mata duree “Xiinxala Ergaa fi Qabiyyee Walaloo Sirboota Oromoo: Kan Bara 2011 Hanga Walakkaa Bara 2012tti (2019 G.C)” jedhuun gaggeeffame sadarkaa ulaagaa yuunivarsiitiin kaa’e guutera.

Koree Qormaataa

Qoraa alaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____
Qoraa keessaa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____
Gorsaa Duraa _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____
Gorsaa Aantee _____ Mallattoo _____ Guyyaa _____

Itti gaafatamaa Muummee yookiin walitti qabaa sagantaa digirii lammaffaa (MA)

Ibsa

Ani qorataan maqaafi mallattoon koo armaan gaditti eerame, qorannoon kun hojii koo ta`uu isaa fi kanaan duras Yunivarsitii kam iyyuu keessatti qorannoo eebbaaf kan hin dhiyyaanne ta`uu isaa, akkasumas, wabiileen qorannoo kanaaf fayyadame haala seera qabeessa ta`een fudhee wabii keessatti kaa`uu koo nan mirkaneessa.

Maqaa: _____

Mallattoo: _____

Guyyaa: _____

Axereeraa

Qorannoon kun xiinxala ergaa fi qabiyyee walaloo sirboota Oromoo bara 2019G.C keessatti bahan irratti kan xiyyeeffateedha. Kaayyoo gooroon qorannoo kanaas, ergaa isaan gama siyaasaa, hawaasummaa fi dinagdeetiin qabatee jiru kan xiinxalamuudha. Haaluma kanaan qorannoon kun kan xiyyeeffatu ergaa walaloo sirboota bara 2019 G.C keessatti bahan keessaa kanneen filataman irratti kan xiyyeeffatuudha. Kanarratti hundaa'uun walaloo sirboota Galaanaa Gaaromsaa kan Albeema Baallii jedhu keessaa sirboota saddeetifi kanneen qeenxeedhaan bahan ja'a ta'an waluamaa galatti walaloon sirboota kudha-afur qorannoo kanaaf filatamaniiru. Qorannoon kun yaaxxina seenawaatti gargaaramuun barruun tokko yeroo itti barreeffame keessatti waa'ee hawaasa barreeffamef sanaa gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeetiin ibseeraa kan jedhe xiyyeeffachuun kan xiinxaleedha Qorannoo kanaaf mala qorannoo akkamtaa (qualitative method)tti fayyadamee jira. Madda raga ilaalchisuun ammoo qorataan xiinxala ergaa walaloo sirboota hammayyaa bara 2019 G.C keessatti bahan keessaa kanneen filataman madda godhachuun, mala iddatteessuu akkayyoo (purpasive sampling) gargaaramuun akkaataa barbaachisuun raga walitti qabatee, meeshaa funaansa ragaa qorannoo kanaa mala xiinxala barruu godhachuun ragaa funaaname kana kan xiinxaleedha. Qorannoo kanaan argannoon bira gahames, walaloon sirboota Oromoo qabiyyeewwan ergaa siyaasaan: sabni Oromoo dhiibbaa siyaasaatiin dhiibamee seenaafi gootummaan isaa dhokfamuun hachuucamee mootummaa abbaa irreetiin miidhamaa akka jiru yammuu ibsu, keessumaa qeerroofi qarreen lafee itti cabanii, dhiiga itti dhangalaasani, lubbuu itti dhabanii qabsaa'uun bilisummaa isaan fidan ammas harkaa fuudhamee garbummaa jalatti kufanii akka jiraniifi ammas qeerroofi qarreen, akkasumallee sabni Oromoo qabsootti deebi'ee akka falmatuuf hawaasa kan kakaasu; kana malees, sabni Oromoo biyya Itiyooophiyaa jedhamtu ijaaru fi tiksuu keessatti saba guddaa ta'ee osoo jiruu garuu seenaan kun duraa awwaalamaa jiraaachuufi akka waan seenaa hin qabneetti ammas humnaan dhiitanii bulchuun saba kana kan aarse akka ta'efi ammas qabsaa'ee akka ofirraa deebisuuf walaloo sirbaa kana keessatti ergaa gama siyaasaan bira ga'ameera. Gama hawaasummaan sabni Oroomoo saba seenaa, safuu, gootummaa kan qabuufi kan seenaa, safuufi gootummaa isaa dhoksuu barbadu ammoo kan tuffatu, kan itti aaru akka ta'e argannoo kanaan kan bira ga'ameefi gama dinagdeetiinis sabni Oromoo dinagdee isaa fooyyessuufi ofdanada'ee jiraachuuf kan hojjetu, ofirra darbee kan nama gargaaru ta'uu isaa, ergaa of keessatti qabatee akka jiru qorannoo kanaan kan bira ga'ame yammuu ta'u, gara fuulduraattis walaloon sirbootaa waloodhaan barreeffamu haala uummatichaa sirnaan kan ibsu ta'uufi xiyyeeffannoon qorannoon akka irratti hojjetamuuf karaa kan saaquudha.

Galata

Duraan dursee isa hundumaa danda'uufi isa waan hundumaa keessatti na gargaare, osoo na nuffin gargaarsa hin tilmaamamne isa naaf godhe Waaqayyoo galanni guddaan haata'u. Itti aansuudhaan gorsaakoo kan ta'an Dr. Tashoomaa Egeree beekumsaafi dandeetti qaban hundaan akkan qorannoo kana hojedhuuf nuffii tokko malee kan na utubuun jabina naaf ta'an akkasumas, qorannoo kana hojjeedhee xumuruu keessatti hamileedhaan kan beekumsa isaanii naaf qoodaniif galata dangaa hin qabnen qaba. Kanamalees, ogummaafi beekumsa qaban osoo hin qusatin, deggersa ogummaa barbaachisu naaf kennuun milkaa'ina hojii koof kan na utuban gargaartuu gorsituu Dr. Alamiituu Olee tiif galatni an qabu daangaa maleedha.

Itti dabaluuudhaan rakkoofi wal'aansoo keessa osoo jirani aartii saba isaanii guddisuuf jecha akkasumallee, dhugaa hawaasa isaanii bakkeetti baasuun an immoo akkan qorannoo kana irratti hojjeedhuuf karaa kan naaf saaqan aartistoota Oromoo Galaanaa Gaaromsaa, Soninaaf Adam, Andu'aalem Gosaa, Jaafar Yusuuf, Hawwii H.Qannoo, Falmataa Kabbadaafi Dassaaleny Beekamaatiif galata guddaan qaba.

Gama biraatiin yeroon qorannoo kana hojjeedhu obsaafi deggersa barbaachisuun kan na bira dhaabatte, akkasumallee deggersa yaadaafi maallaqaa naaf gochuun kan na tumsite haadha manaakoo barsiistuu Gammadee Biraanuutiif galannikoo dachaadha. Itti dabaluuudhaan maatiikoo hunda haala mijataafi hin mijanne keessatti deggersa hamilee naaf gochuun akkan barnoota kana baradhee xumuruuf kan na cinaa dhaabbatan maatiikoo hunda isaaniitiif kabajani haata'uuf.

Baafata

Qabiyyee

Fuula

Ibsa.....	I
<i>Axereeraa</i>	II
Galata.....	III
Gabaajee.....	VII
BOQONNAA TOKKO : SEENSA.....	1
1.1. Seenduubee Qorannichaa.....	1
1.2. Ka'umsa Qorannichaa.....	4
1.3. Gaaffilee Qorannichaa.....	5
1.4. Kaayyoo Qorannichaa.....	5
1.4.1. Kaayyoo gooroo.....	5
1.4.2. Kaayyoowwan Gooree.....	5
1.5. Barbaachiisummaa Qorannichaa.....	6
1.6. Daangaa Qorannichaa.....	6
1.7. Qindaa'ina Qorannichaa.....	7
1.8. Hanqina Qorannoo.....	7
BOQONNAA LAMA : SAKATTA'A BARRUU WALFAKKII.....	9
2.1. Ogbarruu.....	9
2.2. Walaloo.....	10
2.3. Gosoota walaloo.....	12
2.3.1. Walaloo Liiriki (Lyric Poetry).....	13
2.3.2. Walaloo seenessaa (Narrative poetry).....	14
2.3.3. Walaloo bifa diraamaan dhiyaatu (Dramatic poetry).....	14

2.4. Yaadrimee Walaloo Sirba.....	15
2.5. Gosoota walaloo Sirbaa.....	18
2.6. Fayyadama Afaanii walaloo sirba Keessatti.....	18
2.6.1. Fayyadama Jechootaa.....	20
2.6.2. Fayyadama Jechamaa.....	24
2.6.3. Fayyadama Malleen Dubbii.....	26
2.7. Haalaafi sochii uummatni Oromoo keessa turee fi yeroo walaloo sirboota kanaa keessa jiru.....	31
2.8. Yaaxxina Qorannichaa.....	34
2.9. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii.....	36
BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA.....	38
3.1. Saxaxa Qorannichaa.....	38
3.2. Irraawwatama Qorannichaa.....	38
3.3. Madda Raga Qorannichaa.....	39
3.4. Iddattoo fi iddatteessuu.....	39
3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee.....	40
3.6. Adeemsa Funaansa Ragaalee.....	40
3.7. Mala Qaaccessa Ragaalee.....	41
BOQONNAA AFUR: DHIYEESAAFI QAACCESSA RAGAALEE.....	42
4.1. Seensa Qabiyyee Walaloo Sirboota xiinxalamanii.....	42
4.2. Xiinxala Qabiyyee Ergaa Siyaasaa walaloo sirboota filataman keessatti.....	43
4.3. Xiinxala Ergaa Walaloo Hawaasummaa walaloo Sirboota Filatamanii Keessatti.....	75
4.3.1. Qabiyyee Ergaa Gama Waliin Jireenya Hawaasummaatiin.....	75
4.3.2. Ergaa Hawasummaa Gama Seenaatiin Darbe.....	78
4.3.3. Qabiyyee Ergaa Gorsaan Darbe.....	87

4.3.4. Qabiyyee Ergaa Aarii Darbe.....	93
4.3.5. Qabiyyee Ergaa Aadaan Darbe.....	96
4.3.6. Qabiyyee Ergaa Gaddaan Darbe.....	102
4.3.7. Qabiyyee Ergaa Tuffiin Darbe.....	104
4.3.8. Qabiyyee Ergaa Gootummaan Darbe.....	107
4.3.9. Qabiyyee Ergaa Safuun Darbe.....	110
4.3.10. Qabiyyee Ergaa Jaalalaan Darbe.....	112
4.4. Ergaa Walaloo Sirboota Bara 2019G.C Keessatti Bahan Keessa Kanneen Filataman Gama Dinagdeetiin Wal qabatan.....	115
BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO.....	119
5.1. Cuunfaa.....	119
5.2. Argannoo.....	120
5.3. Yaboo.....	121
Wabiilee.....	123
DABALEE.....	I

Gabaajee

Gabaajeen qorannoo kana keessatti wantoota walitti siqsuun itti fayyadame, namni qorannoo kana dubbisu osoo hin rakkatin akka hubatuuf armaan gaditti dhiyaateera.

ABO Adda Bilisummaa Oromoo

ADWUI Adda Dimokirataawaa Warraaqsa Ummattoota Itiyooophiyaa

A.L.I Akka Lakkoofsa Itoophiyaa

BBC British Broadcast Corporate

G.C Akka Lakkoofsa Awurooppaa

KKF Kan kana fakkaatan

YKN Yookaan

BOQONNAA TOKKO : SEENSA

1.1. Seenduubee Qorannichaa

Dhalli namaa erga gara addunyaa kanaatti dhufee kaasee sansaka isaa, fedhii isaa, gaddaafi gammachuu isaa, akkasumas haala siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee isaa kan ittiin ibsatuufi dabarfatu keessaa tokko ogbarruudha. Ogbarruun ogummaa ilma namaa ta'ee, waa'ee namootaa qindeessee, kan namootaaf deebisee dhiyeessudha jechuu dandeenya. Ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee, fedhii, gammachuufi hawwii hojii ilma namaa walitti qindeessee miidhagsee kan mul'isuudha. Yaada kanas Asafaa (2009, f.21) yammuu ibsu, "Ogbarruun ogummaa kalaqa waa uumuu ta'ee, muuxannoo jiruuf jireenya haqa irratti faayinee ittiin ibsinuudha. Ogbarruun mala waan hawaasaafi bu'aa qabu tokko waliif dabarsinu, waan hamma beekumsa ilmaan namaa waa cophu tokko ittiin waliif galaafnuudha" jedha. Yaadni armaan olii kunis beekumsaafi muuxannoo hawaasaa, jiruuf jireenyi hawaasni tokko dabarse karaa ittiin waliif dabarsan ta'uu ibsa. Ogbarruun dandeettii bashannansiisaa barsiisuu, kakaasuu, dammaqsuu, gootomsuufi jajjabeessuu kan ofkeessaa qabu hojii ogummaati. Finnegan (1978, f.18), maalummaa ogbarruu yoo ibsiti, "Literature is a creative work of art which expresses the truth of experience in terms of beauty to be comprehended and it is the means of communicating ideas of intellectual and social significance." jechuun ibsiti. Yaada kanarraa kan hubatamu ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee, muuxannoo dhala namaa kan calaqqisiisu, kan ibsuufi karaa beekumsi hawaasaa ittiin ba'ee mul'atu isa olaanaa akka ta'e ibsamee jira.

Ogbarruun goorowwan adda addaa saditti kan qoodaman yammuu ta'u, isaan keessaa tokko walaloodha. Maalummaa walaloo ilaalchisuun Kenedy fi Gioia (1995, f.579) akkas jechuun ibsu: "Poetry is a rhythmical composition of words expressing an attitude, designed to surprise and delight, and to arouse an emotional response,". Yaadni armaan olii kunis walaloon jechootni filatamoon walitti qindaa'uudhaan ilaalacha, jajuu ykn gammachuu, jibba fi karaa miira ofii ittiin ibsataniidha jechuun kan ibsuudha. Walaloon wanta kessoo namaatti dhaga'aamu, kan namatti baasanii himachuu hin dandeenye jechoota miira namaa kakaasaniifi humna qabanitti fayyadamanitti dhimma ba'uun karaa ibsataniidha.

Ogbarruun Oromoo barreeffamaan dhiyeeffamuun isaanii yeroo muraasa lakkoofsisu. Kanarraa kan ka'e, uummatni Oromoo uummata seenaa dheeraa qabuufi seenaa isaa kana bifa

barreeffamaatiin osoo hintaane afaaniifi gochaan dhalootaa dhalootatti dabarsaa tureefi jirudha. Yaada kana Hayiluu (1997, f.4) yoo ibsu, “Aadaa uummata Oromoo keessatti bal’inaan kan beekaman: geerarsa, guddisa daa’immanii, sirboota fuudhaafi heerumaa, cooka, mammaaksaafi kkf. Oromoon dhuunfaatti kan qabu ta’uun isaa yeroo hedduu dubbatama.” Akka yaada kana irraa hubannutti kanneen aadaa Oromoo keessatti argamu keessaa sirbi tokko ta’ee, hawaasni tokko ittiin eenyummaa isaa kan ibsatu akka ta’e mul’asa. Sirbaan aadaa, dinagdeefi ilaalcha siyaasaa hawaasni tokko qabu kallattiifi alkallattiin ibsuun ni danda’ama. Yaada kana Vikas Shah (2017, f.1) akka armaan gaditti ibsa.

“When ever humans come together for any reason, music is there,” writes Daniel Levitin “...weddings, funerals, graduation from college, men marching off to war, stadium sporting events, a night on the town, prayer, a romantic dinner, mothers rocking their infants to sleep and college students studying with music as a background...” he continues to note that, music is and [always] part of fabric of every day life.

Yaadni armaan olii kan ibsu yeroo kam iyyuu sabni waliin jiraatu haala ta’een ni kurfaa yookaan walitti qabamu. Bakka namootni walitti qabaman kana sirbatu jira. Kunis yeroo cidhaa, eebbaa, yammuu dirree lolaatti bahan, bakka taphaatti , bakka affeerraa garaagaraatti sirbi haala dhuftee isaanii kan ibsuudha. Kanaafuu sirbi jiruuf jireenya guyyuu keessatti waliin hidhata hawaasaa akka qabu ibsee jira. Akkasumas maalummaa sirbaa Richard (1992) sirbi walaloo gabaa yookaan tuuta jechootaa sirbaman, ijaarsa barreeffamaa ifaafi gabaabaa toora tooraan yaa’u, muuziqaa kan qabu akka ta’e ibsee jira.

Encyclopedia Britanica(1993 f.11) akka ibsutti, “A song can have one of these types. These are art song and folk song , the folk song does not need musical composition” jechuun ibsa. Yaadni armaan olii akkuma ibsu sirbi bakka lamatti qoodama. Isaanis sirba aadaafi sirba hammayyaati. Sirbi aadaa meeshaa muuziqaa kan hin barbaachifne kan hammayyaa garuu meeshaalee muuziqaatti gargaaramuun akka dhiyaatan agarsiisa.

Hawaasa Oromoo keessattis walaloon sirboota hammaayyaa kun ga’ee guddaa akka taphachaa tureefi ammas jiru ta’uu isaa ibsa. Qorannoon kunis xiyyeeffannaan isaa walaloo sirboota hammayyaa irratti kan xiyyeeffatu waan ta’eef, maalummaafi goorowwan walaloo jalatti kan xiinxalamuudha. Walaloon kalaqa sammuu ilma namaa yammuu ta’u, kan durii ka’ee tureedha.

Walaloon damee ogbarruu jalaa kan umurii dheeraa qabu ta'ee, jechoota filatamaaafi udumamaatti (yabbuutti) gargaaramuudhaan waan keessoo namaatti dhaga'amu tokko karaa nama hawwatuun waloodhaan qindaa'ee kan ibsamuudha. Walaloon sarara gaggabaaboodhaan dhiyaata. Akkasumas, jechoota wal unataniin akkataa miira namaa harkisuu danda'anitti qindaa'uudhaan barreeffamu. Kenedyfi Gioia (1995, f.579) walaloo yammuu ibsu, "Poetry is the kind of thing poets write." Yaadni kunis walaloon waan yaada waloo keessa jiru barreessuun dhiyeessu jechuudha. Kana jechuun waloon waan miira isaa keessa jiru, waan itti dhaga'amu kan ittiin ibsu jechuudha.

Walaloon sirbaa goorowwan walaloo jalaa walaloo liirikii jalatti kan ramadamu yammuu ta'u, akakuun walaloo kanaa walaloo sirbaa humna ofkeessaa qabu, kan miira namaa tuqu jechoota humna qabaniin qindaa'ee kan barreeffamuudha jechuun Swardhani (2014) ibseera. Liirikiin walaloo sirbaa ykn kan sirba ofkeessaa qabu jechuudha. Hiikni kunis, kan durii haata'u malee hanga har'aattis kan tajaajilaa jiruudha. Yaada olii kana Kenedyfi Gioia (1995, f.588) yammuu ibsu, "Originally, as its Greek name suggests, a lyric was a poem sung to the music of a lyre. This earlier meaning—a poem made for singing—is still current today, when we use lyrics to mean the words of a popular song" jechuudhaan yaada duratti dhiyaate addeessa.

Walaloo liirikii gaggabaabbatee kan barreeffamu ergaa cimaa akka dabarsu Wilfred fi kaan (2005, f. 99) irratti yammuu ibsu, "... the excellence of short lyric poems and short tales because they can maintain and transmit a single, unitary effect more successfully than can long works like Paradise Lost" jedha. Ibsi armaan olii kun walaloon liirikii bifa gaggabaabaa ta'een kan barreeffamu yammuu ta'u hojii ogbarruu kaan caalaa daddarbiinsaafi ergaa cimaa dabarsuu irratti humna cimaa akka qabu ibsa. Misgaanuun (2012, f.68) nama Untermeyer (1938, f.278) wabeeffachuun walaloo liirikii yammuu ibsu, ogwalaloon liirikii walaloo sirbaaf oolu ta'ee baay'ee keessa qabeessa (condensed),... 'the most concentrated form of poetry is the lyric' jechuun ibsa. Akkuma yaada armaan olitti dhiyaate agarsiisuutti walaloon liirikii kun walaloo sirbaaf barreeffamu yammuu ta'u, unka gaggabaabaa ta'een waloon miira isatti dhaga'ame tokko karaa ittiin baasee mul'isuufi miira hawaasa keessa jirus ta'e, kallattii hawaasummaa fi dinagdeetiin waa'ee hawaasaa kan ibsuu danda'uudha jechuun ni danda'ama.

Walumaagalatti, walaloon sirbaa ogbarruu jalaa walaloo liirikii jalatti kan argamu yammuu ta'u, karaa ittiin hawaasni durii ka'ee haala jiruuf jireenya isaa keessatti itti fayyadamaa tureefi

ammis jiruudha. Kunis hawaasni qabiyyeewwan siyaasaa, dinagdee, hawaasummaa, safuu, aadaafi kkf kan itti ibsatu yammuu ta’u, qabeenyaafi agarsiistuu saba sanaati. Walaloon sirbaas ogwalaloon kan dhiyaatu ta’ee bifa barwalaloon yammuu ta’u, abbentaa haa qabaatuyyuu malee waa’ee hawasaa tokkoo gadi fageenyaan kan ibsu mul’istuu jireenya hawaasaati.

1.2. Ka’umsa Qorannichaa

Ka’umsi qorannoo kanaa kanaa qorataan hanga hubannoo qabutti walaloo sirboota kanaa irratti qorannoon kan hin adeemsifamne ta’uusaafi yeroo walaloon sirboota kanaa itti sirbimani hawaasa bira ga’aniifi yeroo mata dureen kun akka qorannoon kun irratti adeemsifamuuf dhiyaate walitti dhiyoo (bara tokkicha keessa) ta’uu isaatiin mataduree kana irratti qorannoo hojjechuuf qorataa kakaaseera. Kun ammoo sirbootni yeroo ba’e kana keessatti waa’ee hawaasa sanaa sirritti ibsuu ni danda’aa yoo ibse akkamiin kan jedhuu qorachuuf qorataaf kaka’amsa ta’eera. Gama biraatiin qorannoon Soofiyaa Huseeniin Yunivarsitii Jimmaatti bara 2019 G.C tti geggeeffamee kan jiru yammuu ta’u qorannoon sun walaloo sirboota siyaasaa irratti kan xiyyeeffatee kan miidhaafi diddaa Oromoo agarsiisu xiinxaluu yoo ta’u, innis kan bara 2013-2018tti jiran irratti xiyyeeffateeti. Kun ammoo walaloo sirboota yeroo garagaatti barreeffaman irratti hundaa’ee dalagame. Qorannoon kun garuu walaloo sirboota bara tokko keessatti barreeffamaniifi ergaa isaan gama dinagdee, siyaasaafi hawaasummaatiin qaban kan xiinxaluudha.

Walaloon sirboota bara 2019 G.C keessatti bahan keessaa kan filataman gama dinagdee, siyaasaa, hawaasummaafi kkf ofkeessatti qabatee jira. Kanarraa ka’uun qorataan walaloon sirboota filatamanii kunneen hawaasa keessatti ergaa maalii dabarsu kan jedhu qorachuun dhalootaaf dabarsuuf qorannoo kana geggeesseera. Walaloon sirboota kun yeroodhumaaf kan sirbamanii yoo irraanfataman ergaan inni dabarsu dhalootaaf osoo hin hubatamin hafuu danda’a. Qorataan yaada kana hubachuun walaloon sirbaa kunniin yeroo bahe keessatti maaliif bahe, ergaa maalii dabarsa kan jedhu qorachuun dhalootni itti aanu seenaa kana akka irraa hubatuuf qorannoon irratti adeemsifameera.

Dabalataanis walaloo sirbaa kana keessatti ergaan darban hagam dhugummaan isaanii hawaasa keessatti mul’achaa jiraafi gama kam kamiin ibsa kan jedhu xiinxaluun qaaccieffameera.

Kallattii kanaan ga'een walaloo sirboota kanneenii ergaa isaan dabarsaa jiran qorannoon kun irratti geggeeffameera.

1.3. Gaaffilee Qorannichaa

Qorannoon tokko kan geggeeffamu gaaffiin akka deebii argatuuf barbaadamu yoo jiraateedha. Haaluma kanaan qorannoon kun gaaffilee bu'uuraa armaan gadii deebisuu nidanda'a jedhamee yaadama. Isaanis:

- Qabiyyeewwan walaloo sirboota hammayyaa bara 2019 G.C keessatti bahan kanneen filataman qabiyyeewwan akkamii qabu?
- Walaloo sirboota hammayyaa bara 2019 G.C keessa bahan keessaa kanneen filataman ergaan gama siyaasaan qaban maali?
- Walaloo sirboota hammayyaa bara 2019 G.C keessa bahan keessaa kanneen filataman ergaan gama hawaasummaan qaban maal ?
- Walaloo sirboota hammayyaa bara 2019 G.C keessa bahan keessaa kanneen filataman ergaan gama dinagdeen qaban maal?

1.4. Kaayyoo Qorannichaa

Kaayyoowwan qorannoo kanaa gooroofi gooreetti qoodamu.

1.4.1. Kaayyoo gooroo

Kaayyoo gooroon qorannoo kanaa ergaa walaloo sirboota bara 2019 G.C keessatti bahan keessaa kanneen filataman xiinxaluudha.

1.4.2. Kaayyoowwan Gooree

Kaayyoon gooreen qorannoon kun hojjechuuf deemu

- ❖ Ergaa walaloo sirboota hammayyaa bara 2019 G.C keessatti bahan keessaa kanneen filataman qabiyyee isaani addaan baasuu;
- ❖ Ergaa walaloo sirboota hammayyaa kan bara 2019 G.C keessatti bahan keessaa kanneen filataman gama siyaasaan qaban ibsuu;

- ❖ Ergaawwan walaloo sirboota hammayyaa kan bara 2019 G.C keessa bahan keessaa kanneen filataman gama hawaasummaan qaban ibsuu;
- ❖ Ergaawwan walaloo sirboota hammayyaa kan bara 2019 G.C keessa bahan keessaa kanneen filataman gama dinagdeen qaban ibsuu.

1.5. Barbaachiisummaa Qorannichaa

Qorannoon hojjetamu tokko qaamolee dhimmi sun ilaallatuuf rakkoo jiru furuuf shoora olaanaa qaba. Yaada kana ilaalchisuun Creswell (2012, f.4) akka ibsetti, qorannoon beekumsa jiru irratti beekumsa haaraa dabaluudhaan rakkoo addaan baasuun furmaata barbaaduuf kan oolu akka ta'e ibsee jira. Kanumarraa ka'uun Oromoon qabiyyeewwan sirboota garaa garaatti gargaaramee durii kaasee ilaalchasaa ittiin ibsachaa ture. Ammas ittiin ibsachaa jira. Kana jechuun gama dinagdee, siyaasaa, duudhaa, safuufi hawaasummaan mul'atan mara walaloo sirboota hammaayyaatiin ibsachuu danda'a. Kanaafuu, dhaloonni ammaa walaloo sirboota hammayyaa bara 2019 G.C keessatti bahan keessaa kanneen filataman kanaan siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee xiyyeeffannoo kennuun akka hubataniif qorannoo mata duree kana irratti geggeessuun barbaachisaa ta'ee mul'atee jira. Walumaagalatti, barbaachisummaan qorannoo kanaa qabxiilee armaan gaditti tarreeffaman kunniin ta'uu danda'u.

Hojjichi namoota qorannoo kana fakkaatu gara fuulduraatti hojjetaniif akka ka'umsaatti tajaajiluu danda'a. Walaloon sirba hammayyaa kunneen qabiyyee isaan gama hawaasummaa, dinagdeefi siyaasaan qabatee sirbamu danda'aa? kan jedhu xiinxaluuf karaa agarsiisuu, Itti fayyadamni aangoo siyaasaa yeroo sirboota kanneen keessa jiran maal fakkaataafi walaloo sirboota kana keessatti akkamiin akka ibsame addeessuufi Uummatni Oromoo dhiibbaa fi cunqursaa gama siyaasaan irra ture sirbatti gargaaramuun akkamitti diddaa isaa agarsiisaa ture? Akkamitti agarsiisaa jira? kan jedhu dhalootni boodaa akka irraa waa hubatuufi.

1.6. Daangaa Qorannichaa

Walaloo sirboota Oromoo kanneen qabiyyee adda addaa qabatanii sirbaman keessumaa kan bara 2019 G.C keessatti bahan hunda si'a tokkotti xiinxaluun waan hin danda'amneef, qorataan daangaa yeroo kennamee keessatti xumuree bu'aa isaa dhiyeessuuf daangaa qorannichaa murteessuun barbaachisaa ta'ee argameera. Waan kana ta'eef, qorannoon kunis walaloo sirboota

albeema baallii kanneen Galaanaa Gaaromsaan sirbaman: *Kormatu Korma, Baallii, Kuush, Dammaroobileekoo, Urgaayi, Eela Laphee, Hamattuu, Namummaa*, kanneen albeema baallii ala ta'an ammoo kan Jaafar Yusuuf, *Masaraa Mootummaa*, kan Falmataa Kabbadaa, *Kaasi Kaasi Qumaarakee*, kan Dassaaleny Beekamaa *Faannoo*, kan Soninaaf Adam *Dhiisi Lakki*, kan Hawwii H. Qannoo *Simbirroo Yaa Marii Shaashaafi* kan Andu'aalem Gosaa *Michuu Dhugaa jedhan* kan bara 2019 G.C keessa bahan keessaa kan filatamaniidha. Walaloon sirboota armaan olitti tarreeffaman lakkoofsaan kudha-afur. Kunneen bara 2011 A.L.I hanga walakkeesa bara 2012tti kan bahaniidha. Kanaafuu qorannoon kun walaloo sirboota olitti tarreeffaman irratti daanga'ee qorannoon kun adeemsifameera.

1.7. Qindaa'ina Qorannichaa

Qabiyyeen qorannoo kanaa boqonnaalee shaniin qindaa'e. Isaanis, boqonnaan tokkoffaan: seenduubee qorannichaa, ka'umsa qorannichaa, gaaffilee qorannichaa, kaayyoowwan gooroofi gooree qorannichaa, barbaachisummaa qorannichaa, daangaa qorannichaa, qindaa'ina qorannichaafi hanqina qorannichaa ofkeessatti qabata. Boqonnaan lammaffaan: ogbarruu, gosoota ogbarruu, walaloo, gosoota walaloo, yaadrimee walaloo sirbaa, gosoota sirbaa, fayyadama afaanii walaloo sirbaa keessatti, fayyadama jechootaa kanneen jedhan of keessatti hammata. Boqonnaan sadaffaan, mala qorannoo yoo ta'u, kunis, saxaxa qorannichaa, madda odeeffannoo, irraawwatama, mala iddatteessuu, meeshaalee funaansa ragaalee, adeemsa funaansa odeeffannoo fi qaaccessa ragaa qaba. Boqonnaan araffaan ammoo, ragaa dhiheessuufi qaaccessuudha. Kana jalatti ammoo: ergaa isaan gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeetiin qaban ibsuun qaaceffamanii dhiyaataniiru. Kunneenis, ragaa walaloo sirbicha keessaa funaanamaniifi ergaa maalii akka dabarsan adda baasuun qaaceffamaniiru. Boqonnaa dhumarratti argamu boqonnaa shanaffaa yoo ta'u, kunis cuunfaa, argannoofi yaboo ofkeessatti kan qabatu yammuu ta'u, qorataan kanneen tarreeffaman kanneen duraa duubaan qaacessee dhiyeessee jira.

1.8. Hanqina Qorannoo

Qorannoo kana yeroon gaggeessuu; hanqinaaleen namudatan muraasni jiru. Inni duraa rakkoo funaansa ragaati. Lammaffaan rakkoo sakatatta'a madda wabiitifi haalli yeroo qorataan keessa jiru mijataa ta'uu dhabuudha. Qorannoon kun kan gaggeeffame walaloo sirboota bara 2019 G.C

keessatti bahan irratti xiyyeeffatanii weellistoota (artistoota) Oromoo beekamootiin bahan waan ta'eef, hanqina yeroo fi bal'ina qabiyyee irraa kan ka'ee hunda isaanii xiinxaluun hin danda'amu. Walaloon sirboota kunneen barreeffaman waan hin jirreef, waraabbii sirbaa sagaleedhaan jiru dhaggeeffatanii gara barreeffamatti jijjiiruun hojii ulfataa ture. Kanaafuu, waraabbii walaloo sirboota kanaa irra deddeebiin dhaggeeffachuun qabiyyeefi ergaa ijoo (major themes), isaan gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeen irratti xiyyeeffatatan addaan baasuu kan ulfaatu fi ergaan walaloo sirboota kunniin keessaa hafuu danda'a. Kana malees, Xiinxala qabiyyee ergaa walaloo sirboota irratti xiyyeeffatanii qorannoon walaloo sirboota Oromoo irratti gaggeeffaman baay'inaan dhibuu isaanii irraa kan ka'e madda wabii argachuun hanqina ta'uu isaatti.

BOQONNAA LAMA : SAKATTA’A BARRUU WALFAKKII

Boqonnaa kana jalatti: ogbarruu, walaloo, gosoota walaloo, walaloo liirikii, yaad-rimee sirbaa, gosoota sirbaa, fayyadama afaanii sirba keessatti, fayyadama jechootaa sirba keessatti, sakatta’a qorannoowwan aantee ta’an duraa duuba isaanii eeganii ibsamani jiru.

2.1. Ogbarruu

Ogbarruun ogumaafi dandeettii dhalli namaa ittiin aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jireenyasaa, akkasumas dhageettii keessoosaa; gaddaafi gammachuu qabu ittiin ibsatuudha. Ogbarruun kalaqa sammuu ilma namaati. Meyer(2005) ogbarruu yammuu ibsu, “Putting the notion of literature in a single term is not appropriate, because literature does not lend itself to a single tidy definition since its evolution over the centuries has been as complex, heavy and natural as life itself.”

Yaadni armaan oliis kan ibsu ogbarruu hiika qeenxeedhaan kan ibsamuu hin dandeenyee yammuu ta’u, hawaasaa wajjin kan tureefi akkuma dhala namaa jaarraa heedduu kan jiraate waan ta’eef, hawasaatti kan adda ba’ee hin ibsamne ta’uusaa ibsa. Kunis, ogbarruun waa’ee dhimma dhala namaa irratti akka xiyyeeffatu ibsa. Madda ogbarruus ta’e itti fayyadama isaa keessatti qooda kan fudhatu hawaasa jechuudha.

Ogbarruun ogummaa ilma namaa ta’ee, waa’ee muuxannoo fi mudannoo dhala namaa qindeessee, kan namootaaf deebisee dhiyeessudha jechuu dandeenya. Ogbarruun hojii kalaqaa ta’ee, fedhii, gammachuu, hawwiifi kkf. miidhagsee hojii ilma namaa walitti qindeessee kan mul’isu waan ta’eef. Kun ammoo aadaa, seenaa, duudhaa, siyaas-diinagdee, hawaasummaa, amantaa, falaasamaa akkasumas haala jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ittiin calaqqisiifamudha. Kunis, bifa miidhaginaafi ofitti nama harkisuu danda’uun jechootaan faayamee barreeffamaan yookaan afaaniin kan dhiyaatudha. Wanti barreeffame hundis ogbarruudha jechuu hin dandeenyu. Haata’umalee, ogbaruun barreeffamaa qofaan hin daanga’u. Keessumaa ogbarruun Afrikaa bu’uurri isaa ogafaan waanta’eefi. Ogbarruun afoolaas of jalatti hammata.

Yeroo tokko tokko afoolli fi og-barruun bakka itti wal kiphan qabu. Bakki kunis kan afaaniin darbu yoo barraa'ee, kan barraa'e deebi'ee afaaniin dhihaatedha. Yaada kana Finnegan (1978, f. 58) yammuu ibsu, "Literature also includes the oral traditions, legends, myths and saga from classical times right through to the folktales' of non-literate societies. Literature further includes our own living tradition of children's games, songs and stories" jechuudhaan yaada duratti ka'e jabeessuun ibsa. Haaluma kanaan Finnegan (1978, f.18), maalummaa ogbarruu yoo ibsiti, "Literature is a creative work of art which expresses the truth of experience in terms of beauty to be comprehended and it is the means of communicating ideas of intellectual and social significance." jechuun ibsiti. Yaada kanarraa kan hubatamu ogbarruun hojii kalaqaa ta'ee, muuxannoo dhala namaa kan calaqqisiisu, kan ibsuufi karaa beekumsi hawaasaa ittiin ba'ee mul'atu isa olaanaa akka ta'e ibsamee jira

Walumaagalatti, ogbarruun haala addaatiin afaaniin yookaan barreeffamaan kan raawwatu waa'ee namootaa namootaaf namootaan kan dhi'eessu agarsiistuu muuxannoo fi mudannoo hawaasaa akkasumas, jiruuf jireenya hawaasaa haala addunyaa kana keessatti mul'achuu danda'uun jechoota humna qabanitti gargaaramee waa'ee hawaasaa miidhagsee kan dhiyeessu hojii kalaqaati jechuun danda'ama.

2.2. Walaloo

Maalummaa walaloo ilaalchisuun Gioiafi Kennedy (1995, f.579) jechuun hiika. "Poetry is a rhythmical composition of words expressing an attitude, designed to surprise and delight, and to arouse an emotional response," yaadni armaan olii kunis walaloon jechootni filatamoon walitti qindaa'uudhaan ilaalacha, jajuu ykn gammachuu, jibba fi karaa miira ofii ittiin ibsataniidha jechuun kan ibsuudha. Walaloon akaakuu ogbarruu keessaa umurii dheeraa kan qabuudha. Umurii dheeraa qabaachuun isaa ammoo hiika adda addaa akka qabaatu isa taasiseera. Kunis akkuma ilaalchifi xiyyeeffannoon waloo jijjiiramaa deemu akkasumas, hiikni walaloo akka jijjiiramu isa taasiseera. Walaloon sanyii ogbarruu dur jiru ta'ee kan dhalli namaa hawwii, fedhii, gadda, gammachuu, haala jiruuf jireenyaa akkasumas muuxannoo isaa karaa geerarsaan, weedduun, sirbaafi kkf ittiin dabarsaa tureefi jiruudha. Osoo dhalli namaa barreeffamaan yaadasaa dabarfachuu hin jalqabin dura walaloon tureera. Yeroo kana afaaniin daddarbaa kan tureedha.

Swardhani W.-(2014) hiika walaloo qorattoota walaloo adda addaa wabeeffachuun yammuu ibsu, “The kind of thing poets write (Robert Frost), walaloon wanta waloon barreesseedha jedha. Kana jechuun waloon miira keessa isaatti dhagaa’ame tokko jechoota miirasaa ibsuu danda’anitti gargaaramuun karaa ittiin ibsuu dnada’u jechuudha, “The spontaneous overflow of powerful feelings” (William Wordsworth), yaadni olii kun ammoo waan battalatti humnaa olitti nutti dhaga’ame yookaan mudannoo keessa keenya jiru tokko karaa ittiin ibsinuudha jedha. Kunis, miira keessa keenyaa ittiin ibsachuuf kan gargaaru jechuudha. Kunis, kan ibsu walaloon waan garmalee miira keenyatti dhaga’amu, kan nu quuqu tokko karaa ittiin ofirraa cabsinu jechuu dandeenya. Wanti garmalee nu gaddisiisu, nu aarsu, nu gammachiisu, kan nu boochisu ykn jechoota muraasaan miira dhageettii keessoo keenyaa karaa ittiin baasanii agarsiisan jechuunis ilaalcha ofii fi haala keessa jiran jechoota humna qabanitti gargaaramuun ibsuu jechuudha. Walaloon karaa ittiin dhageettii miira keenyaa ofkeessaa baasnee mul’isnuudhajechuun ni danda’ama.

“Poetry is simply the most beautiful, impressive, and widely effective mode of saying things” Swardhini (2014): walaloon baay’ee miidhagaa, kan nama hawwatu ykn dinqisiisufi baay’ee bu’aqabeessa ittiin waa ibsinuudha jechuun ibsu. Kana jechuun walaloon miira yookaan dhageettii fi ilaalcha ofii jechootatti fayyadamuun ibsuuf daandii baay’ee gaarii fi bu’a qabeessa yammuu ta’u, fedhii keessa keenya jirus ibsuuf bay’ee bu’a qabeessa kan ta’e filatamaadha. “Poetry teaches the enormous forces of a few words” Swardhini (2014) walaloon jechoota muraasaan dandeettii waan bal’aa (ergaa bal’aa) dabarsuu danda’uudha jedha. Kun ammoo walaloon humna guddaa kan ofkeessaa qabuufi jecha muraasaan ergaa bal’aafi guddaa dabarsuun akka danda’amu ibsa. Walaloon jechoota filatamootti fayyadama. Ergaa dabarsuu barbaade sana humnaan sammuu namaa keessa kaa’u kan ofkeessaa qabutti fayyadama. Walaloon amala bay’ee qusatamaafi hudumamaa ta’e kan qabu, jechoota muraasaan ergaa baay’ee dabarsuu kan danda’u damee ogbarruuti. Walaloon humna ofitti nama harkisu qabaachuu, hojii kalaqaa ta’uufi jechoota filatamoo ta’aanitti gargaaramuudhaan wanta dhugaa jiru miidhagsee akkasumas, tartiibessee ibsuu danda’uu isaafi kkf akka ta’e ibsa. Walumaagalatti, yaadotni armaan olii kun kan ibsu walaloon waan keessoo namaa jiru faayomsuun karaa ittiin nama biraaf dabarsinu ta’uu isaa nutti mul’isa.

Akkasumas, walaloon jechoota filatamoofi miidhagoo ta'an irraa sagaleen isaaniis ofeeggannoodhaan kan qindaa'e, sararoota gaggababaafi yeedaloo kan qaban ta'uu isaanii Collins (2001), "a poem is a piece of writing in which the words are chosen for the beauty and sound and are carefully arranged, often in short lines which rhyme" jechuudhaan ibsee jira. Maalummaa walaloo namni kun yammuu ibsu akkuma mukti dura guddatee ija yoo godhatu yookaan abaaboon yoo daraare urgaa'u akkasumas walaloon urgaa ababoo sanaafi ija isaa isa haaraa sanaadha. Wilfredi kaan (2005, f. 98) jechuun yaada kana ibsa, Yaada armaan olii kanarraa akkuma arginu walaloon humna cimaa akka ofkeessa qabu, humni kunis kan baay'ee cimaafi guddaa ta'eefi akka ija mukaa kan baay'atu dha. Kunis humna ofitti nama harkisuufi humna fedhii namaa ofitti harkisuu cimaa ta'een walaloon akka ijaaramuu danda'u nu hubachiisa jechuudha.

Walumaagalatti, walaloon damee ogbarruu hojii kalaqaan dhiyaatu yammuu ta'u, dhageettii keessa ofii kamiin iyyuu jechoota filatamoofi muraasaan karaa ittiin nama biraaf dabarsaniifi miira nama gammachiisus haata'u kan nama gaddisuusu tokko ittiin ofirraa lafa ka'an jechuu dandeenya.

2.3. Gosoota walaloo

Walaloon akkataafi haala garagaaratiin qoodamuu danda'a. Fakkeenyaaf, kan Afaan Oromootti fiidnee yoo ilaalle walaloon afaanii (oral)fi barreeffamaan (written) kan daddarbu ta'uu danada'a. Qorannoo kana keessatti gooroon fudhatamu garuu kan hayyootaan mirkaana'e kan akka walii galaatti jiruudha. Kunis walaloo sirbaa bara 2019 G.C keessa bahan irratti xiyyeeffatee waan geggeeffamuuf gama walaloo isa barreeffamaan daddarbanitti kan moogu ta'a. Gosoota walaloo ilaalchisee yeroo baay'ee qooddii kan warra Giriikotaa irraa kan fudhatameedha. Isaanis gooroowwan walaloo bakka sadii gurguddaatti qoodu. Culler (1997, f.72) akka ibsutti,

Historically, many theorists of genre have followed the Greeks, who divided works among three broad classes according to who speaks: poetic or lyric, where the narrator speaks in the first person, epic or narrative, where the narrator speaks in his own voice but allows characters to speak in theirs, and drama, where the characters do all the talking.

Yaada armaan olii irraa akkuma hubannu hayyootni walaloo qooddii warra Giriikotaa kan hordofan yammuu ta'u, walaloo qooddii isa bal'aadhaan bakka saditti qoodu. Isaanis, liirikii kan

walaloon qooddataa ofiisaa godhee dhiyeessu, seenessa kan qooddataan waa'ee nama biraa ofiisaa dhiyeessufi walaloo diraamaa kan qooddataan ofumasaa dubbatee dhiyeessu jechuun qoodu. Karaa biraatiin kanaan kan walfakkaatu Swardhani (2014) ammoo walaloo yammuu qoodu liirikii (lyric), seenessaa (narrative poetry)fi walaloo do'ii (dramatic poetry) jechuudhaan qoodeera. Haaluma kanaan qorannoon kuns qooddii kana giddu galeeffachuun, walaloon sirbaa qorannoon kun irratti geggeeffamuuf jedhus gosoota walaloo barreeffamaa jalaa walaloo liirikii (lyric) jalatti kan ramadamu yammuu ta'u, qorannoo kana keessattis maalummaafi akkamitti kana jalatti akka ramadame ni ibsama.

2.3.1. Walaloo Liiriki (Lyric Poetry)

Jechi liirikii jedhu jecha warra Giriik yammuu ta'u, hiikni isaa wiixineessuu yookaan karoonsuu yaada jedhu ofkeessaa qaba. Liirikiin walaloo sirbaa ykn kan sirba ofkeessaa qabu jechuudha jedha. Hiikni kunis kan durii haata'u malee hanga har'aattis kan tajaajilaa jiruudha. Yaada olii kana Kenedyfi Gioina (1995, f.588) yammuu ibsu, "Originally, as its Greek name suggests, a lyric was a poem sung to the music of a lyre. This earlier meaning—a poem made for singing—is still current today, when we use lyrics to mean the words of a popular song" jechuudhaan yaada duratti dhiyaate addeessa. Walaloon liirikii namni Swardhani (2014) yammuu ibsu, "The most popular form of poetry today characterized by the expression of the speakers innermost feelings, thoughts, and imagination" jedha. Yaadni armaan olii kun walaloon liiriki yeroo ammaa kana iddoo hundatti fudhatama kan qabu fedhii keessoo yookaan dhageettii miiraa keessaa kan ittiin baasanii ibsan, dubbataniifi fuuldurattis fuulchan akka ta'e ibsa.

Walaloon liirikii meeshaa sirbaafi walaloo sirbaa sana walqabsiisuudha. "Lyric a stringed musical instrument, lyre was used in classical and medieval times to accompany a singer" Akaakuun walaloo kanaas bara duriitii hanga bara giddugaleessaatti tajaajilaa ture. Gosti walaloo kana walaloo humna cimaa qabaniin kan qindaa'u ta'ee kunis, humna inni jechoota walaloo sirbaa sana keessatti qabuudha. Kun ammoo liirikiidha Swardhini (2014) nama Pickenin Hoepfer (1980) jedhamu wabeeffachuun ibsa.. Walaloo liirikii sarara gaggabaan kan barreeffamu ta'ee ergaa cimaa akka dabarsu Wilfred L.f. kaan (2005, f. 99) irratti yammuu ibsu, "The excellence of short lyric poems and short tales because they can maintain and transmit a single, unitary effect more successfully than can long works like paradise lost". Walaloon liirikii bifa gaggabaabaa ta'een kan barreeffamu yammuu ta'u hojii ogbarruu kaan caalaa daddarbiinsaafi ergaa cimaa

dabarsuu irratti humna cimaa akka qabu ibsa. Misgaanuun (2012) nama Untermeyer (1938) wabeeffachuun walaloo liirikii yammuu ibsu, “Ogwalaloon liirikii walaloo sirbaaf oolu ta’ee baay’ee keessa qabeessa (condensed), ... the most concentrated form of poetry is the lyric” jechuun ibsa. Walumaagalatti walaloon liirikii kun walaloo sirbaaf barreeffamu yammuu ta’u, unka gaggabaabaa ta’een waloon miira isatti dhaga’ame tokko karaa ittiin baasee mul’isuufi miira hawaasa keessa jirus ta’e, kallattii hawaasummaa fi dinagdeetiin waa’ee hawaasaa kan ibsuu danda’uudha jechuu dandeenya.

2.3.2. Walaloo seenessaa (Narrative poetry)

Walaloon seeneessaa gosoota walaloo keessaa tokko ta’ee, walaloo bifa seenessaatiin dhiyaatu jechuudha. Gosti walaloo kanaa waloon tokko seenaa ta’e tokko akka asoosamaatti seenessuu akka ta’e Swardhani(2014) yammuu ibsu walaloon seenessaa akkuma walaloo kaanii dhahata (rhythm) kan qabu bifa sirbaatiin kan dhiyaatuudha jedha. Misgaanuun nama Krag (1930) wabeeffachuun yammuu ibsu, “a ballad (narrative poetry) is a song that tells a story; or to put it the other way around, a story told in a song” jechuun ibseera. Yaadni kunis akakuun walaloo kanaa walaloo sirbaa bifa seenessaatiin dhiyaatu kan jedhuudha. Walaloo seenessaa Biriitish durii keessatti unka gaggababaa kan qabu sarara afur afuriin kan barreeffamuudha. Sararri (bo’oon) jalqabaa fi inni sadaffaan sagaleefi birsaga walfakkaatuun wal yoo unatan, bo’oon lammaffaafi afuraffaan ammo kan walunataniidha. Walaloo seenessaa ammayyaa (Modern ballads) keessatti ammo, unkaan kan durii wajjiin tokko yammuu ta’u, seenaa dheeraa ta’ee fi cimaa ta’e tokko kan seenessuudha. Akkasumas galmee seenaa jireenyaa namaa kan ittiin galmeessaniidha jedha.

Yaada kanas Swardhani(2014) yammuu ibsu, “ the structure is generally the same, the longest narrative – it does not simply tell a single action but record a way of life” jechuudhaan ibsa duratti dhiyaate kan cimsuudha.

2.3.3. Walaloo bifa diraamaan dhiyaatu (Dramatic poetry)

Akaakuun walaloo kanaa waloon bifa gaggababaa ta’een barreeffamee kan dhiyaatu ta’ee, bifa diraamaatiin osoon ijaan hin mul’atin akkumatti (imaginery) kan dhiyeeffamuudha. Kennedy fi Gioina (1995) yammuu ibsu, “dramatic poetry that presents the voice of an imaginary character (or characters) speaking directly, without any additional narration by the author.” Yaada armaan

olii irraa akkuma arginu gosti walaloo kanaa sagaleedhaan taatoo yaadaatti gargaaramee kallattiidhaan taatota biroo osoo hin dabalatin waloodhumaan kan dhiyaatuudha jedha. Walaloon bifa diraamaan dhiyaatu kun taatotatti kan fayyadamu osoo hin taanee barreessaadhaan akka waan taatoo qabuutti erga qindeeffamee booda waltajjii irratti waloodhumaan kan dhiyaatuudha. Taatoon walaloo kanaa sammuu waloo fi dhaggeffattootaa keessatti bifa yaadaatiin argamu jechuudha. Swardhani(2014) nama (Bergman and Epstein, 1987, ff.477-478) wabeeffachuun yammuu ibsu, gosti walaloon kun walaloo diraamaa namtokkee (dramatic monologue) jedhamees ni waamama jechuudhaan ibsa.

2.4. Yaadrimee Walaloo Sirba

Sirbi gooroowwan ogbarruu keessaa tokko. Maalummaa sirbaa ilaalchisuun Vikas shah(2017, f.1) “Whenever humans come together for any reason, music is there” jechuudhaan ibsa. Yaadni kunis haala ta’een bakka hawaasni jiru kamiyyuu sirbi akka jiru ibsa. Akkasumas, “Music is and was [always] part of the fabric of every day life” Kunis, hawaasni kamiyyuu sirba waliin hariiroo cimaa akka qabuufi muuziqaan ykn sirbis jireenya hawaasaa keessatti ga’ee guddaa akka qabu agarsiisa. Jecha sirba jedhu Finnegan yammuu ibsiti takka walaloo yeroo kaan ammoo sirba jechuun fayyadamti. Yaada kana Finnegan (1970, f. 206),

There is a poetry associated with secret societies, various types of associations, initiation, begging masquerades and there are also the very common songs to do with cattle and cattle holding. But war and hunting are topics of particular interest for many African societies, and have frequently given rise to specialized poetry jechuun ibsiteetti.

Yaada kanarraa wanti hubannu gooroowwan ogbarruu keessaa sirbi bifa walaloon akka qindaa’uufi dhiyaatuudha. Kanaaf, maqaa sirboota kanaa ‘walaloo addaa’ osoo jennee gaarii akka ta’e ibsiti.

Sirbi tooftaa ittiin waan tokko walitti qabsiisan ta’ee karaa barreeffamaatiin(written) yookaan afaaniin(oral) kan darbuudha. Maxxansaaleen (hojiiilee aartii), barreeffamoota sirbaa yookaan kanneen bifa suuraatiin argamuudha. Sirbi akka qilleensaa kan nama qabbaneessu karaa gurra qaama keenya kan seenu hoo’istuudha. Yaada kanas Vikas shah (2017) yammuu ibsu,. “Music is that technically- in a very literal way- it doesn’t exist. A painting, a sculpture or a photograph

can physically exist, while music is just air hitting the eardrum in a slightly different way than it would randomly.” Jechuun yaada duratti dhiyaate cimisa. Akkasumas, fakkiileefi maxxansaaleen kan ijaan argaman yammuu ta’u muuziqaan garuu akkuma yaa’insi qilleensaa hin mul’anne akkasuma osoo hin beekin gara qaamaa kan seenuudha. Sirbi wal unachiistuu afaaniiti. “music is an autonomous language” jechuudhaan sirba ibsa. “Music lets you rediscover your humanity, and your connection to humanity. When you listen to Mozart with other people, you feel that somehow- we’re all in this together. This is, I suppose, what great poetry strives for.” sirbi argannoo namaafi walqabsiistuu namummaati. Yammuu namoota waliin taanee muuziqaa moozartiin dhaggeeffannu wantoota hedduutu gara miira sammuu keenyaa dhufa; kunis, humna walaloo sirbaa sanaa irraa ka’eeti jechuun maalummaa walaloo sirbaa ibsa.

Walumaagalatti, yaadotni armaan olii kan ibsu, sirbi hawaasa keessatti kan argamuufi hawaasni sirbaan fedhii keessoo isaa ittiin kan ibsatu akka ta’e, walaloon sirbaas itti yaadamee jechoota humna qabaniin kan qophaa’u humna keessoo namaa dammaqsu kan qabu ta’usaa nutti agarsiisa.

Akkasumas maluumma sirbaa Finnegan (2012, f.236) nama Osadebay (1949) jedhamu wabeeffachuun yammuu ibsiti “We sing when we fight, we sing when we work, we sing when we love, we sing when we hate, we sing when a child is born, we sing when death takes a toll.” Akkuma yaadni armaan olii kun ibsu namni yeroo lolaatti, hojiitti, yeroo jaal’atutti, yeroo jibbutti akkasumas yeroo bo’ichaatti illee akka sirbatti dhimma ba’u ibsiti. Kanarraa kan hubatamu hawaasni waan isa mudatu hunda sirbaan akka ibsatu kan agarsiisu akka ta’e yaada kanarraa hubachuunis ni danda’ama.

Sirbi addunyaa dhugaa bu’uura godhachuun ilaalcha weellisaatiin haata’u jedhamee barruu yookaan afaaniin bifa miirawaatiin dabalamee yeedaleeffamuun kan dhihaatuufi tooftaa yeedaleessuu namoonni dhugaa irratti hundaa’uun kalaqa sammuu isaanii baasanii ittiin mul’isaniidha. Kalaqni yeedaleeffamu sunis dhugaa addunyaa kanaa hordofee kan adeemuudha. Sirbi hojii kalaqaa haata’uyyuu malee, dhugaa jiruufi jireenya hawaasa tokkoo kan ibsuudha. Maalummaa sirbaa ilaalchisuun yeroo adda addaatti sirbaaf namootni garaagaraa hiika ni kennu. Kanneen keessaa Bauman (1992, f. 73) maalummaa sirbaa akka armaan gadiitti ibsa. “Song is a short poem or other set of word or set to music or meant to be sung and a brief composition written or adapted for singing” jechuun kaa’a. Yaadni kunis, sirbi walaloo gabaabduu bifa muuziqaan dhiyaatu kan barreeffamaan yookaan irra deddeebi’amee jedhamuudhaan

madakfamee dhiyaatu ta'uu ibsa. Gemechu, (2003, f.6) akka addeessutti, "Song is a short metrical composition intended for singing alyric and balled" jedha. Yaadni kunis, sirbi kan safara gabaabaa ofkeessaa qabuufi kan sirba garaagaraa sirbuuf fayyaduudha. Itti dabaluuudhaan Gemechu (2003, f.89) maalummaa sirbaa yoo ibsu,

Songs are one of the most way in which the Oromo express their traditions, customs, beliefs, rituals, sorrow, joys and songs are the means by which the society expresses its feelings and emotions, understanding about the past, react to the present situations, teaches the new generation and forwards to the coming generation.

Akka yaada kanaatti ammoo sirbi karaa uummatni Oromoo barsiifata, duudhaa, amantaa, mallattoo, gaddaafi gammachuu isaa ittiin ibsatuudha. Akkasumas, sirbi kan hawaasni fedhiifi kaka'umsa isaa, haala darbe, haala ammaafi haala yeroo dhufuu walitti fidee kan hubachiisu, dhaloota haaraa kan barsiisuufi dhaloota dhufutti dabarsuun kan mul'isuudha. Gama biraan Fakede(1991, f.20) akka ibsetti, "sirboonni, geerarsi, mammaaksi, durduriwwan, haalli jireenya hawaasaa, naamusa gaarii, jechamoota, haala itti dhugan, nyaatan, uffatan, itti taa'an, dubbataniifi kkf keessatti adeemsa barsiisa"jedha. Yaada kanarraas wanti hubatamu sirbi adeemsa jiruuf jireenya hawaasa sirbi sun irratti xiyyeeffatu irratti agarsiistuu daandiifi kan barsiisu ta'uu isaa nuuf ibsa. "Music is the language, which allows us to express emotion. We each have emotion inside of us that we need to get out, and ones we need to experience; and often words are not enough. Music is that vehicle to express emotion, when words don't suffice." jechuun ibsa. Sirboota wantoota garaagaraa; kanneen lolaaf gaddaaf, gammachuuf, hawaasummaaf siyaasaaf, argachuufi dhabuu ittiin ibsachuuf kan itti gargaaramaniidha. Yaada kana Finnegan (1970,f.270) akkasitti ibsiti, "Song can be used to report and comment on current affairs, for political pressure for propaganda and to reflect and mould public opinion"jetti. Kana jechuunis, sirbi dhimmoota yeroo irratti qeeqa kennuu, dhibbaa siyaasaaf kakaasuu, yaada ofii calaqqisiisuufi yaada uummataa ibsuufi qabiyyeewwan garaagaraa ittiin ibsuuf kan gargaaruudha.

Walumaagalatti, maalummaa sirbaa ilaalchisuun wantoota armaan olii irraa kan hubannu sirbi bifa barreeffamaatiinis haata'u afaaniin yeedaloodhaan miidhagee maalummaa hawaasaa tokkoo, gaddasaa, duudhasaaa, aadaa saba tokkoo akkasumas asdhuftee hawaasaa eessarraa ka'ee eessa akka jiru amma immoo gara kamitti akka deemu kan agarsiisu koompaasii saba tokkooti jechuu dandeenya.

2.5. Gosoota walaloo Sirbaa

Sirbi dhimma sirbamuuf irratti hundaa’uun gosoota adda addaatti qoodama. Gosoonni kanneenis, sirba aadaafi sirba ammayyaa jedhamu. Yaada kana Netti (1541-47) yammuu ibsu, “Music (and art generally) of the pre-modern world can be broadly divided into two kinds. Folk music emerged naturally among cultures throughout the world, while art music was deliberately cultivated by small numbers of professional composers.” jechuudhaan gosoota sirbaa ibsa.

Yaada armaan olii kana irraa akkuma arginu sirbi aadaa sirba ammayyaa dura kan ture, aadaa hawaasichaa keessa kan jiru yammuu ta’u, kan ammayyaa ammoo namoota murtaa’oodhaan idileeffamuun kan kalaqamu (hojjetamuudha) jedha. Sirbi ammayyaa abbeentaa nama tokkoon walaloon sirba tokkoo erga barreeffamee yeedaloon itti baafamee booda, aartiidhaan dabaalamee yeedaloodhaan waan hawaasa sana keessa jiru sirba sanaan agarsiisuudha. Walaloon sirbaa bifuma walfakkatuun ogbarruu jalatti kan argamu yammuu ta’u, kunis goorowwan xixiqqoo kan ofjalaa qaban yoo ta’u, walaloon sirboota qorannoon kun irratti geggeeffamaa jiru keessaa gosoota walaloo: Ogwalaloo seenessaa (narrative poetry), ogwalaloo liirikii (lyric poetry) fi ogwalaloo do’ii (dramatic poetry) jedhamuun jiran keessaa ogwalaloo liirikii jalatti kan ramadamu ta’a. Jechi liirik jedhu jecha Griikii yammuu ta’u, ‘lyrikos’ kan jedhu ta’ee hiikni isaa ‘songs’ yaada jedhu irraa madde. Gosti walaloo kanaa kan miiraan guutame yammuu ta’u, muuziqaa cimaa kan ofkeessaa qabuudha. Kanuma irraa ka’uun ergaan walaloo sirboota filatamanii gama hawaasummaa, dingdeetiin, siyaasaan, seenaadhaan maal fakkaata kan jedhu qaaccessufi.

2.6. Fayyadama Afaanii walaloo sirba Keessatti

Jiruufi jireenya dhala namaa keessatti fayyadamni afaanii barbaachisaadha. Dhalli namaa yaada wal jijjiiree kan walqunnamu afaanitti gargaarameeti. Afaan kun ammoo, haala dubbii fi barreeffamaan nugargaaruu danda’a. Yaaduma kana deeggaruun Clark (1996) akka jedhutti, Afaan kan qo’atamu haala caasaafi fayyadama isaatiini. Kana jechuun, caasaa afaanii yeroo jedhamu qaaccessa xinsagaa, xinjechaa, xinhimaa afaanichaati. Fayyadama afaanii qo’achuun xinqooqa qo’achuu waanta’eef, qo’annoon fayyadama afaaniifi caasaa afaanii tokko miti. Kanaafuu, qo’annoon fayyadama afaanii haala adda addaan hojiirra oolmaa afaanichaa kan

qoratuudha. Gama kaaniin, fayyadama afaanii jechuun tajaajila afaanni iddoo adda addaa keessatti qabuudha. Haala kana, Clark (1996) yoo ibsu, Fayyadamni afaanii hojii kamiyyuu keessatti barbaachisaafi murteessaadha jedha. Kanaafuu, hojiin fayyadama afaanii irratti hojjetamu, garaagarummaa haala xinqooqaafi hawaasummaa jiru adda baasuufi ibsu irratti xiyyeeffachuu qaba. Kunis, fayyadamni afaanii walqunnamtii inni hawaasaa wajjin qabu laayyoo miti. Kanas, fayyadamtoota dhuunfaatii kaasee hanga hawaasa bal'aatti jiru jechuun nidanda'ama. Haaluma kanaan, Isuma (1996) gama isaatiin, Fayyadamni afaanii walitti dhufeenya hawaasa waliin qaban kan agarsiisu jechuun ibsa. Fayyadamni afaanii adeemsa nama dhuunfaafi hawaasaa kan hammatuudha. Kunis, yaadimee fayyadama afaanii haala hawaasa kamiyyuu keessatti beekumsa gahaa afaanichaa qabaachuu giddu galeeffachuu qaba. Kanas, walqunnamtii hawaasichaa faana hariiroo qabaachuu isaati.

Fayyadama afaanii yoomessa murtaa'e tokkotti ragaa baay'ina namoota dubbataniifi afaanota naannoo sanatti dubbataman, haala akkamii keessatti akka dubbataman, ilaalchaafi amantii afaanicha irratti namni sun qabu kan hammatuudha. Walff (2000), Fayyadama afaanii sirriitti hubachuuf gaaffilee akka yoom, eessatti, maaliif, akkamitti, maaliin, eenyuuf gaaffilee xiinqooqa hawaasaan walqabatan kaasuun hubachuun ni danda'ama jedha. Kana jechuun, afaan hawaasni fayyadamu haalawwan akkamiifi yoomessa akkamii keessatti akka gargaaramuun danda'amu kan mul'isuudha.

Haaluma walfakkaatuun, Stockwell (2002), fayyadama afaanii yoo ibsu, Asxaa hawaasaa isa olaanaa akka ta'etti ibsa. Kana jechuun afaan eenyummaa hawaasa sanaa kan ibsuudha. Kan ittiin adda bahu afaan dubbatuuni. Namni tokko afaan akkaataa barbaadeen filachuun bakkee adda addaatti dhimma adda addaaf fayyadamuu nidanda'a. Haala yaaxxinni xinqooqa hawaasaa ibsuun fayyadama afaanii irratti haala qabatamaa lamatu jira. Isaanis: Fayyadamni afaanii haala hojiirra ooluun jijjiirama haammatamuufi hawaasni hunduu afaan akkuma dhimmichaatti garaagarummaan fayyadamuudha. Walaloo keessatti ammo itti fayyadamni afaanii iddoo guddaa qaba. Kana jechuun walaloon irraa gata dhageettii miira namatti ulfaate tokkoo waan ta'eef, yammuu miira namatti dhaga'ame kana ibsatan jechoota humna qabaniifi nama hawwatanitti dhimma ba'ama. Walaloos kan walaloo taasisu jechoota inni itti fayyadamu kanaadha. Keessumaa walaloon liirikii walaloo miira aarii ofkeessaa qabu waanta'eef, namni aare tokko aarii, fedhii,

gaddafi waan keessoo isaa aarse kana jechoota jajjabootti fayyadamee ibsata. Yaada kana ilaalchisuun Short (2013, ff.93-94) yammuu ibsu,

Poetry prototypically uses formal language. This is partly because it is expected to be serious, and so a fairly formal tenor is appropriate. But poetry (particularly short lyric poetry) is also characteristically a written form which does not attempt to evoke characters and this fact about medium also pushes poetry towards formality. This does not mean, of course, that all poems, or all parts of poems, will exhibit only writing characteristics. It is possible for poets to depart to some extent from the language of writing, and as a consequence to alter the tenor of their writing, in order to create particular strategic effects

Yaada armaan olii irraa akka hubannutti walaloon afaan beekamaatti kan fayyadamufi yaada walii gala jechoota muraasaan ta'uu qaba. Haata'u malee walaloon amala mataasaa kan qabuufi keessumaa walaloon liirikii ammo amalumasaan kaka'umsa nama keessatti kan uumuufi gara wanta beekamaaykn waan hawaasa keessa jiru tokko kan ibsuudha. Walumaagalatti, walaloon jechoota beekamotti (filatamootti) fayyadamuudhaan ergaa isaa dabarsa.

2.6.1. Fayyadama Jechootaa

Hojii qorannoo adeemsifamufi barruu barreessinu keessatti ga'een jechootaa iddoo guddaa qaba. Jechi itti fayyadamnee ergaa barbaanne sana dabarsuuf jennu sirritti waan barbaadame sana gutuu guutummaatti ibsuu ni danda'aa? Kan irratti xiyyeeffachuun jechoota filannee akka itti fayyadamnuuf karaa nu qajeelcha. Kennedyfi Goinia (1995, f.624) yammuu ibsu, "The word is exact and memorable. Any word can be the right word, however, if artfully chosen and placed." Yaadni armaan olii kunis, jechootni filatamoon aartiidhaan kan guutaman yeroo barbaachisutti kan itti fayyadamnu yoota'e, kan sammuu namaa keessaa hin banneefi hojii ogbarruu kan dhugoomsuudha jedha. Filee (2019, f.126) yammuu ibsu, "Hiikti jechootaa hojii qorannoo qofa keessatti osoo hin taanee hojii barruu kamuu keessatti hiika jechoota adda addaa haala (context) qabiyyeeffi ergaa barruu irratti hundaa'uudhaan bakka barbaachisaafi haala (mood) itti fayyadamuu hojii barruu tokkoof ga'ee olaanaa qaba" jedha. Akkuma waraabbii armaan olii kana irraa arginu hojii barruu keessatti ga'een jechaa iddoo guddaa akka qabu ibsa. Jeremy (1996, f.18) yammuu ibsu, "...the same collection of sounds and letters can have many different meanings. This polysemy is only resolved when we see the word in context." Warabbii armaan olii kanarraa akkuma arginu dhamsagni yookaan sagaleen walitti qinda'aanii hiika garaagaraa

kennuu akka danda'an, kun ammoo jechi hiika heddu qabaachuu isaafi hiika addaan baasuuf akkaataa galumsa isaanii murteessaa akka ta'e ibsee jira.

Kanaafuu, barruu barreessinu keessatti isa kamtu iddoo kamitti galee ergaa barbaadame sana galmaan ga'uu akka danda'u xiyyeeffachuun barbaachisaa ta'a. Walumaagalatti, yaadota armaan olii irraa akkuma arginu jechootni hiika garaagaraa waan qabaniif dhimma barbaanneef jechoota sana filannee itti dhimma ba'uu akka qabnu karaa nutti agarsiisa. Sirbi tokko haalaan qindaa'ee hiika akka kennu gochuuf, akkasumas miira dhaggeeffataa akka harkisuuf jechootni fayyadamnu murteessoodha. Jechootni kunis bifa garagaraan argamuu danda'u. Isaan kunis, hiika walfakkiin, hiika galumsaan, hiika faallaa, hiika sirriifi dhokataa akkasumas, bifa jechamaan ta'uu danda'u. Weellistootni tokko tokko naa ta'a jedhanii jechoota kalaqanii yoo weellisan ni mul'atu. Haata'u malee, maaliif weellisaan jechoota akkasiitti gargaarame jedhamee qeequun hin danda'amu. Garuu, jechoonni uumamaan weellisaa fi dhaggeeffataa gidduu waliigaltee ogummaa ogbarruu akka hin balleessine of eeggachuun barbaachisaadha. Kana malees, ergaa dabarsuu barbaade dhaggeeffattoota isaa biraan gahuuf jechoota gargaarame adda baasee beekuu qaba.

Weellisaan tokko hojii ogbarruu isaa rakkoo malee akka ofii barbaadu gochuuf baay'ina jechootaa yookaan jechootaan kan badhaadhe ta'uu qaba. Baay'ina jechootaa qabaachuun qofti garuu, yaada ofii sirriifi akkaataa ifa ta'een dabarsuu dhiisuu danda'a. Kana jechuun jechoota hiika sirrii kan jennu jechi tokko uumamaan hiikni isaa kan beekame kan namni hunduu itti walii gale moggaasa ganamaa jechuu yoo ta'u, hiikni dubbii ammoo, jecha hiika sirrii irratti rarra'ee kan muuxannoo uummataa wajjin deemuudha.

Haaluma kanaan fayyadama jechaafi amala galumsaa hubatee jechoota barbaachisoo bakka barbaachisummaa isaatti gargaaramuu danda'a. Karaabiraatiin, jechoonni qofaa dhaabbatanii ergaa ifaa tahe dabarsuu dhiisuu danda'u. Sirrii yookaan sirrii miti jechuun hin danda'amu. Ergaa guutuu dabarsuu kan danda'an sirbicha keessa galaniidha. Sirriifi sirrii ta'uu dhiisuun isaanii kan beekaman bakka galanitti ergaa dabarsuufi dhiisuu isaanii ilaaluuni. Jechootni akkaataa yeedaloo sana keessatti hiriiraniin ergaa isaan qaban adda adda ta'uu danda'a. Jechi tokko bakka hin baramne yammuu galu hiika haaraa akka qabaatu beekamaadha. Kanaaf weellisaan jechoota filachuu irratti jechootni bakka galanitti ergaa sirrii yookaan ergaa walaloo sirbaa sanaan dabarsuu barbaade sana dabarsuu isaanii mirkaneeffachuu qaba. Haaluma kanaan, qorataan fayyadama jechootaa caalmaan sirboota sana keessatti argaman armaan gadiitti ibseera.

Filannoo jechootaa jechuun fayyadama afaanii keessaa tokko ta'ee, jechoota duraan fayyadamnu caalaa jechoota muraasa fayyadamuun yaada ifa ta'e dhiheessuu waliin kan walqabatuudha. Kun ammoo, ergaa dabarsuu barbaanne tokkoof jechootni itti fayyadamnu murteessaa akka ta'e yaada kanarraa hubachuun ni danda'ama. Itti dabaluun jechootni kunniin kan idilee jechuun kanneen nuti guyyaa guyyaan irra deddeebinee itti fayyadamaa oollu kan galmee jechootaa keessatti argamaniifi jechoota al-idilee, kun ammo kanneen akka jechoota looga, jechoota safuu akka ta'aaniifi kan akka idileetti yeroo hunda itti hin fayyadamne jechuudha. Jechoonni filamanii hawaasa keessatti akkasumas sirba kana keessatti ergaa isaan dabarsan olaanaadha.

Walaloo sirbaa keessatti filannoon jechootaa murteessaadha. Kunis walaloo sirboota Afaan Oromoo keessatti filannoon jechootaa kan jiruufi jireenya hawaasa tokkoo sirriitti ibsuuf itti gargaaramnuudha. Karaa biraatiin, filannoon jechootaa sirbi tokko hawwataafi miira dhaggeeffattootaa harkisuu akka danda'u kan godhuudha. Weellisaan sirba isaa keessatti kana hin fayyadamu taanaan sirbi isaa dhama dhaba. Nama hin harkisu jechuudha. Weellisaan sirbaan yaadasaa dabarfachuu isaatiif akka meeshaatti kan gargaaru afaani. Bu'uurri afaanii ammoo, jechoota waan ta'aniif afaaniin yaada ofii ibsachuuf ammoo qindoomina jechootaafi walhidhiinsi jechootaa barbaachisaa waan ta'eef, hima tokko dhugummaa qabaachuufi dhiisuuf jechootni iddoo isaanii ykn hiriira isaanii qabachuun hima sanaaf murteessaadha. Kanaafidha filannoon jechootaa sirba keessatti barbaachisaa ta'ee kan argameef.

Hojii ogbarruu haata'u kanneen hojii kalaqaa ta'an kanneen akka walaloo sirbaa keessatti filannoon jechootaa sirriitti kan itti fayyadamamuu qabuudha. Sababni isaas, sirba tokko jaallatamaa ykn jibbamaa gochuu kan danda'u, weellisaan jechoota safuu hin eegnefi yaada barbaadame sirriitti hin ibsinetti yoo fayyadame, yaadni dabarsuu barbaade harca'ee hafuu danda'a. Kanaaf, jechoota sirrii filachuurratti weellisaan xiyyeeffachuu qaba. Filannoon jechootaa kunis jechoota hiika kallattii qaban (denotative meaning) fi jechoota hiika dhokataa qaban (connotative meaning) jechuun bakka lamatti ilaaluun nidanda'ama. Haaluma kanaan, ogbarruun jechoota hiika irra keessaa (conceptual meaning) fi hiika wabeessaa (associative meaning) nigargaaramu. Fayyadamni jechootaa sirba keessatti karaa ifa ta'een, ergaa barbaade akkuma dabarsu, hiika wabeessaa niqabaata. Lyons fi John (1995) akka ibsutti, "Hiika wabeessaa jechuun hariiroo jechi takko wantoota ykn taatee hawaasaan qabuun calaqqisa." Kanarraa wanti

hubatamu, fayyadama afaanii keessatti jechoota aadaa hawaasaa keessa jiran fayyadamuun ergaa barbaade dhugaa ykn taatee jiruun walbira qabee ibsa jechuudha.

Jechoota moggoo jechuun akka aadaa Oromootti kanneen maqaa walfakkaatu agarsiisani. Kun ammoo, moggummaa unkaati malee, kan hiikaa miti. Addunyaa (2014) “Moggoon kunis walitti dhihaata malee guutummaatti tokko ta’uu hindanda’u. Guutummaatti hiika tokko qabaannaan isaan jechoota garaagaraa ta’uu hin danda’an.” Akka yaada kanaatti jechootni walfakkaatan hiika walitti siqan haaqabaatan malee hiika waan tokkoof kenname isa kan biraaf kan kennamu miti. Kanaaf, hiikni guutummaa guutuutti tokko ykn moggaasa waan tokkoof tokko ta’e hin jiru jechuudha. Haaluma kanaan, hiika jechootaa irratti weellistootni xiyyeeffannoon ilaaluu baannaan yaada dhaggeeffattoota burjaajessuu danda’a. Kanaafuu, xiyyeeffannoon weellisaan hiika jechootaarratti qabu murteessaadha. Jechoota kanas jechoota filatamoo sirbichi gargaarame ta’uu danda’a. walaloon sirbaa qorannaa kanaaf filames jechoota hiika kallattiifi dhokataa akkasumas, hiika galumsaafi moggoos waan qabuufi yaadota ergaan isaa dafee hubatamuufi xiinxala gadi fageenyaan ergaan isaanii kan hubataman qabu jechuudha.

Jechootni faallaa jechoota yaada faallaa qabaniidha. Yaadotni faallaa karaa adda addaan ibsamuu danda’u. Addunyaa (2014, f. 112) “Jechoonni faallaa kanneen jennu walitti dhufeenya jechoota walmorkatan lama gidduu jiruudha” jechoota kanas, karaa adda addaan arguu ni dandeenya. Yeroo baay’ee weellisaan sirba keessatti haala garaagaraan tajaajilama. Kunis, sirba keessatti bifa dhokataa ta’een yeroo itti dhimma bahaamuutu mul’ata. Jechootni kun kallattiin ykn alkallattiin ergaa dabarfamuuf barbaadame kan mul’isaniidha. Jechoonni siyaasaa yammuu weellifaman sirriitti ilaalamuu qabu. Sababni isaas, yaadni weellisaan dabarsuu barbaaduufi akkaataa dhaggeeffataan itti hubatu walunachuu waan qabuufi. Filee (2019, ff.126-127) yammuu ibsu,

Jechootni miiraleyyii (emotive meaning) kanneen gahee olaanaa qaban, jechoota ogafanii (afwalaloo) keessattuu, walaloofi sirboota...siyaasaafi amantii keessatti kanneen hiikni isaanii miira dhala namaa kakaasuudhaan, onnee dabeessaa keessatti du’eefi du’uuf deemu lubbuu itti horuudhaaf, jajjabeessuudhaaf kanneen gahee qaban bakka barbaachisutti itti fayyadamuun barbaachisaadha.

Akkuma warabbii olii irraatti arginu jechootni barruu keessatti itti fayyadamnu gosti barruu sanaa murteessaa akka ta’eefi akkataa barruu sanaatiin jechootatti dhimma ba’uun barbaachisaa

akka ta'e ibsa. Jechootni galumsaa ammoo, jechoota haala adda addaan sirba keessatti hiika kennuu danda'aniidha. Kunis, akkaataa weellisaan ergaa dabarfachuu danda'uun gargaaramuun isaa sirba isaa keessatti arguun danda'ama. Haata'u malee, isaan kana dhaggeeffataan dafee hubachuu dhiisuu danda'a. Sababni isaa, akkaataa weellisaan itti yaadee yeedaleesseefi dhaggeeffataan hubatu tokko hinta'u. Karaa biraatiin jechootni bakka galanii jiraniin hiika galumsaa qabu. Akkasumas, akkaataa fayyadamaatiin adda adda ta'uu danda'u. Kunis akkaataa hima tokko keessatti hiika kennuufi akkaataan hima biroo keessa galee hiika kennu garaagara ta'uu danda'a. Kunis akkaataa galumsaan ergaa barabaadaame dabarsuudha.

Jechoota safuu kanneen jennu jechoota afaan kamiyyuu keessatti baratamee haala adda addaa irraa kan ka'e hawaasni jechoota akkuma fedheen maqaa kan hindhoofne nijiru. Jechoota kanneen haala baratamerraa ka'uun maqaa dhahuun namatti waan hintolleef akka saalfiitti ilaalamu. Jechootni safuu ta'an kun hawaasa Oromoo biratti lagatamu. Isaan kunis dhoksaan malee ifatti baasuun hindubbataman. Filee (2019,f. 129) yammuu ibsu

“Jechoota waalta'oo hintaane, yookaan daran hawaasa bal'aa biratti yookaan uummaticha afaan sana dubbatu biratti hin beekamne, yookaan safuu hawaasaa kanneen faalleessan yookaan mufachiisan yookaan gadaantummaa koorniyaa, gadaantummaa ogummaa fi kkf kanneen ibsan fayyadamuun kallattii ergaa qorannichaa jijjiiruu yookaan hiika dhabsiisuu danda'a” jedha

Akkuma yaada armaan olii kanarraa hubannutti jechootni safuu kun akkaataa uummata afaan sana dubbatuu giddu galeessa godhatee kan hin dubbatamne yoo ta'e safuu hawaasaa cabsuu bira darbee ergaa darbaa jiru akka danqu addaan baafachuun ni danda'ama. Akkasumallee hawaasa keessatti garaagarummaa koorniyaa, bifaafi hojii irratti illee dhiibbaa fiduu akka danda'u ibsa.

2.6.2. Fayyadama Jechamaa

Jechamni gooroowwan ogafaanii keessa tokko ta'ee, jechoota, gaalewwaniifi ciroowwan ergaa haala idilee keessatti qabaniin alatti ergaa biraa dabarsuuf kan fayyadu ta'uu isaa Addunyaa (2014, f.122) irratti ibseera. Jechamni qaama gubbaaratti hiika ifa ta'e qabaatee qaama keessaatti ammoo hiika dhoksa kan qabudha.

Fakkeenyaaf, jechamni Oromoo 'gurra guddata' jedhu hiikni isaa qaamoota miiraa keessaa gurratu guddaadha jechuu osoo hin taanee, namni kun nama beekamaafi namoota biratti fudhatama kan qabuudha jechuun guddummaafi ulfina namni sun qabu ibsuuf jedhama. Jechama

kana afaan biraatti osoo jijjiirree hiika Afaan Oromoo keessatti qabu kana qabaachuu dhabuu danda'a jechuudha.

Jechamni akkuma mammaaksaa dubbii qolaa akka fayyadamu Kipury (1983:14) akkanatti ibsa: "An idiom is another form of figure of speech that is used commonly both in oral and written literature. For example, the saying children are 'the bright moon' is a simile" jechuun ibsa. Yaada kanarraa jechamni unka dubbii qolaa akka qabu, ergaan isaa caasaa isaa irra akka caalu, yaada bal'aafi gadfagoo akka dabarsu hubanna. Akkasumas jechamni afaan dubbii keessatti qofa kan fayyadamnu osoo hintaane ogbarruu keessattis faayidaa guddaa akka kennu ibsa kanarraa hubachuu dandeenya.

Faayidaa jechamaa akka Mangashaa (1999:12) ibsutti, "Oromo people use proverbs and saying to communicate with others through double meanings, cross words, cross games, cross joke etc. to give practical example of the usage of doubled un polished phrases," jedha. Kunis jechamni yaada dhokataafi baay'ee barbaachisaa jechoota hiika kallattii hin qabneen ibsuuf akka gargaaru ibsa jechuudha. Jechamni yaada dhokataa of keessaa qabuun sammuu namaa kan qaruudha. Akkasumas, jechamni dubbii hawaasni cina galaan dubbatuudha. Waan jechuu barbaade icciitii taasisuuf yaada dhokataan jechootatti fayyadamee hima. Namni dhaggeeffatu ammoo, haalaan walqabsiisee xiinxaluun hiika isa dhokataa argata. Kanaafuu, hiikni jechamaa hawaasa keessatti beekama. Jechama Oromoos yoo fudhanne hawaasichatu itti fayyadamuun dubbii kooba. Kanarraa kan ka'es, hawaasichaan alatti hiika hinqabaatu. Waa'ee jechamaa ibsuufi ija hawaasichaan xiinxaluun barbaachisaadha jechuudha. Kanaafuu, jechama saba biroo bu'uureffannee kan Oromoo qorachuun hindanda'amu. Rakkoon jechama Oromoo ibsu keessatti mul'atus kanuma irraa kan madduudha. Jechamni jechoota lamaafi isaa olitti gargaaramee yaada irra keessatti mul'atu osoo hintaane isa dhokataa ta'e kan ibsuudha. Harcourt (1994:216) yaada kana yoo ibsu, "An idiom expression whose meaning is particular to the language or differs from the individual meaning of its element," jedha. Kunis, hiikni jechamaa dubbataa afaanichaaf malee, hiika namni dhuunfaan itti kennu akka hintaane ibsa. Kana jechuun hiikni jechamni sun kennu dubbataa afaanichaaf malee kan namni kamuu hiiku miti jechuudha.

Haaluma kanaan sirba keessatti jechamatti gargaaramuun ergaa barbaachisaa ta'e dabarsuun nidanda'ama. Kanaaf weellisaan weelluu isaa keessatti jechama yemmuu gargaaramu

ofeeggannoo cimaa isa barbaachisa. Kana ta'uu baannaan rakkoon walhubannaa uumamuu danda'a.

2.6.3. Fayyadama Malleen Dubbii

Malleen dubbii namootni kan ilaalan, kan dhaga'an, kan qaqqaban, kan dhandhaman, sammuu isaanii keessatti wanta fakkii uume nama biraatti himuuf miira isaanii nama biraatti kan itti hiran, qaama dubbii. Malli dubbii haala, amala, miira nama (bineensa) tokkoo kan biraatiif kennuun ykn walfakkeessuufi waldorgomsiisuun dhi'eessa. American Encyclopedia (1985:195) waa'ee mala dubbii yoo ibsu, "Malli dubbii ogbarruu keessatti karaalee adda addaa fayyadamuun ergaa barreessaaf darbuu barbaade haala ifaafi cimina qabuun akka darbu qaama godhuudha. Malli kunis ogbarruutti miidhagina kan uffisu ta'uu isaa kan irraa hubannuudha".

Dabalataanis, kitaabuma kana keessatti akka kaa'utti "Malli dubbii akkaataa ykn bifa waan ibsaan taa'e kan jecha sirrii ykn tartiiba hima isa sirriifi hiika jechaa barame irraa maqsuun dhi'aatuudha. Kunis kaayyoon isaa dhiibbaa addaa uumuufidha" Yaada kana yemmuu ilaallu waliigalteen duraan namootni qabaniifi akkaataan isaan ittiin waliigalan haala idilee irraa gara alidileetti jijjiiruun akka ta'eedha. Kanuma ilaalchisee, Shaw (1972:160) akka kaa'etti Jechootni hiika kallattiin ala qabaniin wantoota biraa yoo ibsan kan uumamuudha jedha. Yaadni kun kan agarsiisu, jechootniifi gaalewwan hiika kallattiin qabaniin alatti wanta biraa bakka bu'uu, walitti dhufeenya isaan gidduu jiru ibsuufi amala tokko wanta biraan bakka buusuun yaadni keenya akka ifa ta'u godhu. Kunis, ergaan himichaa sammuu dubbisaa ykn dhaggeeffataa keessatti fakkaattii uumuun salphaatti akka hubatamu gargaara.

Karaa biraatiin, malli dubbii ergaa darbu tokkoof cimina yemmuu kennu argina. Akkasumas, galumsa hiika jechaa ykn gaalee kan barame irraa maqsuun yaada darbu sanaaf xiyyeeffannaa kennuudha. Ergaan sun ergaa laafaafi xiyyeeffannoo salphaa kan kennu osoo hintaane kan dhimma sana gadi fageenyaan xiyyeeffannee ilaallu ta'uu isaati. Ergaan darbe sun yoo tures haaromee sammuu keenyatti akka yaadatamu gochuu danda'uu isaati. Warrinnier (1982:352) yaada kana yoo ibsu, "It is figuratives when it imaginative rather than factual" jedha. Yaadni kun kan ibsu, dhugummaa yaada tokkoo kallattiin ibsuurra wanta hawaasa keessatti kalaqamuun walqabsiisuun fakkii sammuu dubbisaa ykn dhaggeeffataa keessatti kan mul'isu ykn kan kaa'uudha. Akkasumas, malleen dubbii fayyadama afaanii keessatti gahee olaanaa qabu.

Addunyaan, (2013:208) yoo ibsu, “Malleen dubbii fayyadama afaanii haala salphaa ta’een dhaamsa tokko kan namootaaf dabarsuudha”. Yaada kanarraa kan hubannu malleen dubbii qaama barbaachisaa ta’eef haala salphaa ta’een ergaa kan dabarsuudha. Kana malees, malleen dubbii fayyadamuun wanta tokko karaa namaaf hubatamuu danda’utti salphisee dhi’eessuudha. Kana jechuun haala namaaf galuun karaa walxaxaa hintaaneen ergaa barbaadamu kan dabarsuudha. Malleen dubbii fayyadama afaanii keessaa tokko ta’ee ergaa barbaachisaa ta’e haala dhaggeeffataan gadifageessee hubatutti kan dhi’eessuudha. Kanas dhalli namaa jireenya isaa keessatti wantoota mudatan ittiin ibsachuuf itti fayyadama.

Haaluma kanaan, yeedaloofi walaloo sirbaa keessatti bifa garagaraan kaa’a. Akkasumas, weellisaan jechootni hiika dhokataa akka qabaatan gochuun ogbarruu kalaqa. Jechoota kana duubas hiika dhokataa uumuun hubannoo dubbistootaa ykn dhaggeeffattootaa hawwata. Xiyyeeffannoon hiika jechootni kallattiin qaban irraa maqee yeroo fayyadu dubbii qolaan ibsama. Jechootni haala kanaan fayyadanis malleen dubbii jedhamu.

Hojiiwwan uumeefi kanneen biroo keessatti akkasumas barreeffamaafi afqunnamtii keessatti malleen dubbii faayidaa adda addaa qabu. Yaada kana Encyclopedia of Americana (1985:195) akkas jedha. “Barreeffamaafi afqunnamtii keessatti faayidaan malli dubbii qabu hiika ifoomsuu, fakkeenya sirrii ta’e kennuu, yaada cimsuu, kan lubbuu hinqabnetti lubbuu horuu, yaadni darbu sun akka dinqisiifatamuufi miidhaguuf gargaara. Akkasumas wanti tokko xiyyeeffannoo akka argatu godha.”

Gama biraatiin, malleen dubbiitti kan fayyadamu dubbattootaafi barreessitootaadha. Kan dubbatu dubbii isaa keessatti, kan barreessu ammoo barruu isaa keessatti fayyadama. Kana jechuun, dubbiin (barruun) nama sanaa akka miidhaguufi dhama qabaatu gochuuf gargaara. Weellisaan tokko waan jechuu barbaade sirriitti jechuu kan danda’u sadarkaa dandeettii jechootaa yeroo qabaatuudha. Ta’uu baannaan garuu, dadhabbiin isaa hundi kan gatii hinqabne jalaa ta’a. Sababni isaa, ogbarruu tokko jaallatamaa kan godhu ergaa keessa isaatti baate qofa osoo hintaane miidhagina afaan ergaa isaa ittiin dabarsatu yeroo qabaatuudha. Afaanichi miidhagina qaba taanaan akkaataan ergaan itti darbu hawwataa taanaan ogbarruchi jaallatamummaa qaba jechuudha. Kana kan godhu ammoo fayyadama dubbiiwwan qolaafi fayyadama afaanii kanneen biroodha. Faayidaa malleen dubbii ilaalchisee Show (1972, ff. 159-160) akka jedhutti:

Figurative language is deliberate and intentional departure from normal word meaning or word order so as to gain freshness and strength of expression the basic purpose of figurative languages are to employ ornamental devices for comparing dissimilar things and for creating sound and images

Fayyadama afaanii irratti hundaa'uun barreessitootni ogbarruu malleen dubbii akaakuuwwan hedduutti qooduun kaa'u. Qoodinsi kunis ergaa dabarsuu irratti waan ta'eef ergaa hubachuuf ammoo, gadifageenyaafi kallattii garagaraan ilaaluun barbaachisaadha. Qoodamiinsa malleen dubbii ilaalchisee Harcourt(1994:216) akkas jedha, "The chief figures of speech are: simile, metaphor, hyperbole, personification, paradox, allusion," jechuun qooda. Gosti malleen dubbii kunis, akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuu, eemitii, walqabsiisa jedhamanii hiikamanii jiru. Walumaagalatti, malleen dubbii maqaa adda addaa haqabaatan iyyuu malee, yaada kalaqaa ykn haala nama hawwatuun fakkii wantootaa, xiyyeeffannoo barbaadanii walbira qabanii ibsuun karaa salphaa ta'een suuraa kaasuudha. Kun ammoo namni tokko wanta isa bira hinjirre haala salphaa ta'een akka hubatuuf isa gargaara. Sirbi kunis malleen dubbiitti fayyadamee ergaa, gorsa, jajjabina, hacuuccaa, roorroo, diddaafi kkf gadifageenyaan ibsa. Kana malees, malleen dubbii sirbi tokko miidhagina akka argatu waan taasisuuf baay'ee murteessaadha. Gosoota malleen dubbii waraqaan qorannoo kun irratti xiyyeeffate ja'a. Isaanis: akkasaa, iddeessa, nameessa, arbeessuufi eemitii fa'i. Gosoota malleen dubbii kana irrattis ibsi beektota garaagaraa akka armaan gadiitti dhi'aateera.

Akkasaan dorgomsiisaa wantoota lamaati. Kana jechuun jechoota akka, fakkaata, gaha, caala jedhaman gargaaramuun waldorgomsiisa. Meyer(2008:10) akkas jedha, "The writer is saying that something is like or the same as some thing else." Yaada kana irraa wanti hubatamu akkasaan yeroo hundumaa jechoota akka ykn fakkaata jedhutti gargaaramuu isaati. Haaluma kanaan, wantootni waldorgomsiifamanis gosaan adda adda, garuu, akkasaan walfakkeenya tokko karaa dhokataa ta'een ibsa. Karaa biraatiin mala dubbii kan waa lama haala walfakkii muraasaan kan waldorgomsisee dhi'eessuudha. Kana jechuun, walfakkeenya wantoota waldorgomsiifamanii guutummaa guutuutti yoo ta'uu baate iyyuu, waa muraasaan kan walfakkaatan ta'uun ibsamuu danda'u. Sababni isaas, wanti guutummaan guutuutti tokko ta'e hinjiru. Kana ilaalchisee, Addunyaa (2013:208) "Akkasaan ergaa barbaadame waan aadaa hawaasichaa keessatti beekamaa ta'e tokkoon walcina qabuun dhi'eessuudhaan akka salphaatti akka hubatamu kan taasisuudha".

Kana jechuun wanti walbira qabnee dhi'eessinu tokko kan hawaasa biratti beekamaa ta'e ta'uu akka qabu ibsa. Karaa biraatiin ammoo dubbii qolaa akkasaa kana yemmuu dorgomsiisnu walitti siqeenya wantootaan walbira qabuun kan madaalaa deemnuudha. Kunis haala dhaggeeffataa hawwachuu danda'uun ta'uu qaba. Kana ta'uu baannaan dhaggeeffattootni yaada burjaaja'e horachuu danda'u.

Iddeessi gosa mala dubbii ta'ee wantoota wal hinfakkaanne lama waldorgomsiisuuf fayyadamuudha. Kana ilaalchisee Kennedyfi Gioina (1987:495) akka ibsetti, “ Iddeessi wanti tokko wanta wal hinfakkaanne biroon bakka bu'amuu isaa ibsa. Kana jechuun wanti amalaan, bifaan, gochaafi kanneen biroon wal hinqabanne bakka walbu'uun kan uumamuudha” jedha. Kana jechuun iddeessi wanti tokko waan biraa ta'uu isaa kan ibsuufi kan barreeffamni sun jedhe akka hintaane lafa kaa'a. Haaluma walfakkaatuun, weellisaan waan tokko bakka waan biroo buusee ykn waanuma sana taasisee waamuun hiika dhokse mul'isa. Akkasumas, jechoota akka, amma, fakkaata, caala jedhamanii hinfayyadamu. Innis dorgomsiisaa wantoota wal hin fakkaanneedha. Fayyadama afaanii keessatti iddeessi amala wanti tokko qabu guutummaan guutuutti wantoota biroof kennuudha.

Nameessa kan jennu wantoota nama hintaane bineensota, lubbu qabeeyyii, lubbu dhabeeyyii, waan namni godhu, dubbatu, yaadu akka waan nama ta'anii kana hunda raawwataniitti gochuun nama fakkeessuun bifa itti dhi'aataniidha. Kunis, dandeettii weellisaan weelluu isaa keessatti calaqqisiisuufi fayyadama jechootaa weellisichi qaburratti hundaa'a. Addunyaa (2014:211) yaada kana yoo ibsu, “Wantootni akka namaatti beela'anii akka quufan, deemanii akka galan, ijaararii akka diigan kan taasisu fayyadama afaaniiti” jedha. Kanaafuu, fayyadama afaanii keessatti amala namootaa wantootaafi lubbu qabeeyyii biroof kan kennuudha. Dabalataan, Shaw (1972:283) akka ibsetti, “Nameessi amala dhala namaa bineensa, meeshaa, yaadaafi kanneen biroof kennuudha,” jedha. Kun kan agarsiisu, wanti nama hintaane akka namaatti ni nyaata, nidubbata, gochawwan adda addaa ni raawwata jedhameeti fudhatama. Kana irraa wanti hubatamu ammoo mala dubbii kana keessatti wantootni nama hintaane amalaafi gocha namootni raawwatan gonfachuun kan dhihaatan ta'uudha. Gama biraatiin Meyer (2008:37), “Personification is a way of speaking or writing in which inanimate object or obsructions given to human qualities,” jedha. Yaada kana irraa wanti hubatamu nameessi wantoota biroof amala namaa kennuun haasaa ykn barreeffama keessatti dhi'eessuudha.

Arbeessuun waa'ee waan tokkoo garmalee gurra guddisanii dubbachuudha. Kineessuun ammoo, faallaa isaati. Kunis waan tokko garmalee xiqqeessanii ykn salphisanii dubbachuudha. As keessatti wantootni garmalee guddifamanii ykn xiqqeeffamanii ibsaman yeroo baay'ee kan ta'uu hindandeenyeedha. Karaa biraatiin, wanti garmalee guddisnee ykn garmalee xiqqeessinee ibsinu kan gurra dubbisaafi dhaggeeffataa biratti dhugaa hinfakkaanneedha. Yaadotni bifa kanaan ibsaman jechoota wantoota ittiin ibsinu waliin kan deeman ta'uu qabu.

Karaa biraatiin, ogbarruu kam keessatti iyyuu akaakuun mala dubbii waan fayyadamuuf hiika bifa tokkoo kennuun rakkisaadha. Hayyuudhumti kun dabalee yoo ibsu “Arbeessuun akaakuu mala dubbii ta'ee gurra guddisuun ykn ukukkubsuun xiyyeeffannoo uumuuf nifayyada,” jedha. Akka yaada hayyuu kanaatti, arbeessuun ogbarruu keessatti yaada tokko xiyyeeffannaan akka itti kennamu kan godhu ta'uu isaa irraa hubanna. Walumaagalatti, malleen dubbii kun sirba keessatti bal'inaan waan argamaniif miira dhaggeeffattoota harkisuufi namootni xiyyeeffannaan isaanii ogbarruu sana irratti akka ta'u kan godhuudha.

Fakkoommiin mala dubbii wanta ykn dhugaa tokko karaa salphaa ta'een namni hubachuu hin dandeenye ykn wanta ifatti mul'atu tokkoon dhoksanii ykn bakka buusanii ergaa dabarsuudha. Kana ilaalchisee, (Melakneh, 2006:146) irratti yoo ibsu, “Symbolism is the representation of reality on one level of a reference by corresponding reality it is adominant literary device,” jechuun ibsa. Kana jechuun, malli dubbii fakkoommii jedhamu wanta dhugaa ta'e tokko kan yaada bal'aafi waan bal'aa ta'e bakka bu'uun dhugummaa waan sanaa kan mul'isuudha. Fakoommiin yeroo wanti qabatamaan tokko bakka ykn gocha wanta biraatiif dhaabbachuun wanta bakka bu'e ykn dhimmicha haala gaariin ibsuudha. Yaada kana (Melakneh, 1999) akka kaa'utti, “Fakkoommiin meeshaa, nama, haala, gochaafi kkf irra caalaa wanta qabatamaa hintaaneen kan bakka bu'uudha. Fakkeenyaaf alaabaan keenya mallattoo biyya keenyaati,” jedha. Yaadni kunis akkuma barreessaan kun ibsetti wantootni lama akka jiraniidha. Irra caalaa ammoo, kan bakka bu'u sun yeroo baay'ee qabatamaa kan ta'eefi arguu kan dandeenyu ta'ee kan bakka bu'ame garuu, yeroo baay'ee arguu kan hindandeenyeefi qabatamaa kan hintaane, fakkoommii ogbarruu keessatti ka'uun kan walqabatuudha.

Walumaagalatti, fakkoommiin meesha, nama, bakka ykn muuxannoo kan wanta biraa bakka bu'u, kan bakka bu'amu sunis yeroo baay'ee qabatamaa kan hintaaneedha. Fakkoommiin yeroo baay'ee wantoota yaada bal'aafi waan baay'ee ta'an bakka buusuun ittiin ibsinuudha.

Akkasumas, weellisaan fakkoommiitti gargaaramee ergaa isaa yoomessaafi kan biroon dabarsachuu danda'a.

Eemitii keessatti ammoo, wanti raawwatamu dhugaa qabaatus haalli duubaan jiru faallaa isa jedhamuuti. Wantoota sirriifi sirrii hintaanetu walfaana hiriira jechuudha. Kun ammoo aadaa Oromoo keessatti fuggisoo jedhama. Gama biraatiin Shaw (1972:275) "Eemitii keessatti ergaan darbuu barbaadame kallattiin osoo hintaane faallaadhaani. Hima yaada walfaallessu garuu, kan dhugaa ta'eedha," jedha. Kana irraa kan hubatamu jechootni eemtii ijaaran iiakeessa yammuu ilaalaman jechoota wal faalleessan fakkaatu garuu kan isaan ibsan kan faallaa ta'an osoo hintaane kan sirrii ta'eedha. Walaloo sirboota bara 2019 G.C keessatti bahan keessaa kannee filatamanii qorannoon kun irratti geggeeffame keessatti malleen dubbii kun akkamitti mul'atan kan jedhu qaaceffamuun dhiyaataniiru.

2.7. Haalaafi sochii uummatni Oromoo keessa turee fi yeroo walaloo sirboota kanaa keessa jiru

Sabni Oromoo baroota dheeraa dura sirna hundee diimokiraasii addunyaa ta'e sirna Gadaatiin bulaa ture. Oromoon Sirna Gadaatiin ofiin of bulchaa ture. Yaada kana Asafaa (2009, f.2) yammuu ibsu,

Recorded history demonstrates that between the sixteenth and the mid-seventieth centuries, all of the Oromo people lived under one gadaa administration. In the gadaa republic, the Oromo people were organized around political, economic, social, cultural, and religious institutions.

Yaadni kunis sabni Oromoo jarraa kudha ja'affa hanga walakkeessa jaarraa kudha torbaffatti sirna Gadaatiin ofiin of bulchaa ture. Haata'u malee jaarraa kana booda sirni Gadaa harkatti dadhabuun sirnoota abbaa irreetiin booji'amaa dhufe. Kanarraa kan ka'e sirna siyaasaa hamaa kan saba kana hachuucuu jalatti kufe. Haalli siyaasaa jaarraa kudha saddeettaffaa kaasee sabni Oromoo keessa ture baay'ee walxaxaadha. Oromoon sirna Gadaatiin ofiin ofbulchaa ture, dhiibamee sirni inni hin barre kan abbaa irreefi kan olaantummaa saba tokkoo leellisuu humnaan yoo irratti fe'amu baachuu dadhabuun yeroo dheeraa miidhamaa ture miidhamaas jira. Erga sirni olaantummaa saba tokkoo faarsu wal harkaa fuudhaa saba Oromoo bulchaa ture kufees kan

yeroo dhiyoo sirna ADWUI kan jedhamuun miidhamaa kan ture yammuu ta’u, kan ammaa kun ammoo waanuma kan isa duraa wajjin kan wal fakkaatuudha. Ummatni barabaraan sirnoota walharkaa fuudhan kanaan mirgi isaa sarbamaa as ga’e. Sababni isaa sirnootni kun sirna saba Oromoo hacuucee bulchuufi duraan sirna Gadaa kan bulchiinsa diimokiraasii ta’een bulaa turuu isaati. Nasruun (2019, f. 83) yoo ibsu,

“Sirni Gadaa hoggantoota ga’umsa qaban oomisha. Sirni kun qophaa’insa waraanatiin uummata weerara irraa tiksa. Sirni kun fageessee fuulduratti arguu Oromoo dandeessisa. Sirni kun tokkummaa utubaa sabaa cimsa. ... naannoo gaanfa Afrikaatti Oromoon jaarraa lamaa oliif olaantummaa siyaasaa qabaataa turuun isaa of isa dagachiisuu hin oolle. Of dagachuufi dhiibbaan alaas itti ida’amee sirna Gadaa dadhabsiise”

Sabni Oromoo sirna Gadaatiin buluu baree kan birootti baruu dadhabuunis yaada kana irraa kan maddeedha. Qaamni abbaa hirreefi deeggartootni isaa baroota dheeraadhaaf Oromoo gadi qabuun bara aangoo isaanii dheereffachuuf saba Oromoo cunqursuun akka barbaachisaa ta’etti hubachuun adeemsa kana galmaan ga’uuf karaa danda’an hundaan saba Oromoo dhiibaa turan. Kallattii calaqqee dhiibbaa saba Oromoo kana Asafaan (2009:44)yoo ibsu,

Dhiibbaa jaarraa tokkoon ol Oromoorra tureen Afaan Oromoo barachuuniifi barreessuun, qorannoo adeemsisuun waan yaadamu hinturre. Maqaan “Oromoo” jedhullee jaarraa 16^{ffaa} irraa qabee (1593) hanga dhiyootti ogeessota Habashaafi Awurooppaa biratti hin beekamu ture. ykn, beekaa, uummata maqaa ‘Oromoo’ jedhuun beekamu, Gaanfa Afriikaa keessa jiraatu, guddeessa qabeessa, kan afaan isaa ‘Afaan Oromoo’ jedhamu, biyyisaa ammoo, Biyyaa Oromoo (Krapf 1863tti maqaa Oromaaniyaa jedhu maappii qaboo-guyyuu ykn diary isaarra kaa’e) tahe akka addunyaatti hinbeekamnetti Gaallaa moggaasanii Oromoon akka addunyaan dagatamu, akka addunyaas dagatu tolchan.

Akka yaada armaan olii irraa hubannutti dhiibbaa saba Oromoorra ture gama afaanii, eenyummaa, aadaafi amantaa isaa akkasumas maqaadhuma Oromoo jedhullee dhoksuufi awwaaluuf shaakalli godhamaa ture guddaa ta’uu isaati. Kana malees, daba saba Oromoo irratti tolchuuf yaadan galma barbaadaniin ga’uuf uummata Oromoo hadheessuun waan barbaadamuuf Mohammad (2016, f. 93) irratti “prof. Masfin W/maariyaam ‘Oromoon uummata alaa dhufe kan kaayyoo hin qabne, saba Itiiyophiyaa weeraree qabate, uummata waadiguu irratti bobba’e uummata sodaattuudha’ jedhe” jechuun ibsa. Kun ammoo jibba saba kana irraa qaban irraa kan ka’e maqaa balleessuufi gadi xiqqeessanii bulchuuf tarsiimoo ba’eedha.

Irra caalaatti ammoo keessumaa waggoota muraasaan as sirna bulchiinsa ADWUI keessatti dhiibbaan saba Oromoo irra ga’u haalaan ulfaachuu irraa kan ka’e gariin ajjeeffamanii, kaan

mana hidhaatti guuramanii, kan biyyaa ba'aniifi achi buuteen isaanii dhabames lakkoofsa hinqaban. Haa ta'u malee, Oromoon dhiibbaa isarra ga'u tole jedhee hinfudhanne. Gariin sirbaan, gariin ammoo barreessuun diddaa isaa mul'isaa har'a ga'e. Qeerroofi qarreenis walta'uun harka duwwaa fuulleetti ba'uun falmataa turan, ammas falmachaa jiru. Kanneen fuulleen ba'anii sirna gabroomfataa dura dhaabbachuun aarsaa taasifamaa turan, taasifamaas jiran hedduudha. Aarsaa gurguddaan qaamaan hir'achuu hanga jumlaan dhumuutti (ayyaana irreachaa bara 2009, fulbaana 22) erga kaffalamee booda sirni amma jiru kun bakka qabate. Sirni kunis akkataa sabni fedheefi barbaadutti sirna diimokiraasii dhugaan waan hin hojjeenneef qeerroofi qarreen karaa qinda'aafi qinda'aa hin ta'iniin ammas falmii isaa itti fufe. Kanarraa ka'uun bara 2009 A.L.I tii kaasee ammas lubbuun namoota hedduu ba'aa jira. Keessumaa mootummaafi addi bilisummaa Oromoo walii galanii erga gara biyyaa galanii as waldhabdee isaan gidduutti uumameen lubbuun namoota hedduu darbaa jira. Isaan keessaa muraasni.

- Bara 2009/11 haati ulfi bajaajii keessatti humna mootummatiin Dambidollootti ajjeefamuu
- Aartistii Daadhii Galaan baruma kana magaalaa Waliisoo keessatti guraandhala 4/2011 A.L.I humna qindaa'een ajjeefamuu
- Ajjeefamuu Aartistii Hacaaluu Hundeessaa magaalaa Finfinnee keessatti.
- Namootni hedduun Oromiyaa kutaa garaagaraatti humna mootummaatiin ati 'shaneedha' jechuun ajjeefamuu
- Dargaggoonni shan bakka tokkotti magaalaa Naqamtee keessatti bakka tokkotti ajjeefamuu
- Aktiivistootni siyaasaa Oromoo obbo Jawar Mohaammad, Baqqalaa Garbaa, Hamzaa Booranaa akkasumas Abdii Raggasaa, Kolonel Gammachuu Ayyaanaafi kanneen biraan kumatamaan lakka'aman mana hidhaatti guuramuu
- Magaalaa Dambidolloo keessatti barataa Amaanu'eel Wandimmuu harki isaa duubatti hidhamuun ajjeeffamuu BBC fi Amnneisty International gabasaa turaniiru. Kanarraa ka'uun uummatni Oromoo waan danda'u hundaan falmii itti fufan.

Walumaagalatti, Oromoon dhiittaaafi cunqursaa durii ka'ee isarra ture falmachaa hanga har'atti as ga'ee jira. Dhiittaa sarbama mirgasaa kanaaf immoo hanga du'a lubbuutti aarsaa kaffaluun kan

har'a ga'e yammuu ta'u har'as kaffalaa jira. Kana ammoo karaa qinda'aafi qinda'aa hin ta'inii kan falmachaa jiru yammuu ta'u, kanneen dandeettii ogummaa barreessuu, sirbuufi kkf qabanis jiru. Kanneen walaloo sirbaa barreessuun haala sabni isaanii keessa jiran ibsan immoo qorannoo kanaaf galtee ta'anii jiru. Walaloon sirboota qorannoon kun irratti geggeeffames haala uummatni Oromoo keessa jiru kana xiyyeeffachuun sirbame yammuu ta'u qorannoon kunis gamisaan haala kana xiinxalee jira

2.8. Yaaxxina Qorannichaa

Qorannoo tokko gaggeessuudhaaf yaaxxina qorannoo sana deeggaru bu'ureffachuun murteessaadha. Yaaxxina jechuun adeemsa ogbarruun tokko ittiin xiinxalamu kan calaqqisiisuudha. Yaadni toora interneetii irraa argames yaaduma kana yeroo cimsu, akkas jedha:

Theory is the process of understanding what the nature of literature is, what functions it has, what the relation of text is to author, to reader, to language, to society, to history. It is not judgment but understanding of the frames of judgment. (www. the free dictionary.com/criticism.)

Haaluma kanaan, qorannaan kun yaaxxinaalee jiran keessaa yaaxxina seenawaa (historical theory) gargaaramuun kan dhihaateedha. Yaaxxinni kun dhuma jaarraa 18^{ffaa} barreessaa Jarman Herder nama jedhamuun kan hundeeffame yammuu ta'u, yeroo garaagaraatti irra deddeebi'amuun haareffamaa kan tureedha. Haareffamni jaarraa 19^{ffaa} keessa nama Von Rankefi Meinecke, jaarraa 20^{ffaa} keessa ammoo nama Wilhelm Dilthey jedhamaniifi kanneen biroon yaaxxina fofoyya'aa tureedha.

Daayeessi kun kan inni irraati xiyyeeffatu seenaa haala dubbii irraa kaasee taateewwan hunda, dhaabbata kamiyyuufi hojiilee aartii kamiyyuu keessatti akkasumas, wanti barreeffame kamiyyuu keessatti seenaa irraa ka'e akka qabu xiinxala. Yaada kana Habib (2005, f.760) yammuu ibsu,

Historicism has been characterized by a number of concerns and features. Most fundamentally, there is an insistence that all systems of thought, all phenomena, all institutions, all works of art, and all literary texts must be situated within a historical perspective

Itti dabaluuudhaan yaaxxinni seenawaa hojiin ogbarruu tokko kallattii aadaatiin, amantiitiin, dinagdeetiin, kallattii siyaasaafi miidhagina hojii ogbarruu tokkoo maal fakkaata kan jedhu gadi

fageenyaan xiinxalee kan qoratuudha. Yaada kana Habib (2005) yammuu cimsu, “literature must be read within the broader context of its culture, in the context of other discourses ranging over politics, religion, and aesthetics, as well as its economic context” jechuudhaan ibsa. Akkuma yaadota armaan olitti dhiyaate agarsiisu hojiin ogbarruu kamiyyuu ka’umsa mataa isaa qaba. Eessa garamitti, maaltu akka barreeffamuuf isa kakaase kan jedhu irratti xiyyeeffachuun haala keessa tureefi kan amma keessa jiruu wajjin walbira qabuun kan madaalu ija yaaxxina kanaatiin akka ta’e nutti mul’isa.

Daayessi seenawaan barruun dhiyaate tokko yeroo keessatti barreeffamefi seenaa barreessaa yookaan ammoo haala jireenyaafi yeroo itti jiraatame sana kan calaqqisiisudha. Akkasumas, qeeqni kun barruun dhiyaate sun dirqamatti waa’ee barreessaafi siyaasa bara sanaa, haala hawaasummaa bara sanaa dhugummaan kan murteessuufi kan ibsuudha jedha. Yadaa kana yaadni toora interneetii irraa argame akkas jechuun ibsa

Historical theory sees works as the reflection of an author’s life and times (or of the characters’ life and times). Historical approach deems it necessary to know about the author and the political, economical, and sociological context of his times in order to truly understand the work(s) jedha.

Kanuma irraa ka’uun, yaaxxinni kun walaloo sirbaa filatamee ittiin madaaluuf dhiyaate. Sababni yaaxxinni kun filatameefi waa’ee seenaa hawaasaafi hojii ogbarruu tokko walbira qabee xiinxaluu irratti waan xiyyeeffatuufi. Qeeqni seenawaan walaloo sirbaa filatamee qorannoon kun irratti geggeeffamee dhiyaate keessatti yaadota armaan gadii kaasuun kan xiinxaluudha.

- Barruu tokko yammuu qopheessinu, maxxansinuufi dhiyeessuun rabsinu maaliif hojjenna?
- Barruun dhiyaate yeroo sana keessatti bu’aa maalii buusa?
- Haalli barruu dhiyaatee, jechootni itti fayyadamee dhiyaate waa’ee hawaasaafi aadaa keessatti barreeffamee waliin walitti dhufeenya qabaa?
- Jechootni barruun sun itti dhimma ba’e seenaa hawaasaa ibsuu keessatti walitti dhufeenya cimaa maal qabu?
- Barruun dhiyaate sun waa’ee waan darbee ibsee hubachiisuun, waan yeroo ammaa ta’aa jiru akkamiin ibsee? Garaagarummaa isaanii ibseeraa? Kan jedhu bu’uureffachuun kan dhiyeessuudha.

Walumaagalatti yaaxxinni kun walaloo sirbaa filatame keessatti yaadni dhiyaate , jechootni itti fayyadamamefi ergaan walaloo sirbaa kun seenaa hawaasaa maal keessa akka tureefi amma keessa jiruu akkasumas garamitti akka deema jiru kan ibsuufi kan xiinxaluudha. Hojiin ogbarruus kan inni keessatti ilaalamuu fi qophaa'uu kanneen haalaawwan hawaasaa hunda giddu galeessa godhateeti. Akkasumas, dhugaa hawaasa keessatti mul'atu waan ta'eef, dhugaa jiruufi jireenya namaa keessa jiru miidhagsee akka jirutti kan dhiyeessuudha. Kunis, kallattii gama siyaasaan, diinagdeen, jireenya hawaasummaafi kanneen dhugummaan hawaasaa keessatti calaqqisuun kan ibsamuudha. Kanumarra irraa ka'uun qorataan yaaxxina kana bu'uureffachuun walaloon sirboota filataman kun dhugummaa hawaasa keessatti qabu ilaalchisuun ergaa maalii qaba kan jedhuun qorannoo isaa geggeesseera.

2.9. Sakatta'a Qorannoo Walfakkii

Kutaa kana keessatti waraqaalee qorannoo kana waliin walitti dhufeenya qabantu sakatta'ama. Iftoomina qorannoo isaaf qorataan qorannoo kanaan dura hojjetaman keessaa kanneen mata duree isaan walitti siqeenya qabu jedhee tilmaame kan Afaan Oromoon dalagaman ilaaluu yaaleera. Kanaaf, mata-duree sirboota xiyyeeffannoo qaaccessa walaloo sirboota bara 2019 keessatti bahan jedhu irratti qorannoo kallattiin gaggeeffame hin jiru. Qorannoowwan hojjetamanii jiran hedduun gama aadaatti mooguudhaan sirboota afwalaloo jaatti ramadaman irratti qorannoo geggeeffame malee gama barwalaloo yookaan walaloo sirboota ammayyaa irratti qorannoon geggeeffame baay'inaan hin mul'atu. Haa ta'u malee, qorannoo mata-duree “Xiinxala Qabiyyee Walaloo Sirboota Miidhaafi Diddaa Oromoo Ibsan” jedhu kan bara 2019 Yuunivarsiitii Jimmaatti waraqa digirii lammaffaa ittiin guutachuuf Soofiyaa Huseeniin adeemsifame mata-duree qorannoo kana waliin walbira qabee ilaaluu yaaleera. Garaagarummaan qorannoo Soofiyaa Huseeniifi qorannoo kanaa warreen gurguddoon:

Kan Soofiyaa Huseeniin walaloo sirboota bara 2013-2018 G.C keessatti bahan kanneen siyaasa irratti xiyyeeffatan irratti hundaa'uudhaan kan hojjetameedha. Kaayyoon qorannoo ishees,

- ✓ Qabiyyee walaloo sirboota miidhaafi diddaa Oromoo agarsiisan kanneen bara 2013-2018 G.C keessatti bahan ibsuu
- ✓ Ergaawwan walaloo sirboota Oromoo miidhaa fi diddaa Oromoo agarsiisan kanneen bara 2013-2018 bahan ibsuu fi

- ✓ Ga'ee walaloon sirbootaa Oromoo miidhaafi diddaa mul'isan gama seenaa, hawasummaa, siyaasdinagdeefi tokkummaa uummata Oromoo tumsuu keessatti qaban tarreessuu kanneen jedhan kaayyeffachuun kan geggeeffameedha.

Qorannoon kun ammoo qaaccessa ergaa walaloo sirboota bara 2019G.C keessatti bahan kan jedhuun kan geggeeffamu yammuu ta'u, garaagarummaan isaani:

- Kan Soofiyaa gama walaloo sirboota gama siyaasaan jiran qofa irratti daanga'ee dhiyaate. Qorannoon kun ammo walaloo sirboota bara 2019 keessa bahan hunda isaa qabiyyee kamiin iyyuu kan qabu qabatee dhiyaate.
- Kan soofiyaa walaloo sirboota bara 2013-2018 G.C keessatti bahanitti daanga'ee yammuu dhiyaatu, qorannoon kun ammo walaloo sirboota bara 2019G.C keessatti bahan irratti xiyyeeffatee kan dhiyaatuudha.
- Kaayyoon Soofiyaa kanneen olitti tarreeffaman yammuu ta'u kan qorannoo kanaa ammo ergaa, itti fayyadama afaaniifi irraajalummaa aangoo walaloo sirbootaa kanaan mula'ate qaaccessuufi ibsuu kan jedhu xiyyeeffachuun qorataan qorannoo isaa geggeessuuf kan deemu udha. Kan wal isaan fakkeessu gaalee walaloo sirbaa qaaccessuu irratti qofa kan jedhu ta'a jechuudha.

BOQONNAA SADI: SAXAXAAFI MALA QORANNICHAA

Boqonnaa kana jalatti kanneen ibsaman qorannoo kana geggeessuuf mala qorataan fayyadamuuf karoorseedha. Isaanis: saxaxa qorannichaa, irraawwatama qorannichaa, madda ragaa qorannichaa, mala iddattoo, meeshaalee funaansa odeeffannoo, adeemsa funaansa ragaaleefi mala qaaccessa ragaalee ofkeessatti kan qabateedha.

3.1. Saxaxa Qorannichaa

Qorannoon kun kan geggeeffame ergaa walaloo sirboota hammayyaa kanneen bara 2019 G.C keessatti bahan keessan kan filataman irratti kan xiyyeeffatu yammuu ta’u ergaawwan isaanii xiinxaluudha. Kanarraa ka’uun qorannoon kun mala qorannoo akkamtaatti kan gargaarame yammuu ta’u, kunis ergaa walaloo sirboota hammayyaa kan bara 2019G.C keessatti bahan keessaa kan filataman gama qabiyyee ergaa isaan qabinitti qoqqooduun kan ibsuudha. Sababni malli qorannoo kun filatameefis, Addunyaan (2011, f.63) akka ibsutti “qorannoon tokko haala ibsuurratti xiyyeeffachuun kan gaggeeffame fi ragaalee akkamtaarratti yoo hunda’ee, saxaxni isaa ibsaa akkamtaa (qualitative descriptive) ta’a’ jedha. Kanafuu qorataan qorannoon kun mala qorannoo kanatti yoo gargaarame mijataadha jechuun mala qorannoo akkamtaatti fayyadamee ibseera. Yaada kanas Fileen (2019, ff.112-113) yoo ibsu “Matadureen ragaalee walitti qabamee jiru tokko dhimma maalii irratti akka xiyyeeffatu adda baasee ibsuudhaaf tooftaalee ragaalee akkamtaa itti qaaccessan keessaa isa tokkodha”jedha. Kanarraa ka’uun qorataan ergaa walaloo sirboota qorannoon kun irratti geggeeffame kana ibsuun ergaa isaanii xiinxaleera.

3.2. Irraawwatama Qorannichaa

Qorannoon kun xiinxala ergaa walaloo sirboota Oromoo kana bara 2019 G.C keessa bahan keessaa filataman jedhan irratti kan xiyyeeffateedha. Adunyaan (2011, f. 64 “ Irraawwatamni qorannoo namootaafi dhimmoota qorannoon sun irratti geggeeffamu kan ilaallatuudha” jedha. Qoratichis kanuma bu’uura godhachuun irraawwatamni qorannoo kanaa xiinxala ergaa walaloo sirboota Oromoo kan bara 2019 G.C keessa bahan keessaa filataman irraawwatama qorannichaa ta’ee kan jiruyammuu ta’u, ragaan barbaachisu walaloo sirboota filatamanii gadi fageenyaan dubbisuun ergaa isaanii xiinxaluudha.

3.3. Madda Ragaa Qorannichaa

Maddi ragaa qorannoo kanaa madda raga lammaffaadha (secondary source of data) irratti kan xiyyeeffateedha. Kanaaf, qorataan qorannoo kanaa xiinxala ergaa walaloo sirboota albeema baallii akkasumas sirboota bara 2019 G.C keessa bahan keessaa kanneen filataman kallattiidhaan sakatta'uun sirbicha irratti waan gaggeeffameef malli kun filatameera.

3.4. Iddattoo fi iddatteessuu

Qorannoo keessatti iddattoofi iddatteessuun barbaachisaadha. Kanaafuu, sirboota dhiheenya kana bahan hunda isaanii irratti qorannicha adeemsisuun ulfaataa ta'uurra darbeeyyuu, qorataan tokko qorannoo isaa yammuu geggeessutti kanneen dhimmichi ilaallatu hundarraa ragaalee funaanuun rakkisaa waan taheef iddattoo filatamerra ragaalee argamu bu'uura godhachuun argannoo isaa qaamolee dhimmichi ilaallatu maraaf oolchuun ni danda'ama, jechuun Addunyaa (2011, f. 65) ibseera. Qorataan xiinxala ergaa walaloo sirboota hammayyaa bara 2019 G.C keessa bahan keessaa kanneen filataman mala iddattoo miti carraa /non probability/ keessa isa mala iddattoo akkayyootti /purposive sampling/ dhimma bahee qorannoo isaa gaggeesse jira. Sababni kana filateefis malli kun kaayyoo fi mata-duree qorannoo kana milkeessuuf mala filatamaafi mijataa waan ta'eef. Kunis, qorataan qaama ragaa irraa argachuu danda'e erga addaan baafatee booda qorannoo kan adeemsiseedha. Yaada kana Seale (2004, f.199) akka ibsutti, malli iddatteessuu kaayyeffataa mala ittiin hirmataan mataduree qorannoo waliin hariiroo murteessaa qabachuudhaan filatamudha “defines purposive sampling as a technique where participants are selected on the basis of having a significant relation to the research topic” jedha. Kanarraa ka'uun walaloo sirboota hammayyaa bara 2019G.C keessa bahan keessa kanneen qorannoon kun irratti geggeeffame filatameera. Bara kana sirbi albeemiin bahe tokko qofa yammuu ta'u, kanneen biroon qeenxeedhaan kudha sadii (13) bahanii jiru.

Kana bu'uura taasifachuudhaan qorataan walaloon sirboota albeema baallii jedhu sirboota kudha-afur kan ofkeessatti qabatu yammuu ta'u, walaloon sirboota kanaa nama tokkoon kan barreeffaman waan ta'eef ilaalchaafi sansaka nama dhuunfaa qabu tokko mul'isu jedhee qorataan waan yaadeef, walaloo sirboota kudha-arfan keessaa saddeet fi kanneen qeenxeedhaan bahan keessaa ammoo walaloo sirboota ja'a filateera. Walaloo sirboota kana qorataan akkataa baasii fi yeroo qorannoon kun keessatti adeemsifamee xumuramu ilaalcha keessa galchuun isaanis mala

mit-carraa ta'ee mala kaayyeffataan filatera. Walumaagalatti, qorannoo kana geggeessuuf walaloo sirboota kudha-afurtu filatame jechuudha. Kanaafuu, qorataan kaayyoowwan isaa ergaa walaloo sirboota kanneenii adda baasuu kan jedhurratti hundaa'uun kallattiin xiinxaluuf mala odeeffannoo funaansa sakatta'a walaloo sirbaa gochuun qorataan qorannoo isaa gaggeesseera.

3.5. Meeshaalee Funaansa Ragaalee

Qorannoo kana keessatti malli ragaaleen ittiin sassaabame mala xiinxala barruu (textual analysis) dha. Sababni qorataan mala kana filateef Waraabbii sirbootaa gara barreeffamaatti jijjiiree booda maqaa weellisaa fi mata duree sirbaa bara gad-lakkifameen adda baasee xiinxaleera. Kana ilaalachisuun, Addunyaa (2011, f.71) yaada kan yammuu ibsu, "odeeffannoo akkamta keessatti odeeffanicha qopheeffachuun irra deddeebi'anii dubbisuun keessoo isaa baruu, qoqqooduu, ibsuufi hiikuun adeemsa qorataan beekuu qabu keessaa muraasa" jechuun ibseera. Kanuma irratti hundaa'uun qorataan qorannoo isaa geggeessuuf mala kana filateera. Mala kana kan filateefis, barreeffamootaafi ragaalee walaloo sirbaa sana keessa jiru irraa ragaalee funaanuuf waan gargaaruufi. Xiinxalli barruu dhihaate keessatti jechootaafi himootatti qoqqooduudhaan akka isaan xiinxalaaf mijatanitti hojjechuuf kan gargaaru waan ta'eef. Yaada kana bu'uura godhachuun ragaaleen qorannoo kana xiinxala ergaa walaloo sirboota bara 2019 G.C keessa bahan keessaa filataman jedhan keessatti mul'atan funaanuun waan xiinxaleef meeshaalee funaansa ragaalee keessaa xiinxala barruutti gargaaramee odeeffannoo sirboota filataman irra deddeebi'uun gadi fageenyaan erga xiinxalee booda ragaalee qorannichaaf gargaaran ergaa isaa xiinxaluun dhiyeesseera.

3.6. Adeemsa Funaansa Ragaalee

Qorannoo tokko geggeessuu keessatti odeeffannoo qorannichaaf ta'u walitti qabuun murteessaadha. Ragaaleen kaayyoo hojii qorannoo kana galmaan ga'uuf qorataan itti gargaarame odeeffannoo madda ragaa duraa irraa funaanuuniidha. Kanas sirboota karaa marsariitii irratti gadi lakkifaman laaptoppii, CD, filaashiifi mobaayilitti fayyadamee sassaabbate erga sirriitti irra deddeebi'ee dhaggeeffatee booda gara barreeffamaattii jijjiireera. Adeemsa kana raawwachuuf xiinxala ergaa walaloo sirboota bara 2019 G.C keessatti bahan keessaa kanneen filataman jedhan keessatti mul'atan gadi fageenyaan dubbisuun ergaawwan achi keessa jiran adda baafatee booda, qabiyyee isaanitti qoqqoodeera. Walumaagalatti, adeemsa funaansa

ragaalee qorannichaa qabatamaa taasisuuf qaaccessa ergaa walaloo sirboota albeema baallii keessa jiran akkasumas kanneen bara 2019 G.C keessa bahan keessaa filataman jedhan keessatti mul'atan, erga walitti qabamni booda dhaggeeffatamanii gara barreeffamaatti jijjiiramuun, ergaa maalii hawaasichaaf dabarsaa jira kan jedhu xiinxalameera.

3.7. Mala Qaaccessa Ragaalee

Ragaaleen erga funaanamanii booda qabiyyee qabiyyeetti qooduun hiikamuun ibsa itti kennuun qaacceffamaniiru. Kana keessattis malli filatamu mala qulqulleeffataa (mala qorannoo akkamtaa) dha. Sababni malli kun filatameefis Fileen (2019, f.112) akka ibsutti “odeeffannoon saxaxa qorannoo akkamtaadhaaf tooftaalee fi meeshaalee adda addaatiin walitti qabamu kallattii adda addaan xiinxalamuu fi qaacceeffamuu danda'a” jedha. Kunis malleen qaaccessa ragaalee jiran keessaa malli kun odeeffannoo jechootatti garagaaramuun kan ibsuudha. Odeeffannoon meeshaalee funaansa ragaatiin funaanamanis xiinxala ergaa walaloo sirboota hammayyaa bara 2019.G.C keessatti bahan keessaa kan filataman jedhan irratti xiyyeeffate. kanaafuu, hojiin qorannichaa mala ibsaan (descriptive method)fi mala xiinxala barruutiin (text analysis) dhimma bahame. Walumaagalatti, ragaaleen funaanaman kanneen walfakkaatan erga sirriitti dhaggeeffatamanii barreeffamatti jijjiiramanii booda qabiyyee qabiyyee isaanitti qorataadhaan qoqqodamanii xiinxalamaniiru, dhumarratti, cuunfaa, argannoofi yaboon qorannoo kanaa dhiyaatanii jiru.

BOQONNAA AFUR: DHIYEESAAFI QAACCESSA RAGAALEE

Kutaan kana jalatti odeeffannoowwan meeshaa funaansa ragaa boqonnaa sadi jalatti ibsamaniin iddattoowwan irraa walitti qabaman iddoo hiika itti argataniidha. Qorataanis kanuma bu’uura taasifachuun odeeffannoo kallattii garagaraan iddattoorraa funaaname bifa armaan gadiin xiinxaleera. Adeemsa xiinxala ragaa qorannoo kanaa keessatti odeeffannoowwan xiinxala barruutiin funaanaman walaloo sirbootaa akaataa isaan ergaa dabarsaniin walitti fuudhamanii maddi isaanii irratti yookaan jalatti barreeffamuun walitti qabamanii iddoo tokkotti kan xiinxalamaniidha.

4.1. Seensa Qabiyyee Walaloo Sirboota xiinxalamani

Ogbarruun ogumaafi dandeettii dhalli namaa ittiin aadaa, duudhaa, falaasamaafi haala jireenyasaa, akkasumas dhageettii keessoosaa; gaddaafi gammachuu qabu ittiin ibsatuudha. Ogbarruun kalaqa sammu ilma namaati. Asafaa (2009) akka ibsetti, “Literature is the cultural heritage of peoples. It is a record of man in diversity of forms at varies levels of scholarship.” Yaada kana irraa kan hubannu ogbarruun dabarsaaa aadaa uummataati. Galmeen jiruu fi jireenya ilmoo namaa, kan namoota hubannoo, beekumsaa, muuxannoo fi sadarkaa adda addaa qabaniiti.

Namni haala keessa jiraatu hunda ogbarruu fayyadamee barreeffamaan ykn afaaniin himuun mul’isuu danda’a. Ogbarruun barreeffamaa kan namaan kalaqamee namaaf dhiyaatu kun goorowwan gurguddaa sadii ofjalaa qabu. Isaanis: asoosama, walaloo fi diramaadha. Qorannoo kana kana keessattis xiyyeeffannoon isaa qaaccessa ergaa walaloo sirbaa waan ta’eef, dameewwan gurguddoo sadan ogbarruu jiran keessaa walaloo jalatti kan ramadamuudha. Walaloon gosa aartii yeroo durii kaasee kan jiruufi dhalli namaa baroota dheeraaf gaddaafi gammachuu, amantii, hawwiifi fedhii, haala jiruufi jirenyaa, mudannoo isaanii haala adda addaan itti weeddisaniifi faarsaa turan jechuun (Zerihun 2000, f.73) ibsee jira.

Gama biraan Walaloon hojii aartii jechoota humnaa cimaa fi dhikkisa qabaniin kan ijaarameedha. Karaa biraan ammoo, Kennedyfi Gioina (1995, f. 579) walaloo akkas jechuun hiika. “Poetry is a rhythmical composition of words expressing an attitude, designed to surprise and delight, and to arouse an emotional response,” jechuun ibsa. Yaadni armaan olii kunis walaloon jechootni filatamoon walitti qindaa’uudhaan ilaalacha, jajuu ykn gammachuu, jibba fi karaa miira ofii ittiin

ibsataniidha jechuun kan ibsuudha. Walaloon goorowwan xixiqqaa sadiitti kan qoodamuudha. Isaan keessaa walaloon sirbaa gooroo walaloo liirikii jalatti kan ramadamuudha. Sababni isaa walaloon liirikii kan qindaa'u, walaloo unka sirbaan guutame ta'ee namni aare tokko jechootatti fayyadamuudhaan karaa ittiin aarii isaa ittiin ofirraa cabsu yookaan waan keessoo ofitti dhaga'amee nama hudhe tokko walalootti gargaaramuudhaan karaa ittiin ofkeessaa baasanii aarii ofii ittiin cabsataniidha. Keessumaa gosti walaloo kun walaloo sirbaan guutame waan ta'eef, karaa walaloon sirbaaf barreeffamu ittiin daddarbuudha. Misgaanuu (2012, f.68) irratti yammuu ibsu, "ogwalaloon liirikii unka ogwalaloo sirbaaf oolu waan ta'eef irraa-gata miira dhuunfaa ibsuuf unka ogwalaloo biroo caalaa waan gargaaruuf baay'ee gabaabaadha" jechuun ibsa. Yaada armaan olii kana irraa akka arginu walaloon liirikii gosoota walaloo keessaa kan walaloon sirbaaf oolu ittiin qindaa'uufi gaggabaabbatee akkaataa sirbaaf ta'utti kan barreeffamu, dhageettii miira keessoo ofii karaa ittiin baasanii ibsataniidha.

Qorannoon kunis walaloo sirboota bara 2019 G.C keessatti bahan keessaa kannen filataman irratti yammuu xiyyeeffatu, walaloo sirba kana keessatti qindaa'an kunis qabiyyee siyaasaa, hawaasummaa: aadaa, gootummaa, seenaa, safuu, fi dinagdee weellisaan qindeeffamanii kan barreeffamaniidha. Walaloon sirbaa kun wantoota hawaasa keessatti mul'atan kana weellisaadhaan itti yaadamanii kan barreeffamaniifi weellisaan dhageettii keessoo isaafi wantoota hawaasa keessatti taajjabe yookaan deggere kan miira isaa haalaan kakaase qindeessuun akkaataa sirbaaf tolutti kan qindeeffameedha.

4.2. Xiinxala Qabiyyee Ergaa Siyaasaa walaloo sirboota filataman keessatti

Walaloon sirboota Oromoo bara 2019 G.C keessatti bahan armaan gadiis waloodhaan qindaa'ee gidiraa saba isaarra jiru, kan isa quqquuqe ibsuuf kan dhiyaate xiinxala armaan gadiin dhiyaateera. Walaloo sirbaa '**Kormatu Korma**' kan Galaanaa Gaaromsaa (2019) waa'ee qbsaa'ota haqaa Oromoof qabsa'an yammuu ibsu,

...

Onnataa dhiiraa

Sabasaaf gaachanaa

Wabiidha hubadhaa ijoollee

Gaafa roorroo ilmi murtiirraa hin oolle

Akkaafuu koorree
Gaafa lolaas itti geerara
Harallee geenyee
Gaafa tolaa goota ta'uu yoom feene?

...

Galaanaa Gaaromsaa,(2019)

Sabni Oromoo baroota hedduuf garbummaa jala jiraachuu irraa kan ka'e mirga isaa kabachiifachuuf jecha yeroo dheeraaf qabsoora ture. Kanas walaloo sirbaa Sararri walaloo(1) irra jiru waloon 'onnataa dhiiraa sabasaaf gaachana; wabiidha' jechuun eegala. Garbummaafi cunqursaa saba isaanii irra jiru mormuuf, garbummaa ofirraa fonqolchuuf gara kuteessi, kan sabasaa of kennee qabsaa'u goota qaba jedha. Oromoonis miidhaa isarra ga'u aaree sabasaatiif kan dhaabbatu, kan roorroo irraa deebisu, kan falmuuf goota qabaachuu isaa agarsiisa. Yammuu roorroon sabasaatti roorrisu, cunqursu, ajjeesu, akka fedhetti ergatu kan sabasaatiif ka'ee garbummaa jalaa bilisoomsu, dhiira wabii sabasaa ta'ee ofkennuun qabsaa'u qabna jechuun ibsa. lolee ajjeesee kan mo'atu qabna jedha. Gaafa lolaa kan mo'atee itti geeraru; kan kooree nu koorsu tolaan osoo hin taanee lolaan mo'atee sabasaa bilisoomsu gaachana uummataasaati jechuun ibsa. Kun ammoo saba Oromoo miidhuuf kan kaatu yoo ta'e qabsa'aan saba isaatiis sodaatee kan irraa hafu miti jechuun ibsa. Gaafa roorroon Oromootti roorrisuuf, cabsuuf, miidhuuf, ajjeesuuf kaatu gootni fi qabsa'aan Oromoos kan sirraa hin hafne, kan si sodaanne qabna. Gootota saba isaniif dhaabbatan kana qabaachuun ammoo nu koorseera jechuun Sarara walaloo (2,3,4fi 5) irratti ibsee jira. Sarara walaloo(6) irratti itti fayyadamni jechaa 'Gaafa lolaas itti geerara' waloon yammuu jedhu kun kallattiin osoo hintaane alkallattiin ergaa dabarsaa jira. Loluu dhaqanii geeraru jechuu miti. Iddoo lolaatti ajjeesuu fi du'uutu jira. Wanti gara lolaa deemaniifis lolanii ajjeesanii mo'achuuf malee lola dhaqanii dhaabatani yookaan lolaa hin geeraran. Yammuu gara lolaa deemutti jiran wal onnachiisuuf geeraruun ni danda'ama. Dirree lolaa dhaqanii lola lolaa yookaan dhaabbatani geeraruun hinjiru. Haata'u malee waloon gaafa lolaas itti geerara yammuu jedhu lammiin gootaa; mo'ee malee mo'amee hin beeku. Kanaafuu dhaqee lolee; mo'atee galee geerara jechuudhaan ergaa dabarsaa jira. Sabni Oromoos tolaan ykn akkasitti as hin geenye. Lolee mo'atee, seenaa galmeessee, injifatee hanga har'atti jiraatee as ga'e jechuun ibsa.

...

Ilaamee koodee

warri biyyaaf darbe lubbuudhaan erga nuuf dhiisee

Haqa sabaaf darbee lubbuusaa baase

Dagachuu hin taatu lammataa deebitee

Aduunuu goobantee hin baatuu

Warra lubbuun darbe anaan nyaatu

...

Galaanaa Gaaromsaa(2019)

Sarara (1 fi 2) irraa ka'ee kan ibsu ammoo waloon adaraa gootota wareegamanii adaraa dhalootatti dbarsanii dabarsee dhalootatti hima. Kanas sabasaanii bilisa baasuuf, roorroo falmuuf jecha lubbuusaanii kan kennan; kan wareegaman kaayyoo isaanii isa haqa sabasaaniif osoo falamanii darban sana nutti kennanii jiru jedha. Oromoofi Oromiyaa bilisoomsuuf osoo qabsa'anii kan du'an goototni Oromoo dhugaa falmuuf, haqa Oromoo deebisuuf wareegaman jedha. Kanaafuu nuyi immoo sarara (3) irratti 'dagachuu hin taatu' jechuun dhalootatti akeekkachiisa. Kaayyoo isaan wareegamaniif hin irraaffannu. Dhugaan Oromoo ammayyuu hin deebine Kaanee haa falmannu jechuun saba kakaasa. Sarara (4) 'aduunuu goobantee hin baatu, warra lubbuun darbe anaa haa nyaatu' jedha sarara (6). Kunis, aduun guddatee baate osoo hin taanee erga baatee sirriitti ifaa guddataa deemti. Qabsoon, diddaan garbummaas namoota muraasaan jalqabee dhalootatti darbuun qeerroofi qarreetti dabarsanii har'a nu warra baay'eetti dabarsan kana yaadachaa, lafee cabuu fi dhiiga dhangala'uu, lubbuu baduu isaanii yaadannoo godhachaa jabaannee falmachuu qabna jechuun ergasaa dabarsaa jira.

.....

Seenaa maalee kan hin dulloomne namuma

Eemmulee goota waayi yaa seenaa gootaax2

Mazuuleettu guugse goota waayi yaa seenaa gootaa

Abaaboo itti jigsee gootaa waayi yaa seenaa gootaa

Loltee gaafa fardaa goota waayi yaa seenaa gootaa

Maashoo gaafa sardaa goota waayi yaa seenaa gootaa

.....

Galaanaa Gaaromsaa (2019)

Sararri walaloo (16) irraa ka'ee jiru 'daaleenkoo gurraacha eeboo micciire' kan jedhu Oromoon dur yeroo Fardaarra ta'aniifi eeboof gaachanaan lolaa turan sana lolaa akka ture yaadachiisuun (17) irratti ati sobaaf dhaabatee, soba deggertee dhugaa sabakoo dhoksa jirta. Sobaaf deggersa gochaa jirta; an garuu ati yoo sobdes kaayyookoo isa sirrii; isa dhugaa hin dhiisu jechuun ibsa. Kana ibsuuf ammoo sarara (19) irratti jechoota 'bajjii' 'somboo'waliitti fiduun ibsa. Bajjiin qotuuf bay'ee jabaata. Gindoo cimaa barbaada qottuun kun garuu somboo muka laafaadhaan qotuu dhaqa. Somboon kun waan laafuuf bajjii kana qotuu hin danda'u; kanaaf ofumaa garaftee osoo sirritti buqqistee hin qotin dhiisuufi jechaa jira. Kanaaf waloon waan wal hin fakkaanne wal hin fakkeessin. Soba dhugaan dhoksuu hin yaalin jechuun mootummaa sabasaa sobaa, miidhaa jirutti himaa jira. Warri du'aa jiran dhugaaf falmuuf jedhaniiti malee akkasumaan miti. Kun ammoo seenaadha; kanaaf beeki! Jechuun ergaasaa dabarfataa jira.

Galaanaa Gaaromsaa (2019) itti dabaluun ciminaafi gootummaa Oromoo ibsuun akka inni itti diina ofirra qolatu yammuu ibsu,

...

Hin dhufin jennaan dhuftekaa

Hin tuqin jennaan tuqxekaa

Erga tuqxe eeggadhu kaa

Leenca ta'uu beekkadhu kaa

...

Sararri walaloo(1fi 2) irratti, dhugaa saba koo dhoksuuf jecha erga kaatee, osoon si gorsuu sabakoo miidhuuf erga dhuftee; sabnikoo sin dhiisu jechuun yammuu ibsu 'hin tuqin jennaan tuqxekaa, hin dhufin jennaan dhuftekaa' jechuun dhiyeessa. Akka inni sabasaatti hin buuneef gorsaa, itti himaa ture garuu, mootummichi gorsa hin fudhatu. Kanarraa ka'uudhaan sarara (3) irratti erga si gorsinaan diddee sabni koo leenca jedha. Fakkoommiin kun Oromoo biratti jabaa, kan hin sodaannefi kan hin mo'amne ta'uu isaa agarsiisa. Ati tuqnaan sin dhiisu jechuun

gootummaafi cimina sabasaa itti hima. Ofirraa si deebisuuf ga'aadha jechuun maalummaa Oromoo ibsuun ergaa dabarsa.

Waabeen hin dammeessitu duruu
Maal gochuu gaaguratti seentee
Hurguftee keessaa hin yaaftuu gurbaa?
Dhiisi tuttuqaa kanaa kanaa
Tuttuqnaan leenci nama nyaataa
Onnattee ilaali jal kaayyooo kormaax2

...

Galaanaa Gaaromsaa, (2019)

sarara(1) irratti immoo waabee wajjin walfakkeessee akka inni fudhatama hin qabne yookaan gatii kan hin qabnee ta'uu isaa itti hima. 'wabeen hin dammeessitu, maal gochuu gaaguratti seente duruu' jedha sarara walaloo(1fi 2). Kana jechuun waabeen gosa kanniisaa keessaa kan ilkee hin qabneedha. Alaa hojii hojjetti malee gaagura keessatti ga'ee hin qabdu. Atis hamma kanniisa waabeeti jechaa jira. Gaagurri ammoo teessoo (mana) mootummaati. Ati bakka sanatti bu'aa hin buuftu durumaa jechaa jira. Achi teessee saba Oromoo tuttuqaa jirta. Tuttuqqiin kee immoo lola fida jechuun ibsa. Kanaaf qeerrootaan achii gadi baasi sarara (3) jechuun ergaasaa dabarsaa jira. Sabni ati tuttuqaa, ajjeesaa, itti roorrisaa jirtu kun leenca. Erga tuqxeemmoo sin dhiisu jechuun ibsa.

.....

Kormatu kormaa korma yaa dawwee

Karrayyuun korma qeerrootu

Sikkootu korma kormatu korma korma yaa dawwee
Mandootu korma kormatu korma korma yaa dawwee
Maccatu korma kormatu korma korma yaadawwee
Tuulamni korma Oromoon korma Oromoon korma x2

.....

Galaanaa Gaaromsaa, (2019)

Sarara walaloo (1) irraa ka'ee jiru walaon walaloo sirbaa kanaan cimina, jabina, gootummaa sabasaa ibsuuf jecha 'korma' jedhutti gargaarameera. Uummata Oromoo biratti kan beekamu kormi kan hin sangoomiin jechuudha. Kormi cimaan bineensota akka leencaa, gafarsaafi kkf loluu kan danda'uudha. Walaonis kana irraa ka'uun gosa Oromoo maqaa dha'uun cimina isaanii faarsuun eenyuun iyyuu kan hinsodaanne ta'uu sabasaa ibsa (sarara 2,3,4,5). Ati saba kana yoo miite iyyuu sabnikoo garuu si sodaatee siif hin mo'aamu; ni mo'ata malee jechuudhaan ergaa dabarsaa jira.

Kanarraa ka'uun, gosa sabasaa yookaan gosa Oromoo jajuun falmachuu akka danda'u, roorroos ofirraa deebisuu akka danda'u goota; korma jabaa akka ta'e itti himuun ergasaa dabarsaa jira. Kanaafuu Oromoo loluu dhiisi, inni jabaadha lolatti seennaan si mo'ata jechuun ergaa dabarsa.

.....

Si jalatti hayyuun hasaasa

Dhugaa jal'ate soroorsa

Gumeefi gumaa nii baasa

Harka dhiige qulqulleessa

Odaan mallattoo biyyaati

Ibsituu oromummaati

Yaa obsakee

Ittuma dhiifta wal'aalaan qottoon si muraa

Yaa tola kee odaa

.....

(Galaanaa Gaaromsaa 2019, Baallii)

Sarara walaloo (1 fi 2) ka'ee jiru ammoo walaon Odaa mallattoo Oromoo yammuu ibsu 'hayyuun si jalatti hasaasa' dhugaan yoo dabe Odaa jalatti qajeelcha jechuun ibsa. Akkasuams Odaan bakka walga'ii ykn galma itti walga'an bakka bu'a. kanaafuu, ulfinaafi kabaja Oromoon Odaaf qabu agarsiisuuf beekaan iyyuu si jalatti ni hasaasa jedha. Sarara (3 fi 4) 'gumeefi gumaa ni baasa' jechuun isaa bakki itti isa wal lole araarsu, warra wal ajjeese iddoon itti gatii baasisan fi

seraafi dambii sabni ittiin bulu baasan Odaa jalatti jechuun ibsa. Kana jechuun galma walga'ii Oroomooti jechuudha. Harka dhiige qulqulleessa yammuu jedhu, achitti miicee xurii irraa baasa jechuu miti. Inni yakka hojjete bakki inni itti adabamu, gatiin yakka hojjeteef baasu jechuudha. Kanaafuu Odaan kabaja guddaa qabachuu isaa walaloo kanaan ergaa dabarsaa jira.

Uummatni Oromoos kormi cimaa, kan hin sodaatne ta'uutti beeka. Waloon sirbaa kunis karrayyuun korma, Oromoon korma jechuun isaa sabni kun cimaa akka ta'e ibsuuf jedheeti. Sarara (5) harka dhiige qulqulleessa jechuun waloon kan fayyadame harka dhiige kan qulqulleessu bishaani. Haata'u malee, waloon walaloo sirbaa kana keessatti harka dhiige qulqulleessa yammuu jedhu nama nama ajjeese kan jalatti gumaa baasaan, iddoo araaraa ibsuuf Odaa faarsaa jira. Jechi kun hima kana keessatti Odaa faarsuuf (ibsuuf), bakka araaraa, bakka jaarsummaan itti ta'amu, seerri itti tumamu iddoo Oromoon itti walga'u waanta'eef, kana ibsuuf jechi kun akka ibsituu Oromummaa yookaan agarsiistuu Oromoo ta'usaa ibsuun ergaa dabarsee jira. Kanas 'ibsituu Oromummaati' jedha sarara walaloo (6) irratti. Sarara (7) irratti, yaa obsakee Odaa jechi jedhu kun mukaaf osoo hin taanee namaaf fayyada ture. Hima kana keessatti Odaan muka guddaa, ulfina qabeessa ta'uusaa ibsuuf amalli namaa kennameefii Odaan obsa qaba utuma wal'aalan qottoodhaan si muruu ati hin dubbanne obsa qabda jechuun ibseera.

.....

Yoo yandoon si tume	dhaqi odaa bisil jala
Yoo hammaate bubbeen	dhaqi odaa bultum jala
Yoo si yaame hayyuun	dhaqi odaa bulluq jala
Yoo ammaate aduun	odaa roobaa jalatti
Maaf si nyaatti ormi	odaa nabee jalatti
Qe'ee abbaa keerrati biyya abbaakeetii irraatti	
Yoo aduun si gubee	dhaqi odaa bisil jala
Yoo bubbeen sit dhufee	dhaqi odaa bultum jalaa
Yoo si yaame hayyuun	dhaqi odaa bulluq jalaa
Haa wal geessu lammiin	odaa roobaa jalattii
Yoo mari'anne tolaa	odaa nabee jalatti

Kamtu dhiira lolaa biyya abbaa keetii irrattii
Biyya abbaakee x 3 biyya abbaakeetii irrattii 3x

.....

(Galaanaa Gaaromsaa 2019, Baallii)

Sarara walaloo(1,2fi 3) irratti walaan ‘yandoon yoo situme’ jedha. Kunis sobaan yoo miidhamaa jiraatte, haalli ati keessa jirtu sitti cimee si miidhaa yoo jiraate Odaa Roobaa bakka hayyuufi beekaan Oromoo jiru bira deemi jedha. Kunis, achitti falasaa Oromoo wajjin waan mari’attanifi beekaa Oromoo bira dhaqi achitti falli argamaa jechuun ergaa dabarsa. Siyaasa da’oo godhachuun yoo miidhamaa jiraatte, yoo du’aa jiraatte, yoo biyya kee irraa ari’amaa jiraatte Oromoo wajjin walga’aatii mari’adhaa jechuun ergaa dabarsa. Sarara walaloo (4fi5) irrattis osoo bakka itti mari’attan qabdaniif maaf ormi si dhiiba. Maaf biyya abbaa keetii irraa ari’ama? Mari’adhaatii fala ka’adhaa jechuun ergaa dabarsa.

Sararri walaloo (6,7,8) ‘ yoo aduun si gube dhaqi Odaa Bultum jala’ jedha. Mukti guddaan dameef baala qabu gaaddisa ta’ee nama tajaajiluu ni danda’a. walaan garuu ‘aduun yoo si gube’ Odaa jala dhaqi jedha. Kan walaan ajajaa jiru gaddisa isaa barbaachaaf miti. Iddoo hayyuun jiru achi, lafi itti mari’atan, seera baasan achi waan ta’eef achitti furmaata argattaa achi dhaaqi jechuun ergaa dabarsaa jiru. Haalli kallattii mootummaa kan sabakee akka aduutti gubu yoo ta’e, akka bubbeen muka akka barbaadetti raasutti saba kee buqqisuuf raasa yoo ta’e, akkaataa itti ofirraa deebistu hayyuukee wajjin mari’adhu jechuun ergaa dabarsaa jira (sarara 9,10fi 11).

.....

Himuuree nan aaree x2

Utuu qotanii kan dhagaa jalaa baatu ilbiisa
Utuu dhorkanii kan madaa namaa nyaatu tisiisa } x2

Siidaa dhaabatu ragaa dabsitee

Ijaarsa daboo dhiigaan ibsitee

Seenaa fokkissaa wal hin dhaalchifnuu

Kan saani dhalteef sangaa hin faarsinu

Hayyummaa Gadaa haa beeku hundi

Kan quba hin qabnetu ofhooqa gandii

Hojjennu malee seenaa hin hannuu

Biyya abbaa malee haadhaan hin himnu

.....

Galaanaa Gaaromsaa,(2019)

Sarara walaloo(1) irratti waloon waan isa aarsetu jira. Kanaan dura waan dhoksa ture qaba. Gochi raawwatamaa jiru waan isa aarseef ‘himuuree nan aare’ jechuun waan isa ol tuttuqe, kan isa quqquuqe himuuf qopha’uu isaa ibsa. Osoo jibbanii, si arguun fedhii koo osoo hin ta’in mul’achuu barbaadda jechuun ibsa. Kanas utuu qotanii madda kee balleessuuf jedhanii diddee mul’atta jedha. Ilbiisota akka rirmaa, doondaa koobii isaan ijaarratanii jala ya’aan diiganii, qotanii yoo balleessan ilbiisotni sunis ni badu. Tisiisni utuma madaa irraa eeganii dhuftee irra qubatti (sarara 3). Tisiisni uumamaan dhukkuba waan daddabarsituuf namni kamiyyuu hin jaal’atu. Waloonis ilbiisota kanatti fakkeessuun ati sirni kee, akkataa bulchiisa kee osoo nama jibbiisuu, osoo fudhatama hin qabaatiin, humnaan as baate jechuun ibsa.

Kanas sarara walaloo (4) irraa ka’uun, kan akka jibbamu godhe ragaadhaan ibsa. Innis kan lafeen itti cabe, kan dhiigni itti dhangala’e, kan harmifi harki itti murame raga dhoksitee; ijaarsa daboodhaan ijaarame olkaastee nurratti faarsite; ni dhaadessite jedha. Silaa olkaastee addunyaatti beeksisuun kan sirra ture seenaa kan calanqoo, kan aanoooleefi seenaa Oromoo inni biyya kana ijaaruu keessatti dalage ture. Ati garuu isa dhiistee kan harma haadholii keenyaa irraa ciccirefi kan harka gootota keenyaa irraa ciccire Minilikiif siidaa sobaa dhabde jechuun ibsa (sarara 5 fi 6). Sirna Gadaafi sirna bulchiinsa diimokiratawaa addunyaa kana kan biyya kanaaf buuse dhiistee, kan seenaa hin qabne olkaastee faarsite. Seenaa kan qabu dhoksitee, abbaan biyyaa sabni Oromoo osoo jiruu, seenaa akka waan dalaganitti seenaa Oromoo hattee Minilikiif laatte jechuun ibsa (sarara 7fi8). Kanaaf jibbamte jechuudhaan ergaa isaa sarara walaloo(9,10,11fi 12) irratti ibsuun ergaa dabarsaa jira.

.....

Maahibuuba	biyya barsiifte	himiif dhugaa
Addunyaattii		dhugaa-dhugaa
Qawwee in gurgurre		himiif dhugaa
Garbummaatti		dhugaa-dhugaa

Shambal abbabaa himiif dhugaa
Fiigichaani dhugaa dhugaa

.....

Galaanaa Gaaromsaa,(2019)

Waloon itti fufuudhaan seenaa Oromoon biyya kana keessatti qabu raga dhiyeessa. Sarara walaloo (1) irraa kaasee seenaa goototni Oromoo hojjetanii qaban dhiyeessa. Fiigichaan shambal Abbabaa, Ogbarruun, looret Tsaggayee, qorannoodhaan Gabbisaa Eejjetaafi Jeneraal Taaddasaa Birruu leenjisa Nilsan Mandeellaa akka ta'e(sarara 2,3,4,5,6) raga wajjin dhiyeessuun, dhugaafi seenaa sabni Oromoo biyya kana beeksisuu keessatti qabu ibse. Mootummaan amma jiru kun garuu seenaa dhugaa jiru kana mara dhoksuun seenaa sobaa olkaastee ibsite jechuun ibsa. Kunis sabni Oromoo ga'ee guddaa biyya kanaaf oolee osoo jiruu ati bu'aa siyaasaaf jecha sirrii akka hin taane walaloo kanaan ergaa dabarsaa jira.

.....

LooretTsaggaayee himiif dhugaa
Ogbarruuni dhugaa- dhugaa
Gabbisaa ejjetaa himiif dhugaa
Qorannooni dhugaa-dhugaa
Taddeetu barsiise himiif dhugaa
Mandeellani dhugaa- dhugaa
Himuuree nan aaree x2
Nutu beeka asumatti
Ragaatu jira Aksumitti
Qarooma Kuushin sirba
Guddifachaas nu qabaa

.....

(Galaanaa Gaaromsaa 2019, Kuush)

Sarara walaloo(1-11) irratti kan jiru biyya kana utubuu keessatti raga heddu osoo qabuu, ati dhoksuu barbaadde, ani garuu qarooma kuush kana nan sirba jechuun ibsa. Walumaagalatti, gochi qaamni biyya bulchaa jiru seenaa sabasaa dhoksee, bu'aa siyaasaaf jecha kan biraa faarsu kun sirrii akka hin taane, seenaa inni dhaadessaa jiru immoo soba akka ta'e ergaa dabarsaa jira.

.....

Aadde Warqituu-uu-uu-uu

Kansaa nyaachistee	himiif dhugaa
Kanumsaanii	dhugaa dhugaa
Ba'aa garbummaa	himiif dhugaa
Dadhabnaani	dhugaa- dhugaa
Balaayi Zallaqaa	himiif dhugaa
Gootummaani	dhugaa –dhugaa

.....

(Galaanaa Gaaromsaa 2019, Kuush)

Sarara (1) irratti waloon seenaa gootummaa Oromoo adde Warqituu ibsuun eegala. Aadde Warqituum mootii Walloo turte. Bara 1968 lola Maqdallaatti Tewodroos lammaffaa(Kaasaa Hayiluu) mootii Gondar kan ture humnaan lafa babal'ifannaaf mootii Walloo kanatti lola banee ture. Lola kanarratti mucaan aadde Warqituu wareegamnaan, aadde Warqituum aariidhaan lola kana loluutti makaman. Kananis lola sana keessatti mootii Gondar Tewodiroos lammaffaa adde Warqituum ajjeesuu abbaa mirgaa taatee lolicha injifatan (sarara2,3,4). Meeshaa kanuma isaa irraa hiikuun ittiin ajjeeste. Balaayi Zallaqaas goota Oromoo biyya birmadummaa ishee kabachiise ta'ee osoo jiruu dhoksite jechuun erga dabarsaa jira (sarara 5,6). Kun ammoo waloo akka aarseefi saba seenaan gootummaa isaa jalaa dhokfamee jiru akka aarsaa jiruufi seenaa inni hin jaal'anne kan sobaafi kan isa miidhaa ture olka'ee siidaan dhaabbachuufiin kan saba Oromoo aarsaa jiru akka ta'e ergaa dabarsaa jira.

.....

Ijaarre biyya	himiif dhugaa
Waa hundaani	dhugaa- dhugaa

Qaroomni kuushii himiif dhugaa
 Hayyuummaani dhugaa- dhugaa
 Himuuree nan aaree
 Himuuree nan aaree
 Seenaan hima kan aduwaa
 Utuu ta'ee biyyaaf daawwaa
 Seena ofwaamtuun didee
 Anis kankoo nan fedhee

 Galaanaa Gaaromsaa(2019)

Biyya kana ijaaruuf sabni Oromoo karaa hundaan akka ta'e waloon ni ibsa. (sarara walaloo 1fi 2) irratti ga'ee biyya kana utubuu keessatti qabu ibsee jira. Gootummaadhaan, beekumsaan, sirnaan: sirna biyyaaf ta'u sirna Gadaa, sirna sablammoota hunda walqixatti ilaalu kalaquun, lolaan yammuu biyyi Itiyooophiyaa weerartoota Xaayilanii jalatti kufte lolee weerartoota kan biyyaa baasee biyya koloneeffatamuu jalaa oolche Oromoo ta'ee osoo jiruu seenaan isaa dhokachuun sabicha aarsaa akka jiru ibsuun ergaa dabarsa(sarara 3,4fi5). Gochi uummata isaatii kun dhokachuun ammoo waloo aarsuun amma seenaa dhakate kana nan hima sarara walaloo (6fi 7) jechuun ibsa. seenaa gootummaa saba Oromoo kana dhaga'uun kan si gargaaru yoo ta'e sittan hima jedha. Walumaagalatti ati seenaa Oromoon biyya kana hundeessuufi utubuu keessatti qabu dhoksuu barbaadda ani garuu sittan hima jechuun ergaa dabarsa

Itti fufuudhaan walaloo sirbaa '**Damarroobileekoo**', kan Galaanaa Gaaromsaa(2019) keessatti Oromoon waan gaarii tokko arguuf ka'ee garuu wanti isaa dhoksaa jiru akka jiru yammuu ibsu,

....
 Yoo roobee gungumee
 Lafti gabaa in margaa
 Yaa tulluu gad jedhi
 Naman yaaden arga

Saba Oromoo biratti yammuu Waaqni balaqqeessa'ee bokkaan roobu ykn yeroo bakakkaan bu'u 'Waaqni ni gungume' jedhu. Kunis nutti aare kan jedhu ofkeessaa qaba. Walaloo kana keessatti immoo yoo bokkaan itti robe lafti gabaan irra dhaabachaa turte marga hin qabne deebi'ee marga sarara walaloo (1, 2) jedha. Haaluma kanaan sarara (3fi 4) irra taa'een ammoo 'yaa tullu gad jedhi naman yaadeen argaa' jedha. Tulluun altokko erga uumamee bakkasaa taa'ee ol jechuus gadi jechuus hin danda'u. waloon waan arguu barbaadee garuu tulluun isa dhokseetu jira. Kanaafuu, gad jedhi jechaa jira. Hawaasa Oromoo birattis kan beekamu waan tokko arguu barbaadee sababa tokko tokkoon yoo arguu dadhabe tulluu na dhokse jedha. Waloonis yammuu yaa tullu gad jedhi naman yaadeen arga jedha, namni akka tulluutti nu gidduu dhaabatee addaan nu dhowwu; akka nu wal hin argine gochaa jirtu jirtaa nu gidduudhaa ba'i jechuudha. Kunis ofiisaa gidduu dhaabatee addaan dhowwaa osoo hin taanee aangootti fayyadamee ykn qabeenyatti fayyadamee yookaan ammoo siyaasatti fayyadamee akkan naman jaal'adhu hin argineef addaan nu dhowwaa jirta; nu gidduu ba'i nan argaa jechuun ergaasaa dabarsee jira. Wanti Oromoon arguu barbaadu jira. Bilisummaa arguu barbaada. Ati garuu bilisummaa na dhowwaa jirta na duraa turi jechuun ergaa dabarsa.

.....

Bofti rukuttee hin duune

Bayyanachuu barbaaddii

Maroobileetoo

Ammas summii tufuudhaaf

Eelaa biyyoo arraabdi

Kan gubatee arge abidda hin tuffatu

Ilmi kaayyoo qabu hundaan hin mufatu

Nama garaa jal'aa sobee soba kolfa

Addaan baasi malee killee gugeef bofaa

.....

(Galaanaa Gaaromsaa, 2019, Dammaroobileekoo)

Sarara walaloo (1-4) irratti waloon sirna Saba Oromoo cunqursaa ture, miidhaa, ajjeesaa ture bofa bakka buusuun waama. Kaleessa si ajjeesaa kan ture, si miidhaa kan ture, sirriitti sirna isaa

gutummatti hin diigdu yoo ta'e ammas akka bofaa ajjeesanii yoo lafa buusan biyyoo nyaattee fayyitu, akkasuma sirratti deebi'a jedha. Kanaafuu hanga hiddi ishee lafa keessaa dhumutti sirna si balleesaa tur atis balleessuu qabda jechuun ergaa dabarsa. Sarara walaloo 5fi 6) irrattis kanaan dura sirnoota darbaniin miidhamee kan arge, tarsiimoo jiru keessa kan isa miidhu tokkittiin yoo jiraate tuffatee hin dhiisu jechuun ibsa. Sababni isaa tarsiimoon xikkoon sun guddattee sirna taatee ammas si miidhuu dandeessi waanta'eef tuffatamuu hin qabu, dafee diigamuu qaba jechuun ergaa dabarsa. Inni tarsiimoo si miidhu siif qopheessee sobee ilkaaniin sitti kolfa(sarara 7fi8) ati garuu dafii irratti bari. Yoo ta'uu baate osoo ati hin beekin sirra galagalee si balleessa jechuun ergaa dabarsa.

Dhugaa soba dhaalchisuudhaaf yoo kakattu

Salphoo tokkoo hamattuu –ho-hoo- hamattuu

Namaa gadii hamattuu-he-hee- hamattuuu

Soba jajuu beektaa

Haqa dabsuu yaalta

Arrabaan takaalaa

Beekumsi taakkuu- hoo

Arrabni dheeraa- hoo

.....

(Galaanaa Gaaromsaa, 2019, Hamattuu)

Haaluma kanaan sarara (1,2,)fi (3) irratti akka taa'ee jiruun jecha dhugaafi soba jedhan walaan fayyadamee jira. Jechi kunis faallaa waliiti. Dhugaa sobaan bakka buusuu feeta jechuun yammuu fayyadamu waan qajeelaa, dhugaa, sirrii ta'e hin jaal'attuu ati ni sobda jechuun ibsa. Dhugaa jiru dhoksitee sobaan bakka buusaa jirta; kanaaf soba jajjee dhugaa xiqqeessita jechuun erga barbadame dabarsee jira. 'Soba jajuu beekta' jechuun walaan yammuu walaleessu ati duraanuu dhugaa dubbachuu hin beektu. Soba shaakaltee guddatte. Kanaaf dhugaa gadi qabdee dabsuu barbaadde jechuun ergaa dabarsa. Arrabaan sobdee nama dhugaa dubbatu fakkaattee dubbii takaalaa jedha. Sarara (4,5)fi (6,7) irra jiru jechoota faallaa dheeraa fi taakkuu jedhuudha. Weellisaa kan jedhu beekumsi kee taakkuudha sarara (8); beekumsa hin qabdu; ati wal'aalaadha jechaa jira. Garuu ammoo dubbiin kee ammo dheeraa kan nama arrabsituudha.

Dubbii beekumsa ofkeessaa hin qabne dubbatta. Ati waa hin beektu jechuudhaan ergaa dabarsuu barbaade dabarseera. Dhugaa dhoksee soba dhaadessuu isaaf immoo sababni durumanuu beekumsa hin qabu waan ta'eefi. Sobaan biyya bulchaa kan tureefi sobaaf jedhee sabasaa miidhaa turuusaa walaloo sirbaa kanaan ergaan darbee jira.

.....

Masaraa mootummaa keessaa nama qabnaa

Jechuun yaa sabaa maqaan maal godhaa

Ergaa in kabajamnee erga in dhaadefamnee

Siidaan dhabateefii galata hin arga

Lubbuun goototaa kaleessa dhabnee

Lubbuun koonistaabel Musxafaa Huseen

Waareegamni jaal Laggasaa Wagii

Miilla dhabuun Kaffaaleew naafachuun Magartuu

Daa'ima itti dhabnee Maammush ilma Guutuu

Wareegamni qeerroo erga gatii dhabee

Minilik bineensi nurratti faarfamee

Birroo yaa birroo yaa birroolee

Nu dhiistu moo walitti deebinaree? X2

Birroo yaaa birroo yaa abbaa birraa

Qeerroon Oromoo har'as ni jirraa X2

.....

(Jaafar Yusuuf, 2019, Masaraa Mootummaa)

Sarara walaloo irratti 'masaraa mootummaa keessaa nama qabna', jechuun maal godhaa? jechuun eegala. Kana jechuun walaan maqaadhaaf Oromoodha jedhee kan ofwaamu, garuu Oromoof kan hin yaanne, Oromoo kan miidhu, kan ajjeesu, beektota Oromoo hidhuun , ajjeesuun kan dhoksu kana maal godhaa ittiin ofwaamna jechuudha. Gootota Oromoo bilisummaa saba isaaniif jecha wareegamaniif(sarara 4fi 5) siidaan yaadannoo dhaabbateefi yoo hin kabajamne, seenaan Oromoo yoo hin leellifamne ta'e, maal godha masaraa mootummaa

keessa taa'ee ani Oromoodha jechuun. Osoo Oromoo ta'ee gootota Oromoo kan akka Koonistaabel Musxafaa Huseen, Jaal Laggasaa Wagii kan Oromoof jecha lubbuu isaanii mootummaa wayyaaneetiin darbiteef siidaa dhaaba. Sarara walaloo (8,fi 9) 'Miilla dhabuun Kaffaaleew naafachuun Magartuu, Daa'ima itti dhabnee Maammush ilma Guutuu' jechuun ibsa.

Oromoon bara moototaatii eegalee hanga har'aatti uummatni Itiyoophiyaa nama ofii filateefi barbaaduun bulaa hin jiru. Kun ammoo sabaafi sablammoota hedduu miidhuufi dararuu irra darbee saba Oromootti immoo qeensa itti naqate. Keessumaa ammoo waggoota digdamii torbaa asitti sirna bulchiinsa ADWUI keessatti dararriifi moogessuun haalaan itti ulfaachuun gariin ajjeeffamanii, gariin mana hidhaatti guuramanii, kan biyyaa ba'anii baqataa kan ta'aniifi achi buuteen isaanii dhabames lakkoofsa hinqaban. Haata'u malee, Oromoon dhiibbaa isarra ga'aa ture kana tole jedhee hin fudhanne. Akkuma dararaan itti jabaachaa, innis mirgasaaf falmachaa as ga'ee jira. weellisaan dhiibbaa karaa siyaasa mootummaan saba Oromoorra gahaa ture yaammuu ibsu waa'ee Kaffaaleew mana hidhaatti miilla isaa irraa kukkutan akkasumas 'naafachuu Magartuu'fi daa'imni osoo hin hafin ajjeefamuu Oromoo kaasun qabsoo hadha'aa sabni Oromoo gochaa tureefi aarsaa inni isa kaffalchiise daran baay'ee cimaa ta'uusaa ibsa.

Hacuccaa sabni Oromoo keessa tureefi jiru mormuuf da'imni osoo hin hafin itti du'aa akka as ga'e ibsuun kan ammaatiif onnachiisa. Oromoon salphatti as hin geenye. Dhiiraafi dubara, maanguddoof daa'imni lubbuu isaanii itti wareeganii asiin gahan. Kanaafuu, biyya keenya Oromiyaa diinaaf dabarsinee hin laannu jechuun ergaa dabarsaa jira. Sababni isaa namoonni kun jaalalaanykn fedhiin nafachuufi du'uu filatan osoo hin taanee humnaan aangotti fayyadamanii mootummaan ADWUI gara jabeenyaan saba Oromoo irratti raawwateedha. Kun ammoo siif hin garboomnu, siif hin bitamnu, osoon jiruu sabnikoo garbummaatti hin kennamu jechuun mirgasaniif sababa falmataniif qofa miidhaa hanganaa irraan ga'aa ture; irraan ga'aa jiras. Weellisaanis kanuma kallattiin ibsuun miidhaa sabasaarra ga'aa tureefi jiruuf jecha wal'aansoo hadha'aan godhamaa akka jiruufi ammas qabsoo hadha'aa keessa akka jiru ergaa dabarse.

Sarara walaloo (10fi 11) irratti kan akka Kaffaaleew miilli irraa ciccitefi Maammush mucaa da'imni Oromoo bilisoomsuuf aarsaa kaffalaniif siidaan yaadannoo dhaabateefi kabajni malu godhamaaf ture. Ati garuu lubbuu qaalii akkasii saba isaaniif kan kennan dagattee, sirna kaleessa akka Oromoon lubbuusaa qaalii kennuuf, daa'imni, jaarsifi jaartiin osoo hin hafin harkaaf miilla, harmaafi lubbuu isaanii lafarraa fixaa ture diina Oromoo sirna Milinik Oromorratti faarsite jedha.

Kun ta'uu hin qabu ture, kan faarfamuu, kabajamuufi seeneffamuun ta'u osoo jiruu sirna Oromoo miidhaa ture deebitee nurratti deebisuuf deemta waan ta'eef ammas walitti deebina jedha sarara walaloo (12, 13fi 14) irratti. Sirna Oromoo miidhaa ture kana nurratti deebisuuf kan yaaltu yoo ta'e, qeerroon qabsaa'ee, kaleessa sirnoota kana kuffisaa dhufe har'as jirra. Kanaaf nu dhiisi. Nun dhiistu taanan ammas qeerroon Oromoo gara qabsootti deebina sarara (15) jechuun ergaa dabarsaa jira.

.....

Qeerroon oromoo... har'as ni jirraa

Qarreen oromoo... .har'as ni jirraa

Hambaan aanolee.... Har'as ni jirraa

Hambaan calanqoo ... har'as nijirraa

Qabsoo iti fufuuf..... har'as ni jirraa

)Falma finiinsuuf..... har'as ni jirraa

Kaayyoo qabsoofneef ... har'as ni jirraa

Galmaan geessisuuf..... har'as ni jirraa

Erga hin kabajnee qabsaa'ota keenya har'as ni jirraa

Erga salphistanii hayyoota keenya har'as ni jirraa

.....

(JaafarYusuuf, 2019, Masaraa Mootummaa)

Sarara walaloo (1fi 2) irratti qarreefi Qeerroon Oromoo jaarraa tokkoo oliif sirna abbaa irree, sirna humnaan Uummata Oromoo bitaa ture Ofirraa fonqolchuuf ga'ee guddaa akkanni qabu yammuu ibsu' qeerroon Oromoo, qarreen Oromoo har'as ni jirra' jechuun ibsa. kun ammoo qabsoo Oromoon taasisaa ture keessatti seenaan qeerroofi qarree Oromoo kan hin dagatamne ta'uu isaa agarsiisa. Kana immoo sarara walaloo (3,4,fi 5) irratti kaleessa qabsa'anii lubbuu isaanii kennaa akka turan ibsuuf 'hambaan aanolee, hambaan calanqoo' har'as hin dhumne jirra jedha. Goototni Oromoo aanoleetti mootummaan Minilik harkaafi miilla, haawwan Oromorraa hama irraa cirsiise sun hambaa taanee kan hafne, ammas Saba Oromoof falmuuf, bilisoomsuuf ni jirra ni qabsoofna jedha. Sirana Uummata Oromoo lafarraa balleessaa ture kun erga har'as nurratti kan faarfamu ta'ee ammas falmannee ni bilisoomna jechuun ergaa dabarsaa jira. Sarara walaloo (8,9 fi 10) irratti kaayyoon qeerroofi qarreen Oromoo qabsaa'eef dagatamee, goototni

Oromoo dagatamanii sirni hamaan kun deebi'ee kan nurratti faarfamu erga ta'ee ammas ni falmanna jedha.

...Koomandi postii Gujiif Wallaggaa
Yaa makoobii makoo warra mallee
Callisuu keenyatu fideem kana hundaa
Sobnee callisnaan gowwaa nu seetuu?
Daaraa seetanii abiddaan taphattuu?

.....

Jaafar Yuusuf,(2019)

Jaafar Yusuuf (2019) walaloo sirbaa armaan olii kanaan yammuu ibsu, mootummaan humnaa saba garboomsuuf 'koomandi postii' Gujiifi wallaggarratti labse mormuun gocha keessan kana ni dhiistuu jennee ilaallaan diddan jedha. Kanarraa ka'uun sarara walaloo (3)fi (4) irratti jechoota 'sobanii callisuu' fi 'daaraa fi abidda' kan jedhaniin ibse. Jechootni kun irra keessa yoo ilaalle waliif faallaa dha. Utuma waan nu aarsu arginuu beekaa callisne. Ofiin dhiista jennee si eegaa jirra. Baay'ee nu miidhaa jirta garuu siif obsaa jirra jedha. Ati agruu dhiisuu diddee abiddi daaraa sitti fakkaatee tuttuqaa jirta jechuun ergaa dabarsaa jira. Abiddi saba tuqamaa jiru Oromoodha. Abiddi ni guba. Daaraan garuu abidda haguugee dhoksee kan taa'uudha. Nus osoo beeknuu beekaa dhokannee ta'aa jirraa nun tuqin jechuun jechootni kun ergaa dabarsaa jiru. Kanaafuu abidda tuqxee hin gubatinii e jechuun ergaa dabarsaa jira.

Bara 2010 A.L.I tti mootummaan activistootaafi qabsaa'ota Oromoo wajjiin qabsoofna jechuun gowwomsee erga biyya alaati galchee booda deebi'ee doorsisaa turuu isaafi qabsaa'ota Oromoo kanarraa akka of eeggatu, yoo ta'uu baate Oromoon qabsa'aa isaatti bu'amnaan akka hin dhiisne Jaafar Yusuuf walaloo sirbaa (2019) yammuu ibsu

.....

Yaa makoobii makoo warra mallee akkuma feetetti utaali X2

Akkuma feetetti burraaqqi qeerroo hin tuqin maleeX2

Goota Oromoodhaa nurraa hin tuqin malee

Hayyoota oromoodhaa nurraa hin tuqin malee

Jawar Mohammadiin	nurraa hin tuqin malee
Jaal Daawud ibsaa	nurraa hin tuqin malee
Mararaa guddinaa	nurraa hin tuqin malee
Baqqalaa garbaa	nurraa hin tuqin malee
Kamaal galchoo	nurraa hin tuqin malee
Daaraaraa guyyoo	nurraa hin tuqin malee
Jaal Marroo kiyjaa	nurraa hin tuqin malee
Leencoo Lataa	nurraa hin tuqin malee
Galasaa Dilboo	nurraa hin tuqin malee
Araarsoo Biqilaa	nurraa hin tuqin malee
Qomoo kiyjaa	nurraa hin tuqin malee
Oromoo kiyjaa	nurraa hin tuqin malee
Lammii kiyjaa	nurraa hin tuqin malee

.....

Sarari walaloo (1fi2) irra jiruun akka feetetti burraaqi garuu qeerroo hin tuqin jedha. Burraaqi, utaali garuu qeerroo hin tuqin jechuun waan feete hundumaa dalagi garuu hin tuqin qeerroo jedha. Burraaquunifi utaaluun osoo jiruu waan tokko tuquun ykn itti bu'uun hin oolu. Waloon walaloo sirbaa kana keessatti ati waan yaadde hunda godhi garuu qeerrootti hin bu'in, yoo itti buute wal hin dhiisnu jechuun dhaamsa dabarsee jira. Mootummaan ni araaramna jechuun erga qabsaa'ota ABO biyya Eertiyaa irraafi aktiivistii Ormoo biyyoota adda addaa irraa gara biyyaatti waamee booda deebi'ee doorsisee ajjeesuufi hidhuuf yaaluu akkasumas Oromiyaa kutaa Wallaggaafi Booranatti 'koomandi postii' itti labsuun loltoota ABO kutaa kana keessa socho'an adamsee ajjeesuuf yammuu yaalu, waloon kana hunda callisnee si ilaallee jirra; kana booda garuu qabsa'ota keenya (sarara 4), kanneen akka Daawud Ibsaa (sarara5), Kamaal Galchoo (sarara6), Araarsoo Biqilaa (sarara7), Galaasaa Dilboo (sarara 8), Leencoo Lataa (sarara9) fi kkf, beektota keenya kanneen akka Mararaa Guddinaa (sarara 10) (PhD), Baqqalaa Garbaa (sarara 11), Jawaar Mohaammad (saraa11) fi kkf yoo itti buuta ta'e, miidhuuf yaalta yoo ta'e, tuquuf yaalta taanaan sabni Oromoo sin dhiisu jechuun ergaa dabarsa.

Walumaagalatti weellisaa Jaafar Yusuuf walaloo sirba hammayyaa kanaan haala sabni Oromoo keessa ture, maal keessa dabarsee akka as ga'efi ammas sirna akkamii keessa akka jiru ibsuun yeroo amma kana sirni siyaasaa akka Oromoof ta'utti hin qajeelu taanaan sabni Oromoo qabsoo isaa finiinsuu akka qabu walaloo sirbaa kanaan ergaa dabarsee jira.

Weellisaa Falmataa kabbadaa walaloo sirbaa isaa (Kaasi Kaasi Qumaarakee, 2019) jedhu keessatti mootumman erga hayyootaafi qabsa'ota Oromoo biyya bakkeetii galchee boada, afaaniin ni araaramna jechaa dubaan yookaan dhoksaan ammoo isaan balleessuu barbaadu yammuu ibsu:

Kaasi x2 qumaara kee sirratti baree
Kaasi x2 kaasi kaasi qumaarakee
Ummatarraa kaasi kaasi qumara kee 2x
Sirratti baree kaasi qumaara kee
Kan daagatamee jiraa Dabbasaa Guyyoo
Kana gataametu jiraa utuu dhugaa qabuu
Kan iji jaametu jiraa saba isaaf jedhee
Dhugaan saba keenyaa ni mul'ata ifa jiraa
Kan akka kaffaaloo miilla lachuu dhabetu jiraa

.....

(Falmataa Kabbadaa , Kaasi Kaasi Qumaarakee, 2019)

Sararri walaloo itti aanu (1, 2, 3fi 4) irratti 'kaasi kaasi qumaarakee' jechama jedhutti fayyadamuun ibsa. Weellisaan kaasi kaasi qumaara kee yammuu jedhu qumaara qarshii ittiin wal nyaatan taphachaa jirtan kana dhabi jechuu isaa miti. Hawaasa Oromoo birattis akkasitti hin hiikamu. Nu sobaa jirta, sobdee nu miidhaa, nu balleessa jirta malee waan gaarii nuuf gochuu miti kanati sobdee arrabaan jechaa jirtu. Kanaafuu dubbii kee soba ta'uu isaa hubanneerraa nurraa dhaabi jechuudha. Kanafuu jechamni kun hiikni isaa nu nyaachaa jirta malee, nuuf nyaachaa hin jirtu, nus si hubanneerra dhiisi jechuudhaan ergaa dabarsaa jira. Waloonis walaloo sirbaa kana keessatti kanuma ibsuu barbaadeeti. Sababni isaa immoo sarara (5fi 6) irratti gootota dagataman, kan dagatamuun hin malleef dagatte jedha. Gaaratti olba'e jechuun akka

Oromoon hiikutti abbaa aangoo ta'e yookaan taayitaa qabate jechuudha. 'Kan gatametu jira osoo dhugaa qabuu' jedha. Kan osoo dhugaa qabuu gatame, dagatame, seenaan isaa irraanfame saba Oromooti. Waloon 'kan iji jaametu jira' kan miilla lachuu dhabetu jira' dhugaa jara kanaatu dhokfame. Bakkeetti ba'ee leellifamee ibsamuun osoo irra jiruu dhoksite. Kun ammoo dhugaa Oromoo dhoksuudha.

Kanaaf Oromoo soba kee sirratti bareera jedha. Waan Oromoof qabsooftu fakkaatee isati Oromoo irratti qabsa'aa jirtu sirratti bareera jechuun ibsa. Oromoon qabsoo hadha'aa godhee asiin ga'ee booda garuu inni dagatamee kaan faarfame. Kanarraa kan ka'e soba kee sirratti barreerra dhiisi uummata hin sobinii jechuun ergaa dabarsa. Waloon walaloo sirbaa kanaan Mootummaan akkamitti akka inni sobee ibsuuf kaleessa madaa oromoo tuttuqxee nutti agarsiiste, dhiibbaa Oromorra yeroo dheeraa ture nutti himaa turte. Nutti himuu qofa isiniifan fura jette. Har'a garuu kanati gochaa jirtu furmaataaf osoo hin taanee, atis cunqursaa Oromoorratti dabaluuft deemta jechuun walaloo sirbaa armaan gadii kanaan akkas jedha

.....

Miidhama saba kanaa isa bara dhiibbaa
Kaleecha nutti himtee nu boossifnee gurbaa
Har'a maaltu galee maaf afaan qabattuu
Moo dhugaa sabaatiin qumaara xabattuu
Silaa goota hin beektuu maa goota barbaadda
Basaaste bitteetu firoomuu barbaaddaa
Lubbuun jaallee kiyya kan bilisummaaf baate
Daldalaa siyaasaaf galii dhuunfaa taate

.....

(Falmataa Kabbadaa, Kaasi Kaasi qumaarakee, 2019)

Sarara walaloo (1,2fi 3) irratti ati osoo aangootti ol hin ba'in dhiibbaafi cunqursaa nuti kaleessa keessa turre kaaste, furmaata itti godha jette. Har'a garuu isa kaleessa waadaa galte dhiistee, lubbuu jaalleewwan qabsoorratti wareegamanii dagattee, sobaan deemtee siyaasa kee isa saba Oromoo ammas deebi'ee miidhu adeemsisaa jirta jechuun ergaa dabarsa. Sarara walaloo (5 fi 6)

irratti ‘Gootafi basaastuu’ kan jedhu ammoo ibsamee jira. Gootni karaa baay’eedhaan yoo beekame iyyuu walaloo kana keessatti gootni kan sabasaaf dhaabbatuufi basaastuun ammoo kan sabasee dabarsitee diinatti laattudha. Kan gara diinaa gortee sabashee ajjeestuudha. Kanaafuu walaloon kun ati gootuma iyyuu hin beektu baasastuudhaan deemta. Kanaaf seenaa gaarii hin qabdu jechuun ergaa dabarseera. Qarshiidhaan basaastuu/sobduu/ bitattee saba irrattii ijaartee ittiin sabicha cabsaa jirta. Kanaafuu ati gootaafi akka itti gooti biyyasaaf aarsaa lubbuusaa kennee qabsaa’ee biyyasaa bilisoomsu hin beektu jechuun ergaa dabarsasa jira.

Itti dabaloon Falmaataa Kabbadaa(2019), sarara walaloo armaan gadiitiin mootummaan sobee ni araarmna jechuun erga dhaabbilee siyaasa Oromoo biyya alaati galchee booda deebi’ee loluu eegaluu isaa ibsa. ‘Dhugaa saba bal’aa kana’ sarara 1 fi 2 nan falmaaf, ni araaramna, duraan nutu balleesse isa duraan jedhe dhiisuun erga aangoo qabatee deebi’ee saba aangootti ol isa baasee miidhuu eegale jedha.

.....

Dhugaa saba bal’aa fuutee otoo lafa hin kaa’in

Araara jettee jaarsa hin lakkaa’in

Isa dhaqxee jaallo gaaratti ol baate

Nama beeknu mitii nama biraa taate

Afaan qofaan faarsuun hin taatu araaraa

Abii fashinni siyaasa baranaa oroo- maaraa

Aabboo kaasi qumaaraa

.....

Falmataa Kabbadaa (2019, Kaasi Kaasi qumaarakee)

Waloonis walaloo sirbaa kana keessatti ‘isa dhaqxee jaallo gaaratti olbaate (sarara3) ‘nama beeknu miti nama biraa taate’ (sarara 4) jedha. Dura si abdannee turre garuu, erga aangoo qabatee nutti jijjiiramte. Akka nuti si abdanne nuuf hin taane. Hinumaayyuu orma nutti taate jechuun komee qabu dabarsaa jira. Waloonis ati erga aangoo harkatti galfattee saba Oromoo miidhaa jirta jechuun ergaa dabarsee jira. Kanas tooftaadhaan saba walitti idaana jechuudhaan

(‘Oro-maara’ sarara 6) nu sobaa jirtu. Kun Oromoof hin fudhatamu jechuun ‘soba akkasii dhiisi Abii’(sarara7) jechuun ergaa dabarsee jira.

Itti dabaluuun Famataa Kabbadaa(2019), tarsiimoo mootummaan baafatee qabsaa’ota Oromoo baleessuuf taasisaa jiru yammuu ibsu, ati ‘cabbiin cilee, cileen cabbii’ jetta. Kana jechuun sobaan dhugaadha jetta; dhugaan ammoo soba jetta jechuudha. Isa dhugaa qabu hin qabdu jetta; isa dhugaa hin qabne immoo akka waan dhugaa qabuutti faarsita, kanaafuu sobaa jirtaa jechuun ibsa.

.....

Cabbiin cilee jechuu cileen immoo cabbii

Namarraa fokkisaa dhiisaa dhugaa rabbi

... sanyii Abishee Garbaa	waamee waamee siin jedha kommee
Marikaa maroo kee	waamee siif dhufe kuunnoo
Maroo marii sabaa	waamee siif dhufe kuunnoo
Isa keessa beekuuf	waamee siif dhufe kuunnoo
Silaa lolli taphaa	

.....

Sarara walalao(4fi 5) irrattis Falmataan (2019) erga soba mootummaa saaxilee booda Uummatni Oromoo eenyuun akka jaal’atuufi eenyu wajjin akka jiru ibsuuf (sarara 6) irratti ‘Marroo marii sabaa’ jedha. Kun ammoo sabni kan isaaf lolu marroo wajjin hariiroo cimaa akka qabu agarsiisa. Inni immoo lola itti beeka. Isaaf lolli akka taphaati (sarara7) irratti ibsee jira.

.....

Isa Gimpii	waamee siif dhufe kuunnoo
Biyya Baaroo Tumsaa	waamee siif dhufe kuunnoo
Kan Qellem Wallaggaa	waamee siif dhufe kuunnoo
Sanyii waaqoo Guutuu	waamee siif dhufe kuunnoo
Oromoodhaf duulee	waamee siif dhufe kuunnoo
Oromoodhaaf du’ee	waamee siif dhufe kuunnoo

Sabni Oromoo mirga abbaa biyyummaafi mirga namoomaa irraa mulqame deebifachuuf, qeerroofi qarreen harka duwwaa mootummaa ADWUI dura dhaabbachuun, erga mootummaa amma kana fidanii booda haalli jiru iddoo duraatti yammuu deebi’u, weellisaan ‘ammas waliif birmanna’ sarara(1fi 2) jedha. Haalli qeerroofi qarreen qabsa’eef yammuu ilaalamu akka yaadame miti. Faarri isaa sirrii miti jedha. Kanafuu ammas ‘nurraa ni darba akka dhufatii isaatti’ yoo waliif birmanne jedha. Kanaafuu ‘waliif jirra naan jedhi, hanga lubbuun jirrutti’ (sarara5fi 6) jechuun ammas waliin dhaabbannee yoo falmanne akka mo’achuu danda’aan ergaa dabarsee jira.

Itti fufuun Dassaalenyi Beekamaa (2019) mootummaa qeerroofi qarreen aangoo qabachiise yammuu ilaalu na shakkisiise jedha. Sababni isaa immoo yoo itti dhiyaanee ni mari’anna jenne nu guba, yoo irraa siqnes nu miidha kanaafuu ani shakkeera jechuun walaloo sirbaa armaan gadiin ibsa.

.....

...Irraa siqnu in dhaamotaami

Itti siqnus nu gubaa

Anciicadhee ciicidhuu

Waanan jedheefan qabaa

Warra wal nyaatu keessaa

Warri waa nyaachuu baree

Foolatee mi’eeffataa

Nu maalitti jirraree...

Dassaaleny Beekamaa,(2019)

Haalli mootummaa nu galuu dide jechuudha. Fagoo teenyee gaafa ilaallu afaaniin gaarii waan godhu fakkaata. Itti siqnee sirritti gaafa ilaallu garuu nu gubaa jira jedha. Nu balleessaa jira jedha. Kanaafuu, ‘ani cicadhee, waanan jedheefan qabaa’ sarara (3fi 4) jedha. Haalli isaa, gochaan isaa naaf hin taane, kanaafuu ani shakkeera atis shakki jedha. Garaakee itti hin kenning jechuu isaati. Mootummaa kooti jettee hin amanatin jechuu isaati. Walaloo kanaanis hanga sirritti gadi faginaan ilaltee madaaltutti hin amanin jechuun ergaa dabarsee jira. Itti aansuun sararri (5)fi(6)

irratti walaloo sirbaa ‘warra wal nyaatu’ jedha. Jechamni kun hawaasa keessatti beekamaadha. Warra walnyaatu jechuun hiikni isaa qabeenyatti, aangootti, siyaasatti hirkatee yookaan da’oo godhatee nama wal miidhu jechuudha. Kan wal ajjeesu jechuudha. Keessumaa jechamni kun saba gosa tokko ta’anii garuu waliif kan hingalleef jedhama. Kanaaf waloon walaloo sirbaa kana keessatti warra walnyaatu keessaa yammuu jedhu warra wal miidhu, wal ajjeesu yammuu isaan wal lolan qaamni biraan ammoo qaawwa isaanii ilaallatee tokkoof fira fakkaatee gidduu lixa jedha.

Ammas qaamni tokko walii galuu dadhabee yammuu wal miidhu, wal ajjeesu qaamni biraan ammoo isaan gidduudhaa bu’aa argachaa akka jiran sarara walaloo (7fi 8) irratti ibse. Kun ammo ittumaa isin miidha waan ta’eef, walii galaa jechuun jechama kana fayyadamuun dhaamsa dabarsaa jira. Daassaleny Beekamaa walaloo sirbaa kanaan yammuu ibsu Oromoon tokko kansaa dhiisee saba biraaf gugguufuun, ofitti qabuun, kansaa immoo alatti dhiibee loluun ajjeesuun sirrii miti diina keessantu isin gidduu lixee lachuu keessan miidha. kanaafuu, walii gala jechuun ergaa dabarsa. Itti dabaluun Dassaaleny Beekamaa (2019) diinni saba kanaa Oromoo Oromoo irratti bituun waggaa dheeraa garbummaa jala jiraachuu yammuu ibsu,

.....

Guduunfaan bara dheeraa
Jaarraa tokkoof walakkaa
Yoo raasan hin hiikamuuni
Fuudhan malee wal harkaa
Dubbiin loomii shantamaa
Sun kan hubataatu argaa
Kan beeku silaa beeka
Kan hin beekneef akeeka x4

.....

Sabni Oromoo dhiibbafi gidiraan isarra ture kan yeroo muraasaa miti. ‘Guduunfaa bara dhibbaati (sarara 1)’. Kun ammoo akka salphaatti hin furamu. Irratti tokkummaa’uu gaafata. Dhala dhalaan wal harkaa fuudhanii furmataa bira ga’u jedha. Kun ammoo yoo walii galaniifi tokkummaa

qabaataniidha (sarara 2,3,4). Seenaa kana ammoo Oromoon hedduun beeka garuu ‘kan hin beekneef akeeka’ jechuun ibsa (sarara 6,7). kan hin beekne asirraa hubadhu jechuun ergaa dabarsa. Walumaagalatti, walaloo sirbaa kanaan qeerroofi qarreen akkamitti mootummaa aangoo akka qabachiiseefi haalli mootummaa angoo irra jiruu ammoo qeerroofi qarree kan shakkisiise ta’uusaa ibsuun tokkummaan ammas yoo dhaabbatan mirga Oromoo isa jaarraa tokkoof walakkaaf saamame akka deebisuu danda’an ergaa dabarsee jira.

Walaloo sirboota hammayyaa Soninaaf Adam (2019) ‘**Dhiisi Lakkii**’ jedhu keessatti mootummaan seenaa Gootota Oromoo dhiisee kan kaleessa saba kana miidhaa ajjeesaa tureef siidaa haarsee , galma dhaabeef qeequun yammuu ibsu,

.....

Dhiisi lakkii

Waa sin baasu sun bakkii

Akka kale har’i hin ta’uu

Sobni gaaraan si ba’uu

Yoo kan lubbuu sabakoo

Bishaan nyaachisuuf ta’u ta’uu

.....

Soninaaf Adam.(2019)

Haaluma sarara walaloo (sarara1,2) ‘dhiisi lakkii’ jechuun walaan ammas qaama biyya bulchaa jiru akeekkachiisa. Mootummaan duraan ture sabasaa midhaa akka ture yammuu ibsu ‘akka kale har’i hin ta’uu’ jechuun, akkuma baroota darbaniitti sabnikoo miidhamaa hin hafu ibsuufi. Amma sirritti hubanneerra akka kanaan duraa sana nu sobuu hin dandeessu jedha. Yoo sobdes baay’ee si tursuu hin danda’u. Kanaafuu atis akkuma mootota duraaniitti miidhuuf kan deemtu yoo taate Oromoon sin dhiisu jechuun ergaa dabarsa. Sarara (3,4) fi (5,6) irra jiru jechoota ‘lubbuu saba koo bishaan nyaachisuuf’ kan jedhuudha. Lubbuu namaa bishaan nyaachisuu jechuun lubbuu ajjeesuun balleessuu jechuudha. Bu’aa siyaasaaf jecha mootummaan aangoosaatti gargaaramee akka barbaadetti kaan ajjeesaa, kaan hidhaa, kaan qaama miidhamaa gochaa jiraachuusaa ibsaa, ammas lubbuu saba koo akkuma duraatti balleessuu hin dandeessu jechuun

ibsa. Weellisaan lubbuu saba kootii akkuma kanaan duraa ajjeessuuf, balleessuufi miidhuuf kan yaaddu yoo ta'e of eegi kan jedhuun ergaa dabarsee jira.

.....

Qeerroo hedduu dhabnee	laalaali
Qabsoo kanarrattuu	laalali
Kaayyoon goota kale	laalali
Irbuun jaaallewwanii	laalali
Karaatti hin dagannee	laalali
Numattuu laatamee	laalali

.....

Soninaaf Adam,(2019)

Ittuma fufuudhaan sarara (1)fi (2) irra jiruun waloos sirbaa kun, qabsoo irratti sabni Oromoo hedduun akka lubbuu dhabe ibsa. Kanas 'qeerroo hedduu dhabne qabsoo kanarratti' sarara (1) jedha. Wal'aansoo jabaa keessa darbanii akka as ga'an eera. Kaayyoon goototni Oromoo lubbuu isaanii aarsaa godhaniif, sarara(3) ammoo bakkeetti akkasitti kan dhiifamu osoo hin taanee dabarfamee nutti kennamee jira jedha. Kaayyoo isaan itti wareegamaniif galmaan ga'ee kan sabasaa bilisummaa gonfachiisuf jechuun ergaa dabarsaa jira. Dagatamee kan irra darbamu miti. Nutti kennameera; nus ni falmanna ergaa jedhu dabarsa. Sabni Oromoo kaleessas mirgisaa sarbamnaan falmachaa ture. Har'as mirgisaa hin kabajamneef taanan imaanaan itti waan kennameef sarara(6) ni falmata jechuun ergaa dabarsa. Itti dabaluu walaloo sirbaa kanaan mootummaan imaanaa sabaa fuudhee dagachuu isaa yammuu ibsu,

.....

Waadaa kaleessaa ganuunii
Baakka yaadame hanqisuuni
Fedhii sabaa daangessuuni
Sona dhugaa sakaaluni
Dhiigarra tarkaanfachuudha
Waan akkasii hin jaallatu qeerroofi qarreeni

.....

Soninaaf Adam (2019)

Sarara walaloo(1) irratti walaloo ‘waadaa kaleessaa ganuuni’ jedhu waloon kaasa. Kunis mootummaan osoo angoo hin qabati waan uummataa waadaa seenee qabaachuu ibsa. Mootummaan dura osoo gara aangoo hin qabatin saba Oromoo wanti abdiichiise akka jiru ibsa. Haata’u malee erga aangoo qabatee waadaa sana ganee deebi’ee sabicha akka miidhe ibsa. kun fedhiifi kaayyoo sabichaa danquu akka ta’e ibsa. Kana gochuun kee ammoo dhugaa dabsuudha; dhoksuudha jechuun ergaa dabarsa. Kanaafuu, weellisaan walaloo isaa keessatti waadaa kaleessa ganuun kee dhugaa balleessuudha. jechuun ibsaa jira. Kun ammo dhiiga dhangala’eefi lubbuu bade dagachuu waanta’eef dhiisi, irraa deebi’i jechuun ergaasaa dabarsaa jira. Kanarraa kan ka’e, sarara (3) irratti kana gochuun kee ‘dhiigarra tarkaanfachuudha’ jedha.

Dhiigi lubbuu waan ta’eef osoo nama keessaa dhangala’aa jiruu bira darbuun hin danda’amu. Waan danda’aaniin gargaaru malee. Yoo gargaaruuf humna dhaban illee ni iyyamaaf namni biraan dhufee akka tajaajiluuf jechuudha. Ati garuu ammayyuu ajjeesaa jirta; kana immoo qeerroofi qrreen kaleessa itti du’ee angoo irra si kaa’e kana hin jaal’atu sarara(6) jechuudhaan ergaa dabarsa. Akkasumas, Waloon walaloo sirbaa kana keessatti hammeenya mootummaa aangoo da’oo godhatee saba isaa miidhu ibsuun akka irraa deebi’uufis ergaa isaa dabarsaa jira.

Walumaagalatti, walaloowwan sirbaa filatamanii ergaa gama siyaasaan xiinxalaman kun sabni Oromoo jaarraa tokko dura maal keessa akka tureefi hanga ammaatti haala siyaasa akkam akkamii keessa darbee akkamitti akka as ga’e, qabsoo inni geggeessaa ture kan ibsuudha. Mirga isaa kabachiifachuuf qabsoo hadha’aa geggeessa akka ture ibsa. haata’u malee, haala siyaasa amma jiruun qabsoo Oromoon jaarraa tokkoo olii geggeessa turee asiin ga’e kun dagatamee ammas sabicha dhibbaa siyaasaa biraaf saaxilamee jiraachuu ibsa. keessummaa sabni Oromoo qabsoo hadha’aa mootummaa ADWUI/ wayyaanee wajjiin erga geggeessee qeerroofi qarreen Oromoo hedduun irratti dhume, beekaan Oromoo irratti wareegamee mootummaan inni dhaabe isiniif dhabadha jedhee aangoo harkaa fuudhee, deebi’ee sabicha miidhaa jira jechuun walaloon sirbaa kun ibsee jira. Kanaafuu, ammas yoo miidhaa saba Oromoo irraan ga’aa jirtu kan hin dhiistu ta’e, ammas sabni Oromoo kan falmatu ta’a jechuun ergaa gama siyaasaan jiru dabarsee jira.

.....

Soba jajuu beektaa

Haqa dabsuu yaalta

Arrabaan takaalta

Hamattuun ulfinaadhaaree

Gurra si guuta xurii

Orma sitti hamachuunsaa

Boris sin dhiisu barii

.....

(Galaanaa Gaaromsaa2019, hamattuu)

Walaloo sirbaa kun bu'aa siyaasaaf jecha sabaafi sabaa walitti buusuuf jecha, ofii jaal'atamee garee (paartii) biraa jibbisiisuuf hawaasa walitti buustu yammuu ibsu, walaloo sarara (1) irratti 'soba jajuu beekta': sarara (2) 'haqa dabsuu beekta' sarara (3) 'arrabaan takaalta' jechuun amala hamattuu kan hawaasa diigdu ta'ushee ibsa. Walaloo sirbaa armaan olii kana keessatti, hamiidhaan dhugaan dhokfamee sobni akka olkaafamu ibse. Hamaan haqni namni (sabni) qabu jalaa dabuun sobi yammuu irratti dubbatamu jireenyi hawaasummaa miidhamuu isaa ibsa. Hojii hiikuudhaan asiifi achi deemuun arrabaan dubbii oliif gadi dhahuun dhugaa dhoksitee sobaan uummata gowwoomsitee akka bulchu ibsa. kan akkas godhu kun ammoo hawaasaan kan hin jal'atamne, kabaja akka hin qabne akkasumas, hamattuun sobduu akka taate walaloo sirbaa kanaan ergaa dabarseera.

Ummatni Oromoo gocha akkasii kan dhugaa sabaa dhoksee nama miidhu yoo arge callisee bira hin darbu. Itti himuun akka namni hamatu sun amala isaa irraa deebi'u godha. Kanas walaloo sirbaa kana keessatti sarara walaloo (4) irratti 'hamattuun ulfinaa dhaaree' sarara (5) 'gurra si guutti xurii' jechuun namni hama geggeessu waan hin jirre, waan sobaa, kan seenaa hin qabne akka waan seenaa qabduutti, kan dhugaa hin qabne akka wan dhugaa qabuutti dhiyeessuun akka sobu walaloo sirbaa kanaan ibsa. Sarara itti aanee jiruun (6) 'orma sitti hamaachuunsaa' fi sarara(7) 'boris sin dhiisu bari' jedha. Namni olii gadi deemee hamachuun walitti dhufeenya sabaafi sablammii miidhu, bor isa tokkotti yoo hamate, yeroo itti aanu immoo isa kaanitti sobee hamata waan ta'eef dubbii hamattuu dhaggeeffachuu akka hin qabnes walaloo sirbaa kanaan

ibsee jira. Akkasuams isa sobee dhugaa kee dhoksee, afaaniin akka waan si deggeruu fakkeessee si miidhu kan irraa fagaadhu jechuun ibsa. ati kan lammiif waan yaaddu fakkattee lammiikee gowwomsaa jirtu kun ammoo atis bor hin dhiifamtu, bor sitti deebi'ee si cabsa jechuun ergaa dabarsa. Walumaagalatti, bu'aa siyaasaaf jecha kallattii garaagaraatiin jechuun dhugaa saba tokkoo dhoksuun kaan akka waan dhugaa qabuutti faarsuu, saba gowwoomsuu, osoo miidhaa jirani akka waan gargaaraa jiruutti, osoo ajjeesaa jiruu akka waan qabsaafii jiruutti dubbachuufi kkf kan mul'atu yammuu ta'u, kun ammoo walitti dhufeenya hawaasaafi mootummaa kan miidhanu akka ta'e ibsamee jira. Walaloo sirboota bara 2019G.C keessatti bahan keessaa kanneen filatamanii qorannoon kun irratti adeemsifamaa jiru keessattis bu'aa siyaasaaf jecha saba tokko miidhuun, kaan gowwoomsuun miidhaa, sobaa akka jiru walaloo sirbaa kanaan ergaan darbeera.

Itti fufuudhaan Galaanaa Gaaromsaa walaloo sirbaa (2019) kan **Urgaa'i** jedhu keessatti ergaa siyaasaa yammuu ibsu

Ollaan tumee buna yoo danfisuu

Kankee moonyeen maali kan callisu

Dubbii darbeef maaltu walkomataa

Wajjin dhugna buna isa lammataa x2

Wal waammannaa buna isa lammataa

Sarara walaloo (1) irratti waloon dhimma buna tumuu miti kan inni ergaa dabarsu. Ollaan kee, yookaan kan akka saba Oromoo cunqurfamaa jiru yammuu inni mirga isaaf falmachaa, qabsaa'aa jiru kanatti nuti sabni Oromoo callisnee taa'uu hin qabnu ergaa jedhu qaba. 'Kankee maali moonyeen kan cal'isu'(sarara 2) yammuu jedhu meeshaan kan kee maaliif diina keetti hin dhukafamu? Maaliif callistee teessa saba Oromoo jechuun kan kakaasuudha. Waloon erga haala sabni Ollaa irra jiru ibsee sabasaa kakaasee booda wanta darbe yookaan hanga amaa cal'isuu keenyaa wal hin komannuu gara fuulduraatti falmachuu qabda kan jedhu ergaa dabarsa. Kana booda waliin taanee tokkummaadhaan erga mo'annee booda bilisummaa dhufu sana waliin hirmaanna ergaa jedhu qaba.

'Dubbii darbeef maaltu walkomataa?' yammuu jedhu sabni Oromoo falmii hadha'aa erga geggeessee booda mootummaa wayyaanee kuffisuun bilisummaa argatee ture. Haata'u malee

bilisummaan inni argate osoo hin turin ammas harkaa fudhatame. Kana bu'uureffachuun waloona dubbii darbeef wal hin komannuu ammas falmannee bilisummaa keenya eegganna jechuun ibsa. kanarraa ka'uun waliin taane 'wal waammanna buna isa lammataa' sarara (5fi 6) jechuun tokkummaan kaanee falmannee ammas bilisummaa keenya harkatti galfanna jechuun saba kakaasa. Walumaa galatti waloona haala sabni Oro moo keessa darbeefi amma keessa jiru keessumaa bara 2008 A.L.I asitti keessa jiru kana ibsuun sabni Oromoo maal gochuun akka irra jiru, akka falmatuuf dhugaa hawaasa keessa jiruun ergaa dabarsee jira.

Itti fufuun Galanaa Gaaromsaa (2019), walaloo sirbaa '**Hamattuu**' jedhu keessatti dhugaa Oromoo dhoksuuf, saba Oromoo sobanii waliitti buusuuf, wal nyaachisuuf, jechu gidduu deemani kan walitti naqan ta'uu yammuu ibsu,

.....

Qilleensan gaadi'a jettaa yaa amattuu
Ilma namaa dhugaa qabu yoo qircattuu
Rifeensan qal'isa jettaa yoo hamattuu
Dhugaa soba dhaalchisuudhaaf yoo kakattu
Salphoo tokkoo hamattuu –ho-hoo- hamattuu
Namaa gadii hamattuu-he-hee- hamattuuu

.....

“Kan Sangaan iyyuuf male qacceen iyyiti” jedha Oromoon yammuu mammaaku. Kan Orommoof duulu, lolu, du’u osoo jiruu sobduun bu’aa siyaasaaf jecha, ofii sobaan saba irrattui mootee humnaa bulchuuf sobdee asiif achi deemtee sobdi. Waloona kana bu'uureffachuun yammuu ibsa 'qilleensan gaadi'a jetta yoo hamattu' jedha. Kun keessuma bara 2010 motummaan sobee paartilee Oromoo waliitti fidnee gaaddisa tokko jalatti ijaarra jechaa karaa dhoksaan ammoo paartilee Oromoo saba isaaniif qabsa'an dhabamsiisuuf yammuu inni hojjetu sana ibsa. kan dhugaa sabasaa falmuu demu, kan sabasaati qabsa'aa tureefi jiru balleessee ofii mo'uuf hojjechaa ture. Kanas, afaaniin sobee akka waan araraamanii tokko ta'anitti yammuu odeessu karaa dhoksaan ammoo isaan balleessuu barbaada. Kanarraa ka'uun 'rifeensan qal'isa jetta, qilleensan gaadi'a' jetta yoo ammattee Oromoo walitti naqxu jechuun ibsa. Mootummaan Oromoo haala teessumaan qoqqooduun, 'yoon wallaggaa dhage na ajjeesu' jechuudhaan

dubbatee ture. Kun ammoo Oromoo qoqqoodanii erga wal lolchisanii booda humnaan bituuf tarsiimoo ba'e mul'isa. Kun ammoo soba mootummaa fi saba kana irratti mootii ta'uuf wanti inni hin goone akka hin jirre kan ibsuudha.

Sarara walaloo (4f5) irratti dhugaa saba Oromoo dhoksuuf, awwaaluuf yammuu kaatu waan meeqa haasoftee sobdee kakatta jechuun ibsa. Oliif gadi haasoftee saba Oromoo diiguuf deemuun kee kun ammoo sirratti beekameera, kanaaf ati 'namaa gadii, hamattuu, salphoo' jechuun Oromoo biratti kan salphatee, kan kabaja hin qabne dhugaa Oromoo dhoksuuf kan deemu ta'uu isaafi Oromoo biratti kan hin jaal'atamne ta'uu isaa walaloo sirbaa kanaan ergaa dabarsee jira. Walumaagalatti, waloon saba Oromoo xiqqeessuun, sobuun, dhugaa isaa dhoksuuf yaaluu, addaan qoqqoodanii bulchuuf yaaluun sabichi akka mootummicha hin jaal'anneefi hin kabajne ta'uu isaa walaloo sirbaa kanaan ergaa dabarsee jira.

4.3. Xiinxala Ergaa Walaloo Hawaasummaa walaloo Sirboota Filatamanii Keessatti

Ummatni Oromoo dur irraa eegalee hawaasummaa isaa jabeeffatee as ga'e. Hawaasummaan walitti dhufeenyaafi waliin jireenya namoota muraasa gidduutti geggeeffamu irraa kaasee hanga garee hawaasaatti jiruudha. Waliin nyaatee dhugee, waliin gaddee, waliin gammadaas as gahe. Walaloo sirboota bara 2019G.C keessatti bahan keessaa kanneen filatamanii qorannoon kun irratti adeemsafamee jiru keessatti walitti dhufeenya hawaasummaa ilaalchisuun waloon akkamitti ergaa dabarse kan jedhu as jalatti dhiyaatanii jiru. Qabiyyeewwan ergaa sirbootni bara 2019 G.C keessa bahan keessa fialatamanii ofkeessatti qabatanii jiran gama hawaasummaatiin qabiyyeewwan kanneen akka: seenaa, gorsa, aarii, aadaa, tuffii, dhugaa, gadda, Safuufi gootummaa jedhan of keessaa qaba. Isaan kanneenis walaloo armaan gaditiin tokko tokkoon qaaceffamanii dhiyaataniiru.

4.3.1. Qabiyyee Ergaa Gama Waliin Jireenya Hawaasummaatiin

Jireenya hawaasummaa keessatti Oromoon kan qabu waliin nyaata. Isa qabneef waan qaburraa ni kennaaf. Oromoon namni bishaan dheebotee yoo kadhate, bishaan qofa hin kennuuf, dura buddeen nyaachisa. Ergasii booda bishaan dhugaatii kennaaf. Bishaan qofas hin kennuuf aannan

kennaaf malee. Kun aadaa waliin jireenya saba Oromoo keessatti beekamaadha. Walaloo sirbaa kana keessattis weellisaa walitti dhufeenya akkamitti akka ibse ergaa dhokataan siyaasa jalatti kan xiinxalame yammuu ta’u, ergaa irra keessaatiin as keessatti xiinxalamee jira. Walaloo sirbaa ‘**Namummaa**’ jedhu kan Galaanaa Gaaromsaa(2019) keessatti yammuu ibsu,

.....

Eee- bar namni haadha qabuu
Akkamiin kan dhabeef garaan hin na’uu
Maatii malee namnuu hin dhalannee
Jaallatee eenyumtuu rakkoo hin filannee
Ee – carraasaa bar carrasaa
Ee- hireesaatti gaabbuu malee
Haadha qabdaa filtee soorattaa
Haadha maleessa maadagattaa
Abbaa qabdaa filtee uffattaa
Abbaa maleessa maa dagattaa?

.....

Oromoon ijoollee abbaafi haati irra hin jirre kan haala garaagaraatiin biraa dhabaman ofitti qabee akka kansaatti kunuunsee guddisa. Kun akkataa waliin jeenya hawaasaa naannoo naannoo isaanitti hundaa’ee akkaataa walitti dhiyaatuun waliif guddisa. Waloonis ‘namni haadha qabu akkamiin kan hin qabneef hin na’uu?’ jechuun ibsa. Ijoolleen haadha qabaniifi kan hin qabne haala jireenyaa keessatti wal caalu. Haati guddisa daa’immanii keessatti iddoo guddaa waan qabduuf, daa’ima isheef of caalchistee yaaddi. Beelaaf dheebuushee, daara ishee waan hunda to’atti. Kan haadha hin qabne ammoo kana hu nda hin qabdu jechuudha. Kanaaf walaan waarra haadha hin qabnee kanaaf garaan ni raafama. Ni nahaaf jechuun ibsa. Akka tasaati malee namni maatii malee dhalate hin jiru, fedhii isaatiin kan qofaa jiraachuu filates hin jiru (sarara 3fi4) garuu hiree addunyaa ta’ee maatii malee hafani jedha. Kun ammoo carraa addunyaan namaa kennituudha jechuun ibsa.

Kan haadha qabdu filattee uffattee, filattee nyaatta (sarara 7fi8) ati kan akkasittiin sitti tolee jiraattu gara maalitu ijoollee hiyyeessota maatii hin qabneef garaan si jabaata jechuun ergaa dabarsa. Kanaafuu, ati kan maatii qabdu, kan haadhaafi abbaa qabdu, jireenya gaarii jiraattu, hiyyeessota sababa garaagaraatiin abbaafi haati irraa du’aniifi bira hin jirre hin dagannu. Wal gargaarra jechuun ergaa gama waliin jireenya hawaasummaa cimsu ergaa dabarsa.

Walaloo sirboota ‘**Urgaayi**’ jedhu kan Galanaa Gaaromsaa (2019) gama hawaasummaa yammuu ibsu,

.....

Ollaan tumee buna yoo danfisuu
Kankee moonyeen maali kan callisu
Dubbii darbeef maaltu walkomataa
Wajjin dhugna buna isa lammataa x2
Wal waammannaa buna isa lammataa

.....

Walitti dhufeenya hawaasummaa keessaa tokko waan qabu waliin qooddachuun yeroo gammachuus ta’e yeroo gaddaatti waliin jiraachuudha. Waan qabu akkaatuma ollaa isaatiin waliin itti jiraata. Kan dhabeef ni kenna. Kan qabuu wajjin immoo dabareen waliin fayyadama. Kanarraa ka’uun walaon sarara (1)fi (2) keessatti walitti dhufeenya olla kaasa. Ollaan wal iyyaafata. Halkan nagaan bulaniiruu jechuun wal gaafata. Ganama ka’ee manni ollaa isaa hin aaru yoo ta’e maal ta’an jechuun wal gaggaafata. Walaonis kana nu yaadachiisuun ‘ollaan tumee buna yoo danfisuu kan kee maali moonyeen kan callisu?’ jechuun ollaa isaa gaafachuu yaadachiisa. Sabni Oromoo waliin jireenya hawaasummaa keessatti, ollaan ka’ee ganama buna yoo danfifatu, inni mana isaanii bukkee jiru ammoo manni isaanii hin banamne yoo ta’e waliif birmata. Sababni isaa Oromoon yammuu mammaaku “Ollaaf waaqitti gadi ba’u” jedha. Kana jechuun rakkoo namaatti kan dafee nama bira ga’u, ollaafi waaqa ofiiti jechuudha. Jireenya hawaasummaa waliin jiraachuun ammoo olla irraa jalqabee hanga biyyaatti adeema. Kanarraa ka’uun walaon walaloo sirbaa kanaan hawaasni hagam akka waliitti dhiyaatufi hangam akka waliin jireenyaaf barbaachisan ergaa dabarseera.

Ollaan akkuma jireenya hawaasumma ijaaruu keessatti isa jalqabaa ta'e, diiguufis isa duraati. Hagam yoo walkomate iyyuu garuu waliidhiisee wajjin jiraachuuttis durummaa hin qabu. Kana ibsuufis waloon sarara (3) irratti isa dabarsinef walhin komannu jechuun ibsa. Waliin jiraanna; waliif dhiisna jedha. Walaloo kanaanis, uummatni Oromoo jireenya hawaasummaa waliin jiraatu keessatti, wal lolanii yoo walitti mufatan jaarsolii waamanii araaramu malee kan darbe kaasanii akka haaloo hin kuufanne ibsa. 'Isa darbeef maaltu walkomataa' yammuu jedhu, waloon isa darbee dhiisnee wajjin jiraanna jechuun amala hawaasaa ibsee jira.

Sarara walaloo (4) irratti taa'ee jirus hawaasni erga walii galee booda waloon, 'wal waammanna buna isa lammataa' jedha. Kunis, waliif dhiifneerra kana booda buna waliin dhugna jechuun hawaasni walii dhiisee waliin jiraachuuf fedhii akka qabu ergaa dabarsa. Waloon walaloo sirbaa kanaan buna dhuguun Oromoo biratti iddoo guddaa qabaachuusaa fi waliin jireenya hawaasummaa cimsuu keessatti iddoo ol aanaa akka qabu ibsa. Bunni yoo danfu ollaan bitaafi mirgaan walwaama. Waliin kolfee taphatee, seenaa darbe wal yaadachiisee, kan duraa karoorfataa buna waliin dhuga. Hawaasani yeroo baay'ee kan inni walitti dacha'ee taa'ee haasa'u yeroo buna dhuganiidha. Kanaafuu, bunni hawaasummaa Oromoo keessatti qooda akka qabuufi bunni yammuu danfu olla waliin waliin akka dhugamus ni ibsa. Bunni jalqaba danfe dhugamee dhume, hanga inni lammataa danfuttis hawaasni waliin akka dudubbatan ni ibsa. Jireenyi hawaasummaas kan cimee mariin gabbatu, waliiti dhufeenyi isaani kan itti fufuuf kan mari'atamu hanga bunni lammataa danfu kanattiidha. Kanaafuu waloon walitti dhufeenya hawaasummaa keessatti bunni iddoo guddaa akka qabu ergaa dabarsee jira.

4.3.2. Ergaa Hawasummaa Gama Seenatiin Darbe

Dhalli namaa erga gara addunyaa kanaa dhufee guyyaadhaa guyyaatti waan keessa darbeefi waan dabarse qaba. Kun ammoo seenaadha. Seenaan kun ammoo nama dhuunfaa irraa eegala. Namni dhuunfaadhaanis ta'e gareedhaan waan hojjetus, kan irratti hojjetames seenaaf galmeessuun kan dabarsuudha. Gareen hawaasaas akkasuma. Gareen hawaasaa waliin jiraatu jiruuf jireenya jiraatu keessatti wantootni inni waliin qoodatuufi waliin hojjetu seenaa ta'ee galma'a. Seenaan waa hunda jireenya dhala namaa waan ta'eef jechuudha. Akkuma namni dhuunfaafi gareen hawaasaa waliin jiraatu seenaa qabu, dhalli namaa addunyaa kanarra jiraatan kamiyyuu seenaa galmeessanii darban qabu.

Sabni Oromoos uummata addunyaa kana irra jiraatan keessaa isaan tokko yammuu ta’u, wantoota hedduu kan galma’aaniifi hin galmoofta seenaa qaba. Kanneen hin galmoofta dur utuu qaroominni barreeffamaa hin babal’atin kan hafan yammuu ta’u, kanneen galmeeffaman ammoo erga qaroominni barreeffama ammayyaa babal’atee kanneen seenaa ta’anii barreeffaman jechuudha. Haa galmeeffaman yookaan hin galmeeffamin malee sabni tokko seenaa dabarse qaba. Seenaan kunis kan gaarii ta’an ykn kan gaarii hin taane ta’uu danda’a. Kana jechuun kan waan gaarii hojjetee dabarse yammuu ta’u, kan waan gaarii osoo hin hojjetin miidhame ta’uu danda’a. Walaloo sirboota bara 2019G.C keessatti bahan keessaa kanneen filataman keessatti akkamiin seenaan saba Oromoo jechuun kan walaloon sirboota kanneenii seenaa, aadaafi duudhaa isaa irratti xiyyeeffatee bahe irratti akkamiin ergaa dabarse kan jedhu fakkeenya armaan gadiin dhiyaataniiru.

Seenaa maalee kan hin dulloomne namuma

Emmulee goota waayi yaa seenaa gootaax2

Azuuleettu guugse goota waayi yaa seenaa gootaa

...Loltee gaafa fardaa goota waayi yaa seenaa gootaa

(Galanaa Gaaromsaa 2019)

Sarara walaloo (1) irratti akka arginu addunyaa kana irraa seenaansaa kan hin dulloomne namuma jedha. Namni gara dachee kanaa irratti erga dhalatee hanga du’utti wanti inni dalagu seenaadha. Seenaan jiruuf jireenya namootaati. Seenaan dubbatamu garuu yeroo baay’ee kan jabduu ta’aniifi waan laafaa ta’aniidha. Nama ykn saba jabduu hojjeteef, seenaan isaa galmaa’ee taa’a. Kanaaf sararri(2) irratti ‘maazuleetti guugse waayi yaa seenaa gootaa’ jechuun ibsa. Maazuulee iddoo lolaati. Bara 1886 uummta Oromoo Arsii fi Minilik (nafxanyaa) gidduutti bakka azuulee jedhamutti lola adeemsifameedha. Mootiin garboonfataan kun saba Oromoo kallattii bahaafi kibbaan lafa isaa irraa buqqisuuf lola inni geggeesseedha. Azuuleen iddoo sabni Oromoo mootii humnaan isa garboonfachuuf dhufe ittiin loluuf fardaan ka’eedha. Walaloo sirbaa kana keessattiis bakka saba ofiitiif itti lolaniidha jechuun ibsa. Gootni saba isaa bilisoomsuuf dirree lolaatti fiige jechuun seenaa ibsa. Oromoon Fardaan lolee daangaa isaafi mirga isaa kabachiifataa ture. Fardi leenji’e goota Oromoo wajjin seenaan isaa leellifama. Waloonis kanumarraa ka’un wanta sabni Oromoo keessa darbe himuun har’as maalgochuu akka qabu ergaa dabarsa. Sarara (3fi 4) ‘loltee gaafa fardaa’ jedha. Oromoon fardaan lolaa ture.

Kanarraa ka'ee waloon walaloo sirbaa kana keessatti gaafa fardaan loltee mo'atte sana, seenaa ta'ee galmeeffamee jira jechuun ibsee jira.

.....

Odaa karra koo duraa
Eenyutu dhufee itti dhibaafataa
Hortee ganamaa malee
...Jaarraa tokkoofuu godaantuun si jala bulaa
(Galanaa Gaaromsaa 2019)

Sararoonni walaloo (1-4) irrattis kan jiru seenaa Odaafi saba Oromooti. Odaafi Oromoon addaan bahuu kan hin dandeenye seenaa cimaa waliin qabu. Kanaaf waloon Odaa karra koo duraatti kan itti dhibaafatu, hortee ganamaati kan biraa miti jechuun ibsa. Kunis Oromoon durumaa ka'ee odaa jalatti walga'a. Seenaan Odaafi Oromoos kanumaaf waliin qoratama. Sababni isaa waloon hortee ganamaa kan hariiroo qabdan sanatu si jalatti walga'a jedha. Haata'umalee, wagga dhibbaaf illee godaantuun seenaa kee hin beekne si jalateesseetti. Ati na jala hin taa'in jettees ofirraa hin dhorkine jedha. Dhugaa kana ibsuuf sararri walaloo(4) irratti dhiyaate 'jaarraa tokkoofuu godaantuun si jala bula' kan jedhu ragaadha. Kun ammoo Odaan akkuma sabichaa garraamiifi gara laafessa, kan nama jaal'atu ta'uu isaa Odaan walqabsiisee waloon ergaa dabarsee jira

.....

Yoo aduun si gubee dhaqi odaa bisil jala
Yoo bubbeen sit dhufee dhaqi odaa bultum jalaa
Yoo si yaame hayyuun dhaqi odaa bulluq jalaa
Haa wal geessu lammiin odaa roobaa jalattii
Yoo mari'anne tolaa odaa nabee jalatti

.....

Galaanaa Gaaromsaa(2019)

Seenaan Odaa ka'ee jennaan seenaan saba Oromoo ka'uun dirqama waan ta'eefi. sararri (1-5) irratti dhiyaates seena Odaa ibsa. Odaan bakka seena qabeessa Oromoon itti walga'u waan ta'eef, haala garaagaraatiif Odaa jalatti walitti qabama. Kanas waoon yoo ibsu 'yoo aduun si gube dhaqi odaa jala' jechuun ibsa. Odaan muka qabbana isaa jalatti boqotan, haalli weerara biyyaa ykn sabatti yoo ka'e iddoo itti mar'atanii diina ofirraa itti deebisan bakka hayyuun itti wal arguudha. Kunis, sarara (1)fi (2) irratti bakka itti Oromoon mar'atu ta'uu isaa ibsee jira. Kun ammoo seenaadha. Oromoon kana kan raawwachaa ture durumaa ka'eeti. Mariidhaan dubbii fixa. Mariidhaan seera tuma, seeras hojiirra oolcha. Waloonis hariiroo Odaan uummata Oromoo biratti qabu ibsuun seenaan kun ammas akka hin dagatamne ergaa dabarsee jira sarara (3,4fi5).

Walumaa galatti, waa'ee saba Oromoo yammuu kaasnu waa'ee Odaa kaasuun dirqama. Sababni isaa Odaan Oromoo biratti muka kabajaa qabu ta'ee mijuun sabicha ilaallatu jalatti kan geggeeffamu muka seenaati.

.....

Seenaa fokkisaa wal hin dhaalchifnuu
Kan saanni dhalteef sangaa hin farsinu
Hayyummaa Gadaa haa beeku hundi
...Hojjennu malee seenaa hin hannuu
Biyya abbaa malee haadhaan hin himnu

.....

(Galaanaa Gaaromsaa, 2019)

Biyya Itiyooophiyaa jedhamtu kana keessatti seenaa Oromoo dhoksuuf, kallattii hundaan yoo yaalame iyyuu seenaan Oromoo cabsee keessaa ba'ee mul'ata. Sababni isaa byya Itoophiyaa jedhamtu kana ijaaruu keessatti bakka guddaa kan qabu saba kana waan ta'eef. Haata'u malee biyya kana keessatti seenaa saba kana dhoksanii, seenaa isaa dabsanii barreessuun dhiyeessu. Sararri (1) irra taa'ee jiru dhugaa kana mirkaneessa. 'Seenaa fokkisaa wal hin dhaalchifnu' jedha. Seenaa gaarii biyya kanaaf Oromoon osoo hojjetee jiruu, isa dhoksuun isa jal'atee barreeffame Abbaan Baahiree bataskaana keessa taa'ee, osoo waa'ee Oromoo hin beekin barreesse- walitti dabarsuu hin qabnu jechuun ergaa isaa dabarsa. Soba hin dubbannu. Biyya kanaaf abbaan biyyaa Oromoodha. Osoo akkas ta'ee jiruu soba hin dubbannu (sarara 2) jechuun ergaa dabarsee jira.

Sarara (3) irratti sabni kun Gadaadhaan bula. Sirni Gadaa immoo hayyuudhaan, beekadhaan waan geggeeffamuuf, seenaa miidhagaadha. Saba Oromoo qofa osoo hintaanee addunyaaf kan ta'u sirna diimookiratawaadha. Kana sabni biyyattii hundis beekuu qaba jedha. Sarara walaloo(102)fi(103)irratti seenaa gaarii yoo ofii hojjenne malee kan saba biraa hannee kan keenya hin jennu jechuun ibsa. Biyya kana keessatti seenaa gaariifi cimaa biyyattii seenaa gaarii akkka isheen qabaattu taasise saba Gadaan bulu Oromoodha. Kana ilaalchisuun Nasruu (2019, f.89) irratti yammuu ibsu, "sirni Gadaa hoggantoota ga'umsa qaban oomisha. Sirni kun qophaa'ina waraanatiin uummata weerara irraa tiksa. Sirni kun fageessee fuulduratti arguu Oromoo dandeessisa. Sirni kun tokkummaa utubaa sabaa cimisa" jechuun ibsee jira. Akkuma waraabbiin armaan olii ibsu sirni Gadaa sirna tokkummaa sabaa irratti hojjetu, kallattii kamiin iyyuu biyya isaa bulchuuf ga'umsaafi dandeettii kan qabu sirna siyaasa Oromoon ittiin biyya kana bulchaa ture akka ta'e addeessee jira. Kanaafuu, abbaan biyya kanaa Oromoodha. Kaan ijaaramaatti dhufuun kan keenya jechuun, seenaa saba kanaa dhoksuu barbaadu. Kanaaf nu immoo seenaa abbaa biyyaasaaf irratti du'ee, wareegamee asiin ga'een himamuu qaba malee warra guyyaa keessa itti dhufeen himamuu hin qabu jechuun seenaa darbe yaadachiisuun ergaa dabarsa.

.....

Shambal abbabaa himiif dhugaa
Fiigichaani dhugaa- dhugaa
LooretTsaggaayee himiif dhugaa
Ogbarruuni dhugaa- dhugaa
Gabbisaa ejjetaa himiif dhugaa
Qorannooni dhugaa-dhugaa
Taddeetu barsiise himiif dhugaa
Mandeellani dhugaa- dhugaa
Qarooma kuushin sirba

.....

Galaanaa Gaaromsaa, (2019)

Kanas sarara (1-8) irratti dhugummaa inni biyya kana ijaaruu keessatti ga'ee Oromoon qabu ykn raawwateen ibsee jira. Kunis, biyya kana beekumsaan, fiqichaan qorannoon kan addunyaatti mul'ise saba keenya saba Oromooti jechuun ibsee jira. Shambal Abbabaan miila duwwaa fiiguun addunyaa dinqifachiise sarara(1). Looreet Tsagga'een ogbarruudhaan sarara (3), Gabbisaa Ejjetaa qorannoodhaan biyyattii addunyaa irratti beeksisan jedha. Kana qofa miti Nelsan Mandeellaa qabsa'aa mirga dhala namaa kan ta'e keessumaa falmaa mirga Gurrachootaa kan leenjise Jeneraal Taaddasaa Birruuti jechuun seenaa Oromoon Biyya kana keessatti qabu qofa osoo hin ta'in hanga Afrikaatti qabu tarreessun, dhugaan mirkaneessee waloon walaloo sirbaa kana keessatti ibsee jira. Kanaafuu qaroomni uummata Kuush biyya kana keessatti angafa waan ta'eef, seenaa kana hunduu haabeeku, haa hubatu jechuun waloon ergaa dabarsee jira. Itti aansuun walaloo sirbaa '**Kuush**' kan Galaanaa Gaaromsaa,(2019) seenaa goototni Oromoo biyya kana keessatti qaban yammuu ibsu,

.....

Aadde Warqituu-uu-uu-uu

Kansaa nyaachistee himiif dhugaa

Kanumsaanii dhugaa-dhugaa

Ba'aa garbummaa himiif dhugaa

Dadhabnaani dhugaa- dhugaa

....

Biyya ijaaruu keessatti dhiira qofa osoo hin ta'in duabrtiin Oromoos biyya kana ijaaruu keessatti seenaa jabaa akka qabdu walaloon sirbaa kun ni addeessa.

Akkaataa sararoota walaloo (1-5)tti ibsameen seenaa mootummoonni Oromoo mootota nafxanyaan wal'aansoo qabaa turan kan ibsuudha. sararri (1) irra jiru mootii Walloo Oromoo kan bara 1860 tamoota keessa bulchaa turte seenaa aadde Warqituu kaasuun waloon walaloo sirbaa isaatiin seenessa. Bara kana keessa mootii walloo kan turte aadde Warqituun mootii Gondor kan ture Kaasaa Hayiluu (Teewodroos 2ffaa)n adeemsa lafa babal'ifannaa fi saba Oromoo garboonfachuuf sochii godhaa tureen mootii walloo kana waliin wal lolaa ture. Lola bara 1868 maqdallaatti mootii Oromoo walloo aadde Warqituufi Tewodroos 2ffaa gidduutti geggeeffameen mucaan aadde warqituu lola kana irratti erga waregamee booda aadde

Warqituun ofii dirree lolaatti seenuu mootii Gondar Kaasaa Hayiluu (Tewoodroos 2ffaa) ajjeesuun lolichi injifannoo mootii walloo kanaan goolabame. Waloonis walaloo sirbaa isaa keessatti aadde warqituun ba'aa garbummaa kana dadhabuudhaan akka isheen mootii kana loluun mo'atte sarara (2,3,4fi 5) irratti seenessuun ibsee jira. Meeshaa isaa irraa fuudhuun isumaan akka ajjeeste ibsa. Haalli kunis sabni Oromoo jaarraa heedduuf mirga isaa kabachiifachuuf, daangaa isaa eegsifachuuf dhiiraafi dubartii, beekaafi wal'aalaa akkasumas dargaggoofi manguddoo osoo hin jedhiin aarsaa ciccimoo gochaa akka as ga'e walaon walaloo sirbaa kanaan ergaa dabarsee jira.

.....

Seenaan hima kan aduwaa

Utuu ta'ee biyyaaf daawwaa

Seenaa ofwaamtuun didee

Anis kankoo nan fedhee

.....

(Galaanaa Gaaromsaa, 2019)

Walaloon sirbaa olii kun ammoo sabni Oromoo daangaa isaa kabajachiisuuf qabsoo inni godhe seenessa. Sararri walaloo (1-4) kaasee jiru ammoo seenaa sabni Oromoo karaa lolaatiin daangaafi mirga sabaafi sablammoota biyya kanaa kabachiisuu keessatti hojjete seenessa. Walaon walaloo kana keessatti seenaan hima jechuun eegala. Biyya kana keessatti wagga waggaan ji'a caamsaa keessa kan ayyaneffatamu injifannoo aduwaati. Xaayilaaniin yammuu biyya keenya weerarte lapheesaa kennee biyya meeshaa jabanaatiin deggeramte dura dhaabatee Fardaafi eeboon lolee injifannoo kan gonfate saba Oromoo akka ta'e ibse. Kanas, sarara (1) irra kan jiru 'seenaan hima kan aduwaa' jechuun walalee jira. Haata'u malee seenaan kun biyya kanatti ni dhokfama. Yoo biyya kana ni gargaara ta'e nan hima jechuun seenaa sabaa kanaa walaon walaloo isaa keessatti ibsa. Seenaa kanaan kan ofwaamu saba birraati; kan seenaa kana hojjete ammoo saba Oromooti. Kanaafuu, 'seenaa ofwaamtuu dide anis kankoo nan fedhe' jechuun kan osoo seenaa hin hojjetin anatu hojjete jettee ittiin of waamtu kana nan dide. Seenaa kana kan hojjete saba koo Oromoo waan ta'eef anis kan koo isa sabnikoo hojjete kana ittiin ofwaamuun fedhe jechuun sarara(2,3)fi 4) irratti ibsuun walaon ergaa dabarsee jira.

.....

Dur dhiigaan dhufekaa

horteen kuush yaa boonaa

...Dur raadiyoo cabsa nun jettanii

Har'a afaan federaalaa gochuu kan diddanii

Masaraa mootummaa cabsamoo

Maaliif sodaattanii?

.....

(Jaafar Yusuuf. 2019)

Akkuma sararoota walaloo armaan olii keessatti ibsamaa dhufe Oromoon seenaa isaa kabachiifachuuf, mirga isaa eegsifachuuf baasii hanga lubbuufi qaamaa hir'achuu akka baasaa as ga'e ibsameera. Dhugaan kunis sarara (1)fi (2) 'duruu dhiigaan dhufekaa horteen kuush yaa boonaa' jechuun waloon mirkaneesseera. Kunis Oromoon biyya siaarratti , afaan isaa irratti falmii hadhaa'aa gochaa as ga'uu isaa agarsiisa. Kun ammoo sadarkaa uummaticha cabsuu irraa ka'ee hanga afaan isaa jibbuutti kan deemeedha. Kanas sarara (3), 'dur raadiyoo cabsa nuun jettanii' jechuun seenaa keessatti Afaan Oromoof jibba sirnootni Itoophiyaa bulchaa turaniifi jiran Oromoofi afaan isaa irraa qaban ibsa. sirnootni darban Afaan Oromoo akka hin baratamneefi hin barsiifamne gochaa akka turan ibsa. Kana immoo sarara (4) irratti atumti iyyuu kaleessa nutti himtee nu yaadachiisuun nu boossisteetta jechuun mootummaa biyya bulchaa jirutti hima. Dhiibbaafi hacuuccaa Oromoorra ture kaleessa osoo aangoo hin qabatin nuyaadachiistee nu boossisaa turte.

Miidhama saba kanarra waggaa dhibbaa oliif ture nutti himtee nu boochisteetta. Hara'a garuu, deebitee ofii keetii iyyuu akka waan hin beeknee taate jedha. Ati amma kan afaan qabatee ammas nu dararuu barbaaddu, Afaan Oromoo kan Afaan hojii Motummaa Federaalaa gochuu diddeef, dhiiga saba kanaa isa kaleessa dhangala'een kumara taphachuu keetimoo maal jechuun waloon walaloo sirbaa kana keessatti seenaa darbe seeneessee, kan amma itti agarsiisee waan fuldurratti maal gochuu akka qabu ergaa dabarsee jira.

Itti aansuun walaloo sirbaa ‘**Faannoo**’ jedhu keessatti Dassaalenyi Beekamaa,2019 seenaa sabni Oromoo keessa ture yammuu ibsu,

.....

Guduunfaan bara dheeraa

Jaarraa tokkoof walakkaa

Yoo raasan hin hiikamuuni

Fuudhan malee wal harkaa

.....

Yakki uummata kana irratti hojjetame kun kan yeroo dhiyoo osoo hin taanee kan waggoota heddu lakkoofsise ‘Guduunfaa bara dhibbaati’ sarara (1) jedha. Seenaan Oromoo kan dhiibaamaa ture jaarraadhaan lakkaa’ama. Hacuuccaafi garbummaan saba Oromoo irra ture waggoota hedduun akka lakka’amu walaon ibsa. Kanas walaon duuba deebi’uun seenaa ittiin uummatni Oromoo dhiibamaa ture kaasuun sarara (2) irratti guduunfaan bara dhibbaa kun ‘yoo raasan hin hiikamu, yoo wal harkaa fuune’ malee jechuun cunqursaan saba Oromoorra ture jabaafi dafee kan hin xumuramne ta’uu isaa ibsa. Kanarraa ka’uun sabnu kun walii galee dhiibbaafi hacuuccaa isarra tureefi jiru kana ofirraa kaasuu akka qabu ergaa dabarsa. Walumaa galatti weellisaa Dassaleny Beekamaa walaloo sirbaa kana keessatti akka ibsutti dhiibbaafi cunqursaa kana Oromoon ofirraa gatee bilisoomuuf waliigalee tokkoomuu qaba jechuun ergaa dabarsee jira.

Akka walaloo sirbaa ‘**Dhiisi Lakki**’ jedhu kan Soninaaf Adam ,2019 keessa jirutti ammoo, waa’ee Oromoon bilisummaa argachuuf jecha lubbuu hedduun akka dhume duuba deebi’ee yammuu ibsu,

.....

Qeerroo hedduu dhabnee laalaali

Qabsoo kanarrattuu laalali

Kaayyoon goota kale laalali

Irbuun jaaallewwanii laalali

Karaatti hin dagannee laalali

Numattuu laatamee laalali

...Gootota Oromoo seenaan haa yadatuu
Jaarraa abbaa Gadaa qalbiinkoo hindagatuu
Achi buutee dhabneem Nadhii Gammadaatuu

.....

Soninaaf Adam (2019)

Sarara walaloo (1,2,3,4fi 5) irratti seenaa wareegama gootota Oromoo isaan bilisummaaf jedhanii dhabaman ilaali, hin dagatin jechuun seenatti fuulasaa galgalcha. Kaan isaanii jiraatti dhabne jedha. Irbuufi kaayyoon isaan qabsa'anii wareegamaniif lafatti kan gatame miti nutti dabarfame jechuun ibsa. Gootota Oromoo kan seenaan hin dagatu sarara (7) ni yaadatamu bara kamitti iyyuu darbanii jedha. Sarara (9) 'Jaal Nadhii Gammadaa' fayyatti nuuf jedhee dhabame seenaa kana yaadadhu jechuun ibsa. Seenaa kana yaadatani, irbuu, kaayyoo waan isaan wareegamaniif fiixaan baasuun ammoo anaaf sitti laatame jechuun ibsa. Kanaaf, irbuu kana nyaachuu hin qabnu jechuun mootummaa aangoorra bara kana jiruuf seenaa dabarsaa jira.

Walumaagalatti, seenaan waan kaleessa darbeedha. Kan har'aa kan hojjetamu ammo seenaa kaleessaa irra dhaabbanneeti. Waloonis walaloo sirbaa filataman kana keessatti seenaa goototni Oromoo, Oromoofi Oromiyaaf jecha wareegaman seenessuun ati maaliif har'a dagatte jechuun abbaa aangootti mul'isaa, waan hojjechuufi fooyyessuun irra jiruuf ergaa dabarsa.

4.3.3. Qabiyyee Ergaa Gorsaan Darbe

Gorsi qajeelchuuf yookaan waan karaa irraa jallate daandiitti deebisuuf raawwatama. Dhalli namaa akkuma waan qajeelaa hojjetu altokko tokko immoo ni dogoggora. Sabni Oromoos kan dogoggore gorsaa, barsiisaa, qajeelchaa guddisa. Dogoggorri immoo kan seenaa yookaan kan siyaasaa ta'uu danda'a. Dogoggora kanas haata'uu kamiin iyyuu gorsaan sirreessuun ni danda'ama. Walaloo sirboota filatamanii qorannoo kana keessatti qaaceffamaa jirani keessatti kanneen ergaa gorsaa sadarkaa nama dhuunfaa irraa kaasee hanga garee hawaasaafi mootummatti ibsaman xiinxala armaan gadiin haa ilaallu. Walaloo sirbaa '**Damaroobileekoo**' jedhu kan Galaanaa Gaaromsaa 2019 keessatti yammuu ibsu,

.....

Bajjiin ni jabaataa

Somboodhaan qottaaree
Otuu hin qonne hiiktee
Ofuma garaftaaree
... (Kan gubatee arge abidda hin tuffatu
Ilmi kaayyoo qabu hundaan hin mufatu
Nama garaa jal'aa sobee soba kolfa
Addaan baasi malee killee gugeef bofaa
Galaanaa Gaaromsaa,(2019)

Sararawwan walaloo armaan olitti dhiyaatan waloon walaloo sirbaa kana keessaatti qaama ilaallatu gorsuuf ergaa dabarseedha. Sarara (1) irra kan jiru qonnaan bulaa gorsuuf ergaa darbeedha. Bajjiin ni jabaata somboodhaan qottaaree jedha. Somboon qonnaan qotuuf hinta'u. Sababni isaa mukti somboo jedhamu bakkeedhaan yammuu ilaalan furdaadha. Keessi isaa garuu qaawwa kan qabu humna kan hin qabneedha. Kanaaf hawaasa Oromoo biratti qonnaaf hin filatamu. Bajjiin gosa qonnaa keessaa kan jabaatuudha. “Bajjiin baqaqsaa baddi intalli haadha baddi” jedha Oromoon yamuu mammaaku. Ergaan mammaaksa kanaa bajjiin jabaatu kun jalqaba yammuu baqaqfamuu sirnaan hin qotamu yoo ta'e, ni bada jechuudha. Kanaafuu, bajjiin qotamuuf mi'a qonnaa cimaa barbaada jechuudha. Waloonis kanaaf, waan cimaatti cimaatu barbaadama jechuudhaan ergaa dabarsaa jira.

Sarara (5-6) irratti walaloon dhiyaate, ammoo gorsaa gama siyaasan walqabatuudha. Sabni kanaan dura miidhamee arge, qaama isaa miidheefi miidhaa isarra ga'e sana hin dagatu jechuun ergasaa dabarsa. ‘Kan gubatee arge abidda hin tuffatu’ jedha. ‘Namni kaayyoo qabu ammo kanaan hin gufatu’ jedha. Adeemsa jiruuf jireenyaa keessatti rakkoon ni uumama rakkoo sana obsaan keessa darbuu qabda jedha. Sababni isaa immoo namni kayyoo qabu rakkoo sanarra dabarsee galmaasaa ilaala waan ta'eef jabaachuu qabda jedha. Namni si miidhu sun sitti kolfaa, siwajjiin nyaachaa, si waliin jiraachaa dhoksee si miidha, ati garuu sirriitti hubattee addaan baasuu qabda hawaasa isaa gorsa. Sararra walaloo (8)fi (9) ‘namni garaa jal'aa sobee soba kolfa, addan baasi malee killee gugeef bofaa’ jechuun ibsa. Hanqaaquun gugees haata'u kan bofaa hanga hammatamee yeroon isaa ga'ee cabutti lachuu killeedha. Gaafa ba'e(cabe) maalummaan

isaa addaan ba'a. Kanaafuu, fira keefi diina kee dafii adda baasi ta'uu yoo baate akka bofaatti booda si hiddee si ajjeesa jechuun gorsaan ergaasaa dabarsee jira.

Kana malees, walaloo sirbaa '**Kaasi x2 qumaarakee**' jedhu kan Falmataa Kabbadaa 2019, keessatti motummaa angoorra jiruuf gorsa yammuu kennu,

.....

Kaasi x2 qumaara kee sirratti baree

Kaasi x2 kaasi kaasi qumaarakee

Uummatarraa kaasi kaasi qumara kee x2

Sirratti baree kaasi qumaara kee

Ibsi sarara walaloo (1) irra jiru gorsaan ergaa dabarsaa jiruuf qaba. 'Kaasi x2 qumaara kee, sirratti barree' jechuun ibsa. ummataa taphachaa jirta. Sobaa jirta; gowwoomsaa jirta jechuun ibsa. Uummataaf waa waadaa galtee turte, abdachiistee turte. Haata'u malee, waan uummata abdachiiste osoo hin ooliniif, saba kana miidhaa jirta. Miidhaan kee kun ammoo amma sirratti baramera jechuun dhiibbaa inni hawaasa irratti raawwateef gorsa kennaaf. Ragaan walaloo kana keessa jirus (4) gochaankee, sobniikee, toftaa ati hojjechaa jirtu sirratti baramera. Miidhaan ati gochaa jirtu sirratti beekameera kanaaf dhiisi, dhiisi uummata kana miidhuu jechuun mootummaa angoo qabatee jiruuf gorsa kenna.

Itti fufuun sobnifi gochi ati gochaa jirtu kun sirratti beekamera waan ta'eef amma sin baasu. Kanaafuu, isa afaaniin nu sobdu dhiisi jechuun walaloo sirbaa armaan gadiin ibsa.

....

Afaan qofaan faarsuun hin taatu araaraa

Abii fashinni siyaasa baranaa Oroo- maara

Aabboo kaasi qumaaraa

.....

(Falmataa Kabbadaa, 2019)

Haaluma kanaan (1) irratti, afaaniin araara jettee odeessita, gochaan kee garuu kan araara agarsiisu miti. Sobaa jirta. Sobdee afaaniin araara jechaa asiin ammoo ajjeesaa jirta jechuun ibsa.

Bara 2010 A.L.I mootummaan biyya bulchaa jiraniifi paartilee siyaasa Oromoo gidduutti walitti dhufeenya uumuuf Addi Bilisummaa Oromoo biyya Eertiraatii galuun isaa ni yaadatama. Erga biyyatti galanii booda garuu walii galtee dhabuun isaan gidduutti uumame hamma har'aatti hin tasgabboofne. Yeroo garaagaraattis hayyoota Oromootiin tokkummaa uumuuf yoo yaadame iyyuu paartiin biyya bulchu akka uummatni barbaadutti tole hin jenne.

Kanarraa ka'uun waloonis, sobdee afaaniin nan araarama jechaa dhoksaadhaan ammoo ajjeesaa waan jirtuuf sirratti barameera jechuun ibsa. Keessa immoo yammuu mootummaan biyya bulchaa jiru kun sagantaa Oromoofi Amarri tokko jechuun walitti firoomsuuf tattaafataa ture. Kun ammoo enyummaa hawaasa Oromoo jijjiiruun gara amaaromsuutti harkisaa jiraachuusaa walaon hubachuun ibsaa jira. Haasaa siyaasaatiin Oroo-maaraa jechuun tokkumma sabaafi sablammii cimsa jechuun sobdee eenyummaa hawaasa Oromoo balleessa jirta. Kun ammo sin baasu,dhiisi jechuun afaaniin akkas jechuu kee dhiisi 'Abii' jechuun sarara (2)fi (3) irratti walaon walaloo sirbaa isaa keessatti gorsaan ergaa isaa dabarsee jira.

Walaloo sirbaa '**Faannoo**' jedhu kan Daassaleny Beekamaa. 2019 keessatti gorsaan yammuu ibsu,

.....

Haqashee walitti himuuni

Wayya maaf irra dibuu

Baay'annee tokko ta'uuni

Keenya kan ta'uu dhibee

...Warra wal nyaatu keessaa

Warri waa nyaachuu baree

Foolatee mi'eeffataa

Nu maalitti jirraree

.....

Haala itti aanuun sararri (1)fi(2) irraatti 'haqashee walitti himuudha wayya maaf irra dibuu' jedha. Oromoon nama amachuu hin beeku; kallattiin dubbata. Dhugaa hin dabsu Oromoon.. Kanarraa kan ka'e waloonis haqa jiru sitti himnee si gorsina jedha. Baay'ina keenya keessa

tokkummaatu dhibe. Inni kaan sabasaa dhiisee saba biraaf garboomee hojjeta jedha sarara (3)fi (4) irratti ‘baay’annee tokko ta’uuni, keenya kan ta’utu dhibe’ Yammuu isin warri kan keenyaa wal miitan; ormi isin gidduu gorie walitti isin naqee biyyicha qabata. Qabeenyaa keenya saama. Kanaaf walaan sararri(5)fi(6) ‘warra wal nyaatu keessaa warri waa nyaachuu baran’ akkuma kanaan dura tokkummaa nu dhorkanii addaa adda nu baasuun nu gidduudhaa fayyadamaa turan har’as foolachaa jiru. Ati garuu ammayyuu isa kana hin hubanne jedha. Warra Oromoo gargar dhiibee, tokkummaa isaanii diigee bulchuu barbaadutu siinis si gowwomsaa jira jedha. Kanaaf immoo dammaquu qabna jedha. Ummata kanaaf maal hojjechaa akka jirru beeku qabna jechuun maal akka hojjechaa jiran akka of ilaalaniif sarara(8) irratti ‘nu maalitti jirraa?’ jechuun akka of maadalan gorsuun ergaa gorsaa dabarsa. Itti fufuun Daassaleny Beekamaa (2019) yammuu ibsu,

.....

Cidhan cidha taasisuu

Firatu nama miidhegsa

Qopheeffachuudha yoomuu

Yoos keessummaa geggeessuu x 4

.....

Cidha irratti akkuma lammiin ofii nama miidhegsu bakka ati jirtuttis kan si deggeru, kan si cina dhaabatu lammii kee akka ta’e hubadhu jechuun gorsa sarara walaloo (1)fi(2)irratti. Ormi karaa si balleessu eega; kan kee siif wayya beeki jechuun gorsaan ergaasaa dabarsa jira. Sararri (3) irratti ‘qopheeffachuudha yoomuu’ fi sarara(4) irratti immoo ‘yoos keessummaa geggeessuu’ jedhu irratti dhiyaate firakee, dhiigakee, lammiikee ofitti qabi; cimsadhu; yoos yoo ormi sitti dhufe waliin ofirraa geggeessita. Yoos loltee injifattaa. Yammus atis ni kabajamtaa jedha. Kanaafuu lammiikee cimsadhu; ijaarradhu jechuun ergaa gorsaa dabarsee jira.

Walaloo sirbaa Soninaaf Adama kan ‘**Dhiisi Lakkii**’ jedhu keessattis ergaan gorsaa darbee jira.

.....

Dhiisi lakkii

Waa sin baasu sun bakkii

Akka kale har’i hin ta’uu

Sobni gaaraan si ba'uu
Yoo kan lubbuuu sabakoo
Bishaan nyaachisuuf ta'u ta'u

} x2

.....

Sararri itti aanu (1- 6)tti jiranis gorsaan dhaamsa walqabatani darbaniidha. ‘Dhiisi lakkii kun sin baasu sun bakki’ jechuun ibsa. Dhiibbaati saba kee irratti geggeessaa jirtu kun siif hin ta’u, bara aangoo kee siif hin dheeressu, sin baasu kanaaf saba kanarraa miidhaa gochuu dhiisi jedha. Haalli har’aa kun akka kaleessaa ta’uu hin danda’u. sabni Oromoo kaleessa miidhamaa ture. Har’a garuu akkuma duraanii sana miidhamuu hin fudhatu jechuun sarara walaloo (3) irratti ibsa. Kanaafuu, atis akkuma warra kalessaa sana uummata gowwoomsitee miidhuuf dhiiga uummata kanaan taphachuu barbaadda yoo ta’e dafii dhiisi jechuun gorsa isaa mootummaa aangoo qabatee jiruuf karaa walaloo sirbaa kanaan ibsa. Kanas, kan gochuun danda’amu kan kee kan ta’an saba keef lammiikee wajjin tokkummaa uumi karaa kanaan saba cimsuu dandeessaa jechuun gorsaa ergaa dabarsa (Sarara walaloo 4.5.6).

Walaloo sirbaa ‘**Michuu Dhugaa**’ jedhu kan Andu’aalem Gosaa 2019 keessatti ergaan gorsaan darbe ni argama.

.....

Osoo wal maraarfanee
Wal keenyee bobaa jalaa
Homtuu dhufee nun tuquu
Walgaachanne jaalalaan
Sabaaba keetiin sabaaba kootiin
Jennee wal kaaduutu baay’ate
Jirus hintaanee
Baduus hintaane
Guutuu hir’uu wal harkatti taane

.....

Ibsi sarara walaloo (1-3) irratti ‘osoo wal mararfannee wal keenyee bobaa jala’ diinni nu seenuus hin danda’u. Atis diinaaf afaan taatee saba kana hin miitu turte jedha. Kanaafuu, saba kee mararfadhu of cimsi jechuun gorsa. Yoo tokkummaa qabaannee eenyuyyuu dhufee nun tuqu. Waliin haa dhaabbannu jechuudhaan ibsa. Haata’u malee, sarara (4-8) irra jiruun sababa tokkummaa saba kee wajjin dhabuu keerraa kan ka’e giddu gidduu taanee jirra. Addaanis hin baane, wajjinis hin jirru jedha. Yoo gara ormaa gortes ormi si hin amanu. Saba keetiif smmoo hin taane. Kanaafuu, osoo tokko taanee gaariidha jechuun waloon walaloo sirbaa kanaan qaama aangoorra jiruuf gorsaan ergaa isaa dabarsee jira. Walumaagalatti, walaloon sirbaa xiinxala kana keessatti dhiyaate, tokkummaafi walta’uun baay’ee barbaachisaa akka ta’e, akkasumas waliin taanaan eenyuuf iyyuu akka hin jilbeenfanne ibsuun gorsa kennaa jira.

4.3.4. Qabiyyee Ergaa Aarii Darbe

Dhalli namaa waan argachuu barbaade tokko argachuu yoo dhabe ni aara. Wanti namni hojjetu tokko nama biraa biratti sirrii miti yoo ta’es nama aarsa. Namni namaan yoo waloles ni aara. Aarii kana irraan kan ka’e namni ariifatee gara tarkaanfii hin taanetti yeroo inni deemus ni mul’ata. Wantootni nama aarsan addunyaa kanarra hedduu yoo ta’an illee dogoggora gara aaritti nama geessan sana sirreessuuf tarkaanfiin fudhatamu gara waan hamaatti nama geessuu danda’a. Namootni dogoggora uumame arganii yoo sirreessuuf jedhan akka hamaatti kan fudhatamus ni mul’ata. Sabni Oromoo saba seenaa boonsaafi guddaa ta’e dabarsee as ga’e yoo ta’ellee kanneen saba kana hakuucan seenaa gaarii sana gara gadheetti jijjiiruun dubbatanis ta’e barreessan ni jiru. Abbaan Baahiree kitaaba Seenaa Oromoo Hanga Jaarraa 16ffaa jedhu keessatti kan jedhu keessatti yaadni waa’ee saba Oromoo irratti barreesse fakkeenya guddaa ta’a. Waloonis walaloo sirbaa isaa keessatti seenaa saba guddaa gootummaan beekamu kana salphisuun, dhoksuun kee na aarseera jechuun seenaa dhugaa jiru yammuu kaasuu argama. Walaloo sirboota kanaa keessattis waloon akkamitti waan isa aarse kana akka ibseefi ergaa maalii dabarse kan jedhu xiinxala armaan gadiin dhiyaateera.

Walaloo sirbaa Galaanaa Gaaromsaa(2019) kan ‘**Kormatu Korma**’ jedhu keessatti yammuu ibsu,

....

Sobduuf dhaadatteedhaaf

Kaayyookoo hin jijjiiru
...Waabeen hin dammeessitu duruu
Maal gochuu gaaguratti seentee
Hurguftee keessaa hin yaaftuu gurbaa?
Dhiisi tuttuqaa kanaa kanaa

.....

Sararoota walaloo armaan olitti dhiyaatan yammuu ilaallu, waloon walaloo sirboota kana keessatti waan isa aarsee, obsa isa dhowwate yammuu ibsu, sarara(1) irratti dhugaa dhoksuun, dabsuun soba ol qabdee faarsuun kee na aarseera jedha. Sobi waan jibbamuudha. Kan itti himamaa jiru kun soba jaal'ata. Namni kun dhugaa ni jibba. Waloonis kan ittiin jedhaa jiru dhugaa hin jaal'atu soba malee jedha. Waloon ati soba jaal'atee, sobaaf dhaabbattus ani kaayyoo koo jijjiree gara kee hin dhufu jedha. Ati yoo hojii sobaa jaal'attes ani dhugaadhuma koo qabadheen tura jedha sarara(2). Itti fufuun sarara (3) irratti waloo kan aarse ni mul'ata.

Waabeen damma dammeessuu kan hin dandeenye miseensa kannisaa miti. Erga ilkaanshee irraa buqqa'ee miseensa kannisaa dhiistee waabee taati. Kana booda damma dammeessuu hin dandeessu; joortuudha. Waloos kanumatu aarse, gaguurri kan warra hojii qabaniiti; waabeen maaliif gaaguratti galte jechuun aara. Sarara (4) irratti waabeen kun bu'aa buusan hin qabdu hurgufii gaagura keessaa lafatti naqi jedha (sarara 5). Kunis, waloon dhimma waabeef kannisaa osoo hin ta'in kan dhugaa jibbitee soba faarsitu, soba jala kan kaattu, lammiikee kan hin jaal'anne, ormaaf kan bitamtu, bakki ati jirtu sun (masaraa mootummaa) siif hin malu keessaa baasaa jechuun waloon aariisaa kana ibsataa jira. Kanas, sarara (6) irratti dhiisi tuttuqaa kana jechuun, diddee soba qabachuun dhugaa jibbita yoo ta'e leenci sin dhiisu jechuun aariisaa ibsuun ergasaa dabarsaa jira. Walumaa galatti ati kan aangoorra jirtu, dhugaa sabakee dhoksitee kan kayyoo ormaa duukaa buutu kun hojiinkee anaafi saba koo aarseera jechuun waloon ergaa dabarsa.

Walaloo sirbaa '**Kuush**' jedhu kan Galaanaa Gaaromsaa 2019, keessatti waan isa aarse yammuu ibsu,

.....

Himuuree nan aaree x2
Siidaa dhaabatu ragaa dabsitee

Ijaarsa daboo dhiigaan ibsitee
Balaayi Zallaqaa himiif dhugaa
Gootummaani dhugaa –dhugaa

....

Jabdummaafi gootummaan Oromoo biyya kana ijaaruu keessati qabu dhokfamee kan hin malleef yammuu olkaafamee faarfamu waloo ni aarsa. Uummata Oromoos ni aarsa. Kanarraa ka'uun waloon walaloo sirbaa kanaan aarii isaa ergaa kanaan dabarfatee jira. Itti aansuun sarara(1) irratti 'himuuree nan aare' jechuun eegala. Seenaa Orommoo wanti dhokfame jira. Wanti waloo aarse waan osoo argamuu, dhaga'amu qabuu, arguuf, dhaga'uun dhorkame jira. Osoo dhugaan hojjetamuun barbaachisu osoo jiruu garuu kan dhokfameefi dhowwame jira, kun ammoo na aarseera jechuun eegala. Wantootni osoo argamuun isaan irra jiruu dhokfaman kanas yammuu ibsu, sabni Oromoo dhugaa heddu qaba. Biyya kana ijaaruu keessattis, aarsaa gurguddaa baasuun angafa. Seenaa jabduu kan hojjetan kan akka Baalaayi Zallaqaafaa dhoksaa jirta jedha. Haata'u malee, ati siidaan dhaabbatee waa'ee saba kanaa osoo ibsuu ati garuu dhoksaa jirta jedha sarara walaloo(2,3fi4) irratti isa mul'atu, dhugaan ibsu osoo jiruu ati waan sobaa ykn ijaarsa daboo (siidaa Minilik) sarara walaloo(5), akka waan dhiigaan dhufee fakkeessuun miidhagsitee olkaaste jedha. Kun na aarseera jechuun aarii isaa ibsa.

Abbaa Jabaloo himiif dhugaa
Hayyummaani dhugaa –dhugaa
Ijaarre biyya himiif dhugaa
Waa hundaani dhugaa- dhugaa
Qaroomni kuushii himiif dhugaa
Hayyuummaani dhugaa- dhugaa
Himuuree nan aaree
Himuuree nan aaree
....Uu-uu qalbiit na cabee

.....

(Galaanaa Garoomsaa 2019)

Sararri walaloo itti aanu ammoo kan(1)fi (2) irratti waloo kan aarse wanti baay'een akka jiru ibsa. Kunis, goototni Oromoo kan akka Balaayi Zallaqaa Qilxuu osoo jiraanii, isaaniif siidaan maluuf dhaabbachuun osoo jiruu, ati garuu siidaa sobaa faarsita jechuun aarii qabu hima. Itti aansuun sarara(3) irratti, Sabni Oromoo beekumsaanis biyya kanaaf akka isaan bu'aa buusan ibsa. Haata'u malee seenaan isaan kanaa hin dubbatamne. Abbaa Jabaloo hayyumaani jechuun seenaa beekaa kanaa kaasa. Sarara walaloo (4)fi (5)irratti ammo biyyicha ijaaroo keessatti karaa hundaan ga'ee guddaa saba Oromootu qaba. Haata'u malee waa'een saba kanaa waan dhokfameef na aarseera jechuun ibsee jira. Ssarara (6) iarrtti kan ibsame, biyya ijaaroo qofa osoo hintaanee, qaroominni Kuush biyya kana ijaare jedha. Haata'u malee, akka barbaadamutti biyya kana keessatti hin ibsamne.

Biyya kana keessatti hojii gaariin sabichaa dhokateera jedha. sarara(7)fi (8) hojiin sobaa biyya kana keessatti karaa mootummaa biyya bulchuun (PP)n hojjetamu kun na aarse jechuun, ani immoo dhugaa kana na hima jechuun ibsee jira. Waanti dogoggoraa saba kanarratti yammuu dalagamu, sobni olka'ee leellifamee, dhugaan saba kanaa yammuu dhokatu, seenaan saba Oromoo dhoksuuf yaaluun kun naa aarsuu qofa miti, 'qalbii koo na cabse' jedha sarara walaloo (9) jechuun waloon walaloo sirbaa kana keessatti aarii isaa ibsatee jira. Walumaagalatti, wanti nama aarsu osoo ilaalanii dhugaan yoo dabe, yoo cabe, seenaan yoo dhokfame, aariin nama qaba. Waloos kanumatu hudhee mormasaa qabe. Osoo ilaalu obsuu dadhabe. Kanarraa kan ka'e aariisaa walaloo sirbaa kanaan ibsachuu fi ergaa dabarsuu danda'eera.

4.3.5. Qabiyyee Ergaa Aadaan Darbe

Aadaan calaqqisiistuu jiruuf jireenya saba tokkooti. Sabni tokko saba biraa irraa wanti adda isa godhu aadaa isaati. Akkasumas, eenyummaafi maalummaan saba tokkoo kan inni ba'ee mul'atu karaa aadaa isaatiini. Sabni tokko aadaa bareedaa yookaan gadhee qaba kan isa jechisiisu, amala inni agarsiisu sanaaniidha. Aadaan kunis kan uffannaa, nyaataa, fuudhaafi heerumaa, ayyaana ayyaanessanifi kkf.dha. sabni Oromoos akkuma saba biroo aadaa kan mataa isaa qaba. Kanneen olitti tarreeffamanis haata'uu, kanneen biroo dabalataan ta'uu danda'a. Walaloo sirboota filatamanii keessattis akkamiin ergaan aadaa saba Oromoo darbe kan jedhu armaan gaditti qaaceffamaniiru.

.....

Andoodeenan miiccadhe
Maaf hin addaanne bullukkoon kuni

Sukkuumeetan miiccadhe
Sitti hin addaatu bullukkoon kuni

.....

(Galaanaa Gaaromsaa, 2019)

Sararri walaloo (1) irra jiruun waloona aadaa sabichaa yamuu ibsu, andoodeenan miiccadhe jedha. Sabni Oromoo osoo qaroominni ammayyaa babal'atee akka ammaa kana hin ta'in, waan naannoo isaatti fayyadama. Osoo samuunaan hin jiraatin durayyuu, uffata xurii hin uffatu. Baala andoodeetiin miiccata. Kun aadaa Oromoo keessatti beekamaadha. Qaroomina Kuush keessaas inni tokko waan naannoo isaa jirutti fayyadamuudha. Kanumaaf, sarara (2) irratti 'andoodeen miiccadhee maaliif hin addaanne' jedha. Aadaadhaan andoodeen uffata miicee qulqulleessa waan ta'eef (sarara 3fi4). Kanarraa ka'uun waloona walaloo sirbaa kanaan qaroominni Oromoo bu'uura qaroomina ammayyaa akka ta'ee ibsuun ergaa gama aadaan jiru dabarsa.

Walaloo sirbaa '**Simbirroo**' jedhu kan Hawwii H.Qannoo (2019) keessatti waa'ee aadaa ergaa yo o dabarsitu,

.....

Iddoo ciisakoo	yaa marii shaashaa
Moonyee kaawwadhuu	yaa marii shaashaa
Boraatiif taatii	
Iddoo yaadakoo	yaa marii shaashaa
Seenaa tuulladhu	yaa marii shaashaa
Yaadaaf sii taatii	

Walaloowwan sirbaa armaan olitti dhiyaatan kun sirna fuudhaafi heerumaaf kan adeemsifamuudha. Kunis, qabiyyeewwan mararooti arrabsoo of keessatti qabatee dhiyaateera. Sarara walaloo (1)fi (2) irratti waloona 'iddoo ciisa koo, moonyee kaawwadhu' jechuun seenissiti. Kun ammoo gaa'ela dhaabbachuuf intalli mana haadha isheetii yammuu baatu mararoo isheen haadha isheetiif dhaamtuudha. Kana booda diinqa keessa si bira hin ciisu. Akka kootti kan

ilaaltu moonyee iddoo koo ciifsi jetti. Kana jechuun na yaaduu dhiisi jechuudhaanis ergaa dabarsiti. Gochaan har'a siif godhe akka seenaatti yaadadhu malee na hin yaadin jechuun haadhaaf ergaa dhaamti (sarara 3,4,5,6). Kun kan adeemsifamu akka yeroo amma kana osoo hin taanee, dur yammuu maatiin intala isaanii abbaa jaal'ataniif sirna naqataatiin heerumsiisaniidha. Taateen kunis yeroo kana raawwata. Walaonis walaloo sirbaa isheen aadaa kana duuba deebitee nu yaadachiisuun ammas akka hin dagatamneef ergaa gama aadaan sdabarsiti.

Itti fufuun Hawwi. H. Qannoo (2019) yammuu ibsiti,

.....

Heellokoo manni kee qaawwee

Ka'ii sussuuqi yaa susuqxukoo

Situ ijarratee mammadooyyee

Heellokoo keessuman dhufee

Ka'ii gugguufi yaa gugguufuukoo

Situ jaal'atee maammadooyyee

Heellokoo karaa manakee

Qoraattii buusi goraan dabalii

Qoraattiin qaraa goraan na butaa

Garaa na kutaa mammadooyyee

.....

Sararri walaloo sirba armaan olii kan aadaa fuudhaafi heerumaa irratti xiyyeeffatan ta'ee mararoo intalli haadha isheetiif marartuudha. Sirbi aadaa kunis, qabiyyeewwan mararoorfi arrabsoo kan ofkeessaa qabaniidha. Qabiyyeen kun kanneen mararoon ergaa dabarsaniidha. Sarara walaloo (1) irraa ka'ee jiru yaa haadhakoo dura anatu siif ergama. Amma immoo akka durii sana na ergachuu hin dandeessu. Kanaaf amma karaa kootiin sitti qaawwera. Keessumaan yoo sitti dhufe akka duraa sana na wantee na ergachuuf carraan hin jiru jetti. Amma ofuma keetii bakka koo bu'uun ergami yookaan hojjedhu jetti (sarara 2,3,4,5,). Dur yammun sibira jiru ana ergattee teessee bashananta. Amma garuu an sibira hin jiru waan ta'eef ofuma keetii gugguufu jechuun haadha isheef mararoodhaan ergaa dhaamti. Kana kan godhe immoo ana miti

suma jetti sarara (6) irratti ‘situ jaal’ate’ jechuun ibsiti. Dur akka amma kana shamarreen tokko ofiin hasa’attee heerumti osoo hin taanee, abbaaf haati ta’anii hasa’anii nama jaal’ataniif kennu. Kanaaf intalli anaan heerumsiistee, ofii keetii hojiitti jooruu situ filate jetti.

Durbi erga heerumtee boodas akka kaanaan duraatti ajaja ofiin deemti osoo hin taanee, ajaja abbaa manaa isheetiin ala manaa ba’uun hin jiru. Kanarraa kan ka’e sarara walaloo (7-10) irratti ‘karaa mana kee qoraattii buusi, goraan dabaali’ jetti. Kana jechuun, yeroo hundaa dhufee si ilaaluu hin danda’u garaa koo kutadhee gara abbaa manaa kootii dhaqeera jechuun ibsiti. Kana booda isheenis mana isheef tattaafatti malee mana maatiisheef miti. Kanuma ibsuuf mararoodhaan haadha isheetti himti. Kanas qorattiin karaa mana keetti geessu irraa qara waan ta’eef na waraana. Goraan immo na kuffisa kanaaf karaan dhufu hin qabu jechuun dhaamti. Kana jechuun qoraattiif gora muucaatutu jira osoo hin taanee akkan jaal’adhetti dhufuu hin danda’u. amma itti gaafatamummaa maatiitu natti kenname jechuun mararoo kanaan ergaa dabarsiti.

Heellookoo birriidhaaf jettee

Birriituu gattee

Birriin horiidha

Hiixattee keessa

Guchuma keessa

Heellookoo birrituun dhala

Miixattee deessee

Ergattee teessaa

Dulluma keessa mammadooyyee

(Hawwii H. Qannoo)

Shamarri tokko yammuu heerumtu gatii baafamu gabbaraatu itti fudhatama. Dhugaa kanas waloon sarara (1,2,3) irratti ‘birriidhaaf jettee Birriitu gatte’ jetti. Birriituun akka marararoo kanmaatti ishee heerumaa jirtuudha. Atis birriif jettee ana mucaakee dhiiste jechuun ibsiti. Qarshii calchifatte. Qarshiitti na gurguratte jetti. Qarshii argachuuf jettee ana mucaakee birriituu dhabde. Qarshii kana guchuma keessa ol keessa akka kootti sin tajaajilu. Ana mucaakee kan miixuudhaan deesse ergattee teessa yeroo dulluma kee keessa jechuun seenaa haadha isheef

dhaamti. Mararoon kun aadaa keessatti kan ibsu mucaan ofii maatii ishee biratti haftee ergamuufi qabdu kan jedhu ibsa osoo hintaanee, jaalala haadhaafi dadhabbi haati irraa qabdu ibsuuf ergaan mararoo kanaan dhiyaate (sarara 4,5,6,7). Kanumarra ka'uun waloon walaloo sirbaa kanaan aadaa yaadachiisuun ergaa dabarsa. Itti fufuun qabiyyee ergaa aadaa gama arrabsoo of keessaa qabu Hawwii H.Qannoo (2019) yammuu ibsiti,

.....

Hamamotee amaamonni kellaa lixxee

Obbookoo isa waaqin qixxee

Sanyoole lafti siin cittee

Hamamotee ya sareewoo

Lootii hin qabduu

Lootee lixxaa

Kellaa abbaakoo ya sareewoo

.....

Haaluma itti aanun sarara walaloo armaan olii yammuu soddaan intala fuuchuuf gara mana warra intalaa dhufu kan jedhamee soddaan ittiin arrabsamuudha. Sarara walaloo (1) irratti 'hamaamoti kellaa lixxee, obbookoo isa waaqin qixxee sanyoole lafti siin citte' jedhuun arrabsuu wal jalaa qabuun arrabsu. Hamamoti soddaafi warra soddaa faana dhufaniidha. Jaarsolii haasaa dabalatee jechuudha. Soddaan dhufeera sanyoon kan dhoksaatti intala heerumaa jirtu jaalataa turteedha. Kanaaf, sanyoo kanaan siif dhumeera; lafti siin citeera jechuun arrabsu. Sanyoon osoo hintalli mana jirtuus intalattii kan dhugataa (qabdo wajjin taa'u) ture ta'uu danda'a. Intalli jaal'atee yoo fedhii maatii ta'uu baate jechuun waan ittiin guutee intala fuudhu yoo dhabe, maatiin abbaa fedhaniif intala isaanii ni kennu (sarara2,3,4,5).

.....

Mana kee gadi hamaamotee ya sareewoo

Awwaalchi sadi hamaamotee ya sareewoo

Tokko miinjicha hamaamotee ya sareewoo

Tokko dhirsicha hamaamotee ya sareewoo

Barbaree baala sukkaaraa
Akka waan qote askaa'ee
Marmaree maa itti cuqqaala

.....

(Hawwii H. Qannoo 2019)

Kanarra kan ka'e, sarara walaloo (6)fi(7)irratti ati 'looti hinqabdu lootee lixxa kellaa abbaakoo yaa sareewoo' jechuun arrabsu. Kana jechuun ati seera hin guutne. Gabbara barbaachisuus baastee intala keenya fuudhuu hin dandeenye ati lootee fuudhuu feeta jechuun arrabsu. Haata'u malee, intalli dhoksaan jaal'achuu dandeessi. Kan intalli jaal'atte sun dhoksaan intalattiif sanyoo ta'uu danda'a. Kanaafuu, shamarran achii arrabsoo arrabsan sanyoodhaan dafii kan biraa barbaddadhu jechuun arrabsoo fakkeessanii ergaa dhaamuuf. Sarara (8,9,10) irraa ka'ee jiru ammoo arrabsoo soddaati. Soddaan mana warra intalaatti ni arrabsama. Kunis aadaadhaan kan jiruudha. Arrabsoon kun garuu isa jibbaa osoo hin taanee kan aadaan achi as dhufeedha. Soddaaf nyaati dhiyaatee, soddaan kooruu dhiisee yoo nyaata isaan dhiyeessaniif nyaate 'barbaree baala sukkaaraa akka waan qotee as kaa'ee marmaree maa itti cuqqaalaa' jechuun arrabsu. Kunis, waan baay'ee nyaateef osoo hin taanee waan inni raawwatu hunda ilaaluun ittiin arrabsu. Kan arrabsu ammoo hiriyoota intalaati.

Itti aansuun yammuu intalli kennamuuf Fardarra ka'amtu hiriyoonna ishee bifa mararootiin dhamsa dabarsaniif qabu. Kanas Hawwii H.Qannoo (2019), yammuu ibsiti,

.....

Mana kee hin aarsinii	barbaree baala sukkaaraa
Maal nyaatte siin jedhuu	barbaree baala sukkaaraa
Qophaa kee hin taa'inii	barbaree baala sukkaaraa
Maal yaadde siin jedhuu	barbaree baala sukkaaraa
Nama hin dubbisiinii	barbaree baala sukkaaraa
Maal dhaamte siin jedhuu	barbaree baala sukkaaraa

.....

Haaluma kanaan sarara walaloo (1fi 2) irratti Abbaan manaa kee mana hin jiru taanaan ‘mana kee hin aarsin’ jechuun isaa mana hin jirre nyaata qopheessitee hin nyaatin. Qophaa kees hin deemin aartee jirta, yookaan namaa wajjin jiraachuu hin beektu siin jedhuu jechuudhaan waan intalli mana warra gurbaatti gochuu qabdu gorsuun ergaa dhaamuuf. Walumaagalatti, walaloon sirbaa filatame kun aadaa irratti xiyyeeffachuun akkamitti intalli heerumaaf kaate dhaamsa haadhafi hiriyoota isheef dhaamti, gaafa cidhaa gochaa akkamiitu raawwatamaafi intalli maatii isheerraa adda baatee gaafa mana warra gurbaa deemu maal qochuu akka isheen qabdu bifa mararoo, arrabsoofi gorsaan dhiyaatee ergaa gama aadaatiin darbee jira (sarara 3,4,5,6).

4.3.6. Qabiyyee Ergaa Gaddaan Darbe

Dhalli namaa jiruufi jireenya isaa addunyaa kana irratti dabarsu keessatti haalota garagaraatu isaan quunnama. Altokko yoo gammade, yeroo biroo ammoo ni gadda, yeroo tokko nama jiru yoo ta’e, yeroo kaan ammoo du’aadha. Kanaafuu, adeemsi addunyaa kanaa dhimmoota wal jijjiiran qabattee kan nama simattu ta’uu isaati. Dhimmotni akka kanaa ammoo hojii ogbarruutiin ibsamuu danda’u. Haaluma kanaan gaddaafi dhiphina saba Oromoo irra ga’e akkasumas, nama dhuunfaarra ga’e haalaan ibsuuf walaloo sirboota bara 2019 G.C keessatti bahan keessatti kanneen filatamana qabiyyeewwan gaddaa mul’atan xiinxala armaan gadiin yammuu dhiyaatu;

.....

Lubbuun koonistaabel Musxafaa Huseen

Waareegamni jaal Laggasaa Wagii

Daa’ima itti dhabnee Maammush ilma Guutuu

Wareegamni qeerroo erga gatii dhabee

...Miidhama saba kanaa isa bara dhibbaa

Kaleecha nutti himtee nu boossifnee gurbaa

(Jaafar Yusuuf, 2019)

Addunyaa kanarratti wanti baay’ee nama gaddisiisu namni nama biraa du’uudha. Lubbuun nama ofii kan wajjin jiraatan tokko immoo yoo nama biraa du’e immoo daran nama gaddisiisa. Namni dhukkubaan, dullumaan du’uu danda’a. Kan dullooman bara quufanii kan du’an yoo ta’e, namni ofii nama biraa du’uun yoo nama gaddisiise iyyuu dulloomanii bara quufanii waanta’eef hangana

miti. Dhukkubni garaagaraa nama tokko osoo hin dulloomin, adeemsa dhalli namaa keessa darbu keessa osoo hin darbin yoo du'e garuu gadda guddaatu namatti dhaga'ama. Gootni osoo saba isaaf qabsaa'uu, wareegamuun ammoo heddu nama gaddisiisa. Qabsoosaa bakkaan ga'ee ija qabsoosaa osoo hin argin du'uun nama boossisa. Sarara walaloo (1)fi (2) irra jiru kan ibsu gadda walootti dhag'amaa jiruudha. Waloo qofa osoo hin taanee, saba Oromoo marayyuu kan gaddisiisuudha. Bonaafi ganna, aduufi rooba osoo hin jedhin bosona keessatti uumarii isaa guutuu dabarsuun kan wareegame duunni Jaal Laggasaa Wagii nama gaddisiisa. Saba isaa Bilisoomsuuf jecha, garbummaa irraa fonqolchuuf beelaf dheebuu obsee osoo jooruu karaatti hafuun isaa nama boossisa. Waloonis walaloo sirbaa kana keessatti seenaa nama gaddisiisu, kan seenaan hin daganne, Oromoof jedhaanii kan wareegaman kun ibsuun gadda itti dhaga'ame ibsachuun ergaa dabarsee jira.

Sarari walaloo (3, 4fi 5) tti jirus saba Oromoof jedhaanii daa'imni kan itti wareegaman miira gaddaan ibsa. Dhuguma daa'imni du'uun nama gaddisiisa. Osoo guddattee biyyattii nama addunyaatti beeksisu ta'uu dandeessi. Daa'imni sarbamuun mirga saba ishee sarbamuun itti dhaga'amee, sabasaaf yammuu falmu ajjeesuun nama gaddisiisa. Itti aansuun sarara(6) irratti beektotni, qabsaa'otni, daa'imnillee qabsoo kanatti du'anii asiin ga'uun erga gatii dhabee jechuun gadda itti dhaga'ame walaloo sirbaa kanaan ibsa. Aarsaa ta'uun gootota keenyaa saba isaanii Oromoof jedhaanii ta'an lafatti irra ejjetamee Minilik kan akka bineensaatti dhiiga saba Oromoo dhuge faarfamuu caalaa kan nama gaddisiisu hin jiru jechuun waloon walaloo sirbaa kanaan ergaa isaa ibsee jira. Waloon itti fufuun wanti guddaa isa gaddisiise sarara (7) irratti, Wareegamtoonni kun mirga saba Oromoo kabachiisuuf akka du'an nutti himtee turte jedha. Sabni kun ammoo waggaa dhibbaa oliif hacuucamaa, dhiitanmaa, mirgi isaa sarbamaa ture jedhee kan nutti himee nu yaadachiise si'i jedha. Seenaa ulfaataa kana nutti himtee nu boossisaa turte jedha (sarara 8). Haata'u malee deebitee atis dhugaa kaleessa nu yaadachiistee nutti himte sana atis saba kana garbummaa sanatti deebisuuf hojjechaa jirta; kun ammoo na gaddisiiseera jechuun ergaa dabarsa jira.

Walumaagalatti, walaloo sirbaa walaloo sirbaa kana keessatti seenaa darbe kaasuun kan miira walootti gadda itti dhageessise ibsuun, biyya kana keessatti Oromoon mirgasaaf falmachuuf jedhee da'ima hanga jaarsolitti qaamaa hir'achuu hanga du'aatti kan irra ga'e lakkoofsa hin qaban. Ammas Oromoon dhiibbaan sun irraa waan hin kaaneef, falmee du'aa jira. Mirga ofiif

falmachuun waan sirrii ta'ee, du'uun, naafachuun garuu nama gaddisiisa . Waloonis gadda itti dhaga'ame ibsuun sabni Oromoos du'uufi miidhamuu uummatasaaf kan gaddu ta'uu isaa ergaa dabarsee jira.

4.3.7. Qabiyyee Ergaa Tuffiin Darbe

Tuffiin gochaafi amala waan tokkoo ilaalanii tuffachuu jechuudha. Ilaalcha hawaasa keessa jiruun yeroo baay'ee gocha sana osoo hin taanee nama gocha sana raawwatetu tuffatama. Nama tuuffachuurra garuu hojiin namni sun hojjete sirrii miti yoo ta'e, hojiin isaa ammatuu tuffatamee gaariidha. Sababni isaa namni uumamaan walqixa waan ta'eef, namni tuffatamuurra hojiin isaa sun tuffatamuun, nama sirreessuun ni danda'ama. Oromoonis hojiifi ilaalcha namoota dhararratti bobba'anii hojjetan ni tuffata. Karaa dharaan faayidaa argachuuf yaaduunis nama tuffachiisa. Wanti tuffatamu jiraannaan qaamni tuffatuufi tuffatamu jiraachuu isaa nu hubachiisa. Sanuma faanas wanti hubatamu kan tuffatu waan tuffatuuf, kan tuffatamu ammoo waan tuffatamuuf qaba. Dhimmootni tuffachuufi tuffatamuun walqabatan walaloo sirboota qorannoo kanaaf filatamanii keessatti bal'inaan dhiyaataniiru. xiinxalli armaan gadiis kan waloon waan ilaalee tuffate ittiin ibseedha. Haaluma kanaan walaloo sirbaa Galanaa Gaaromsaa(2019) kan **'Kuush'** jedhu keessatti qabiyyeen tuffi akkamiin akka darbe ammuu ibsu,

.....

Utuu qotanii kan dhagaa jalaa baatu ilbiisa	}	x2
Utuu dhorkanii kan madaa namaa nyaatu tisiisa		

...Seenaa ofwaamtuun didee

Anis kankoo nan fedhee.

Akkuma sararoota walaloo armaan olii irratti arginu waloon walaloo sirbaa kana keessatti wanta tuffatamuun ta'u tuffachuun ibsee jira. Ilbiisootni lubbu qabeeyyii xixiqqoo ijaan arguuf yeroo baay'ee namatti hintolledha. Tisiisni gosa ilbiisotaa keessaa tokko taatee kan namatti hin tolle, madda dhukkubaati. Waloonis wantootni kun osoo jibbamanii gara namaatti kan fiigan uumama. sarara (1)fi (2) irra jiru kanaan walqabsiisee waloon wanti akka ilbiisota kanaa osoo jibbanii namatti mul'achuu barbaadu nama keessa jira jechuun ibsee jira. Wanti jibban kun osoo ofirraa

dhorkanii humnaan nama miiti. Waan akka madaatti namatti dhaga'amu tuttuquudhaan madaan namaa bal'isti. Kanumaaf waloon tuffii nama akkasiif qabu walaloo kanaan ibse. Ibsa itti aanuun (3) irratti seenaa osoo hin qabaatin ofiikee ofiif laatee ittiin of waamtu kana nan tuffadhe jedha. Kan seenaa qabu osoo jiruu, ati seenaa sobaa ofii laatee ittiin ofwaamta jedha. Kun ammoo si tuffachiisa jechuun ibsa. 'Seenaa ofwaamtuu dide' jechuun seenaashee qamni biraan hin beeku ofumaa osoo seenaa hin qabaatin moggaafatti; ittiin ofwaamtis jedha. An immoo kana nan dide. Anuu seenaa addunyaan beektun qaba jedha sarara (4)' anis kan koo nan fedhe' jedha. Seenaa sanaan ofwaama malee kan kee kan sobaatiin si hin waamu jechuun ibsa. Seenaa dhugaa hin qabdu. Kanaafan ittiin si waamuu dide jechuun ergaa dabarsee jira.

.....

Salphoo tokkoo hamattuu –ho-hoo- hamattuu

Namaa gadii hamattuu-he-hee- hamattuuu

...Kan dhiqantu na dhiqaaree

Waciitiin jette durii

Iji qaani beekne beeki

Cimmaan siilaalti barii

Hamattuun ulfinaadhaaree

Gurra si guuta xurii

...Beekumsi taakkuu- hoo

Arrabni dheeraa- hoo

Barri hamattuu deega

.....

(Galaanaa Gaaromsaa 2019)

Sararoota walaloo (1)fi (2) ibsuun immoo waloon hamattuu tuffachuu isaa ibsa. Oromoon yammuu mammaaku "hamattuuf guuboon karaa hudduu dhumti" jedhu. Ergaan mammaaksa kanaa guuboon ejjennoo waan hin qabneef yeroo mara lafa teessi. Kanaafuu guuboon yeroo kamiyyuu dura jala isheetu dhuma. Akkasumas, hamattuu yeroo hunda manaa gara manaatti deemtee nama hamatti yeroo kanas ta'umsatti yerooshee fixxi waan ta'eef ishees jalqaba uffata

hudduu isheetu dhuma jechuudha. Waloonis hamattuun ulfina kan hin qabne, bakka deemtutti teessee kan nama hamattu waanta'eef tuffatamtuu ta'uushee walaloo kanaan ergaa dabarsee jira. Kanarraa kan ka'e sarara (1) irratti salphoo jechuun tuffii hamattuuf qabu agarsiisa. Sarara (2) irratti ammoo 'namaa gadii' jedha. Yeroo mara hojiif osoo hin taanee hamiif waan deemtuuf, hojjetee namaan qixxaachuu hin dandeessu. Hojjetee jiraachuurra hamatee jiraachuu barbaaddi. Kanumaaf, waloon tuffii hamattuurra jiruufi hojii hamattuun walqabsiisee ergaa dabarsee jira.

Ibsa itti aanuun immoo sarara (3)fi (4) irratti waloon mammaaksatti fayyadamuun waan tuffate ibsee jira. 'Kan dhiqantu na dhiqa jette waciitiin' jedhamee mammaakama. Waloonis kanaan wal qabsiisee ati iyyuu nama si dhiqu, si gorsu si barbaachisa. Na dhiquu hin dandeessu jechuun tuffii qabuuf ibsee jira. Ati kan na dhiquun na qulleessuu barbaaddu, kan si barsiisuun barbaachisu walumaagalatti waan ofii hin qabne namaa kennuu barbaadda. Dura ofii kee of sirreessi jechuudha. Hinqaanoftuu ati ciimmaa ijakee osoo hin miiccatin kan nama dubbatta. Kun ammoo si tuffachiisa jechuun ibsa. Sarara (5-6) irratti jirus tuffii hamattuurra jiru kan ibsamee jiruudha. Hamachuu kee sirratti jibbeera dhiisi. Hamachuun ulfina namaaf hin kennu dhiisi hamachuu kee jedha. Akka hamattuun tuffatamtu kan godhe ammoo arraba dheerachuu isheet. Dubbaa dhugaa of keessaa hinqabne soba dubbachuu isheeti. Kunis sarara walaloo (7) irratti 'arrabni dheeraa beekumsi taakkuu' jechuun ibsa. Arrabni dheeraan arraba sobaan kakatu jechuudha. Beekumsa kan hin qabne, kan nama arrabsu, ulfina kan hin qabne nama jechuudha. Beekumsa hin qabdu sarara(8) jechuun arrabni kee garuu dheeraa jechuun waloon tuffii hamattuuf qabu ibsee jira.

.....

Hamattuuf gurra hin kenninii

Hamiin oduu daldalaaa

Ancallisuun koo san tuffiifi –ho

Yaada hin kenninii –hoo

.....

(Galaanaa Gaaromsaa 2019)

Kanumarraa ka'uun sarara (1) irratti dubbii si wajjin dhiisuun koo hojiikee kana tuffachuu kooti jedha. Waloon ammas sarara (2) irraa ka'uun hamattuun ulfina hinqabdu. Kan nama walitti

naqxu , dubbii fiddi. Nama wal lolchiisti. Kanarraa ka'uun ' arrabni isaas dhiiga' jedha. Ati soba dubbachuu malee dhugaa hin beektu waan ta'eef, an sin tuffadhe jechuun waloon walaloo sirbaa kanaan ergasaa dabarsee jira. Walumaagalatti, waloon walaloo kanaan hamattuun ulfina akka hin qabne ta'uu irraan kan ka'e nama kan walitti naqu, nagaa kan hin buufne waan ta'eef hawaasa keessatti tuffatamaa/tuu akka ta'e ergaa walaloo kanaan darbeera (sarara 3,4).

4.3.8. Qabiyyee Ergaa Gootummaan Darbe

Gootni lammiisaatiifi biyya isaatiif nama waan gaarii hojjete tokkoof kan kennamuudha. Maqaan goota jedhu kun kallattii adda addaan ilalamuu danda'a. Namni tokko hojii itti kenname keessatti kutannoodhaan, haqummaadhaaniifi amanamummaan hojjechuun goota nama jechisiisuu danda'a. Saba Oromoo biratti gootni kan ittiin beekamu diina isaa lolee biyya isaa bilisummaaf yoo kaadhime goota jedhama. Osoo biyyasaaf loluu, saba isaaf osoo hojjetuus kan lubbuu dhabe akka gootaatti yaadannoon gootummaa isaaf ta'a. Saba Oromoo birattis yaadni kun beekamaadha. Sababni isaa sabni kun saba jaarraa tokkoo oliif garbummaa jalatti dararamaa jiru waan ta'eef lammiileen ishee baay'een sabasanii kana bilisummaa argachiisuuf kan aarsaa ta'an hedduudha. Kunis, gootota hedduu hidhannoon qabsa'an irraa kaasee qeerroowwan hedduu du'an dhabdee jirti waloonis walaloo sirbaa qorannoon kun irratti hojjetame keessatti gootummaan saba Oromoo fi kanneen dhuunfaan ba'anii saba kanaaf qabsa'an akkamitti ibsamee jira kan jedhu fakkeenya armaan gadiin xiinxalamani dhiyaataniiru. Haaluma kanaan Galaanaa Gaaromsaa (2019), walaloo sirbaa '**Kuush**' jedhu keessatti yammuu ibsu,

.....

Aadde Warqituu-uu-uu-uu

Kan isaa nyaachistee himiif dhugaa

Balaayi Zallaqaa himiif dhugaa

Gootummaani dhugaa –dhugaa

...Callisuu keenyatu fideem kana hundaa

Sobnee callisnaan gowwaa nu seetuu?

...Goota Oromoodhaa nurraa hin tuqin malee

Hayyoota oromoodha nurraa hin tuqin malee

.....

sarara walaloo (1)fi (2) irratti kan dhiyaate gootumma aadde Warqituuti. Oromoon goota dhiira qofaa miti goota dubartiis qaba. Mootii Gondor yerosii Tewodrosiin kan ajjeese aadde Warqituu akka ta'es, xiinxala ergaa gama siyaasaa keessatti ibsameera. Aadde Warqituun qawweedhuma isaa harkaa fuutee ittin isa ajjeeste jedha sararri (2) irratti dhiyaate. Kanas ba'aa garbummaa inni saba ishee irratti fe'e itti ulfaannaan tarkaanfii kana fudhattee seenaa gootota Oromoo keessatti maqaashee galmeessite. Waloonis walaloo sirbaa kana keessatti gootummaa ishee kaasuun Oromoon gootota dubartii akka qabu ibsa. Itti aansuun sarara (3)fi (4) kan ibsu, gooticha Oromoo Balaayi Zallaqaa Qilxuu kaasuun, gootummaa isaa beeksisuuf walaloo sirbaa kana keessatti ibsee jira. Oromoon gootota biyya isaanii weerara diinaa jalaa basuuf, mirga saba isaa kabachiisuuf lolaa turaniifi wareegaman kaasuun seenaan gootummaasaa kaasuun ibsaa jira.

Sarara (5) yammuu ibsu, goototaafi gootummaa saba Oromoo kaasuun yeroo amma kana osoo ati saba keenya miituu; nu dhiistaa jennee callisuun keenya rakkoo guddaatti nu fide jechuun ibseera. Akkuma ati beektu sabni koo goota. Haata'u malee nu dhiista jennee cal'isne jedha. Kana immoo ati sodaa seete. Kanarraa ka'uun sarara (6) irratti kun ammoo abiddaan taphachuu keeti jechuun gootummaa saba isaa abiddaan walqabsiisee kan ibseefi ergaa dabarsee jira. Sararri itti aanus kan (8) irratti kallattiin walaon walaloo sirbaa kana keessatti kallattii gootota Oromoofi hayyoota Oromoo kaasuun faarsa. Sarara wسالالoo (9) irratti gootota Oromoo nu jalaa akka hin tuqne jechuun akeekkachiisa. Hayyoota keenya akka hin tuqne jedha. Duratti nu beekaa cal'isnee jennaan gowwaa yookaan sodaataatti nu ilaalte. Amma akka duraa hin callisnu goota keenya tuqnaan jedha. Maqaa goototaa tokko tokko sarara walaloo armaan gadiitti akkasiin nu yaadachiisa.

.....

sanyii Abishee Garbaa	waamee waamee siin jedha kommee
Sanyii waaqoo Guutuu	waamee siif dhufe kuunnoo
...Sanyii Adam Jiloo	waamee siif dhufe kuunnoo
Oromoodhaaf duulee	waamee siif dhufe kuunnoo

Qeerroo qoricha roorroo

...Gootota Oromoo seenaan haa yadatuu

Jaarraa abbaa Gadaa qalbiinkoo hindagatuu

.....

(Galaanaa Gaaromsaa 2019)

Amma garuu gootota keenyaafi hayyoota Oromoo ni tuqxa taanan wal hin dhiisnu jechuun ibsa. Kanas sarara (1fi2) keessatti maqaa goototafi hayyoota Oromoo kana tarreessuun isaan kun hayyoota Oromoof wareegamani yeroo ammaa kanas kan jiran sanyii isaaniiti waan ta'eef ofeegi jedhee ibsuun of eeggachiisa. Goototni Oromoo kanaan dura osoo saba isaaniif qabsa'anii osoo galma hin ga'in karaatti hafan waloon waan beekuuf, amma immoo warra amma qabsa'aa jiran kana isaanis gootummaa isaan irraa baranii qabsaa'aa jiru jechuun gootota Oromoo kaasee amma immoo dhalootni maal gochuu akka qabu walaloo sirbaa kanaan ergaa dabarsaa jira.

Qeerroon qoricha roorrooti(sarara5). Kan saba keenya waggoota hedduuf walitti dabarsee saba kana cunqursaa ture, harka duwwaa dura dhaabachuun kan qabsa'aa jiru qeerroodha. Dhugaa kanas waloon(3)' qeerroo qoricha roorroo' jechuun ibsee jira. Sarara walaloo (4) irratti ammoo qeerroon harka duwwaa wareegama qaalii baasee as ga'e kun kaayyoo gootota kale galmaan ga'uf qabsa'an jechuun ibsa. Kaayyoo, irbuu isaan wareegamanii nutti dabarsan galmaan ga'uuf qabsa'aa jira qeerroon jechuun ibsa. Kanarraa kan ka'e sarara (5),6,7) irratti gootota Oromoo seenaan haa yaadatu jedhee ibsa. Lubbuu hedduu isaanii qabsoo Oromoof jecha lubbuun hedduunis darbaniiru. Seenaan isaan hin dagatin jechuun waloon walaloo sirbaa kanaan ibsee jira.

Walumaagalatti, seenaan gootota Oromoo kanneen asitti ka'aniifi kan asii olitti ibsaman qofaan kan goolabamu miti. Sababni isaa goota ta'uun akka salphaatti miti. Waan muraasa hojjetaniis goota hin ta'an. Seenaan gootummaa Oromoofi kan Oromummaaf qabsa'anii aarsaa cimaa baasan kanneen olitti waa'een isaanii ibsamees isaan muraasa. Maqaan gootummaa argachuun akkuma bu'aa ba'ii jireenyaa cimaa keessa darbaniis argachuu akkuma ta'e, seenaan isaan yaadatus kan salphaatti dagatamu miti. Waloon walaloo sirbaa kanaan gootota Oromoo mirga sabasaanii kabachiisuuf jedhanii lubbuu isaanii dhabanis isaan muraasa garuu aarsaa guddaa baasan kaasuun ergaan gama hawaasummaa keessatti gootummaan maal akka ta'eefi akkamitti hawaasa akka tajaajilu ibsee jira. Walumaagalatti walaloo sirbaa kana keessatti baay'een goototni Oromoofi Oromiyaaf jecha qabsa'aa kan turan akkasuma qabsa'aa kan jiran akka ta'e ergaa gama gootummaa kanaan darbee jira.

4.3.9. Qabiyyee Ergaa Safuun Darbe

Jechootni safuu jechoota hawaasa biratti lagatamaniidha. Hawaasni Oromoos akkuma saba biroo jechoota lagu barte hawaasaa waliin hindeemne ni qaba. Jechoota kana fayyadamuutu hinbarbaachisu jedhameeti malee jechootni bakka bu'uu malan dhabamnaani miti. Fakkeenyaaf 'Tolashiin udaan hadde' jechuu irra 'Tolashiin boolii baate' jechuun ni danda'ama. Akkasitti kan fayyadmnu yoo taane safuu hawaasaa kan eeggate ta'a. walaloo sirbaa kana keessatti waloon akkamitti jechoota safuutti akka fayyadame fakkeenya armaan gaditti dhiyaataniiru. Haaluma kanaan walaloo sirbaa

.....

Yaa tola kee odaa

Jaarraa tokkoofuu godaantuun si jala bulaa

Nama garaa jal'aa sobee soba kolfa

Addaan baasi malee killee gugeef bofaa

.....

(Galaanaa Gaaromsaa, 2019)

Akkuma sarara (1fi 2) irra taa'ee jiruun waloon obsaafi gaarummaa odaa ibsuuf jedhee jaarraa tokkoofuu godaantuun si jala bula jedha. Kunis, Oromiyaa wajjin walqabsiise sabootni biraan biyyattitti dhufuun jaarraa tokkoo oliif keessa jiraatani. Ati garuu ani kankee miti jettee hin didne jechuu barbaadee, kanneen dhufan kun godaantuudha jedhee ibse. Saba Oromoo biratti garuu jechi godaantuu jedhu kun safuu waan ta'eef yeroo baay'ee itti hin fayyadamamu. Bakkasaa 'karadeemaa' dha jedhu. Waloon walaloo sirbaa kana keessatti ergaa isaa dabarfachuuf yoo itti fayyadame iyyuu Oromoon garuu godaantuu namaan jechuurra karadeemadha jedha.

Akkasuumas sarara (1fi 2) keessa jiru 'nama garaan jal'aa sobee soba kolfa' jedha. Sobuun waan gadheedha. Safuudhas. Namni sobu kun kan garaan isaa daba yaaduudha. Oromoon namni akka tasaa yoo sobe ni dogoggore yookaan irra ce'e jedha malee sobuun safuudha. Waaqa birratti akkuma cubbuu ta'e, Oromoo birattis safuudha. Namni sobu hin amanamu, hin kabajamu, ulfina hin qabu. Salphoodha jechuudha. Sobuun qaani waan ta'eef yoo irratti barama hawaasa keessatti baay'ee tuffatama.

.....

Kan garaa garaatti dhiisi

diina baayisuu fafeedha

...Si amanaa nyaatuumu garaa na nyaatee

Ilma namaa dhugaa qabu yoo qircattuu

...Namaa gadii hamattuu-he-hee- hamattuuu

...Qaama hir'uu waaqatu uume

.....

(Galaanaa Gaaromsaa, 2019)

Sararri (1) irra kan jiru fafee (fafa) jecha jedhuudha. Namni tokko jaal'atee fafa hin ta'u. Fafa jechuun nama qaamni isaa guutuu hin taane qaama miidhamaa jechuudha. Kun ammoo uumamaan yookaan akka tasaa namarra ga'uu danda'a. Namni uumamaan yoo akkas ta'ee dhalates qomoo (sanyii) isaanii keessa abaarsi dhaalan dhufe ykn Waaqayyo akka waan isaanitti gaddeetti waan ilaalamuuf namaan ati fafa hin jedhamu. kanafuu jechi kun saba Oromoo biratti safuudha. Weellisaan walaloo isaa keessatti isa miidhamte dhiisiti diina hin baay'isin jechuun ergaasaa dabarseera. Haaluma kanaan sarara (2) irratti si amanaa nyaatamuu kan jedhu keessatti jechi jiru jecha safuuti. Oromoo biratti namni hin nyaatamu. Kun safuudha, sababni isaa namani namaan nyaatamuu waan hin dandeenyeef.

Namni yoo namatti balleesse na miidhe jedhama malee na nyaate hin jedhamu. waloon walaloo sirbaasaa keessatti nama jaal'atanii yammuu itti ofgatan qaamni jaal'atame sun ammoo faallaa isaa shira addaa irratti yoo raawwate inni jaal'ate sun ni miidhama jechuudha. Nama jaal'atan irraa shakkii waan hin qabneef osoo irratti hin beekamin nama miidha. Kanaaf, waloon osoon si amanuu na miite jechuuf na nyaatte jechuun ergaa isaa dabarfateera.sararri walaloo itti aanu kan (3)fi(4) 'namaa gadii hamattuu' jedha. Hamiin waan ammeenyaaf godhamuudha. Nama duuba waa'ee namaa sobanii haasa'uudha. Kun ammo safuudha. Weellisaanis gadhummaa hamii ibsuuf namaa gadii jechuun jalqaba. Hamachuun waan jibbamaafi namni hamatus akkasuama nama birattis kan jibbamuufi waaqa birattis waan cubbuu ta'eedha. Saba Oromoo birattis hamachuun waan tuffatamufi hawaasni idileen itti hin fayyadamneedha.

Walumaagalatti, walaon walaloo sirbaa kana keessatti hawaasummaa keessatti jechootni itti fayyadamnuufi itti hin fayyadamne kan jiru yammuu ta’u walaloo kanaan garuu ergaa dabarsuuf jechoota kanatti fayyadamee jira.

4.3.10. Qabiyyee Ergaa Jaalalaan Darbe

Adeemsa bu’uura jireenyaa keessatti jaalalii isa jalqabaati. Waliin hojjechuuf, waliin jiraachuuf jaalalli isa hangafaati. Yoo jaalalii jiraate, waldanda’anii waliin hojjetu. Sabni Oromoo sabasaa qofa osoo hin taanee kan biraas hammatee ofitti qabee guddisa. Ni kabaja. Jireenya hawaasummaa keessatti kan dare itti uwwisee, kan dhabe nyaachisee gargaaree guddisa. Kun sabni jaalala qabaachuu isaa mul’isa. Kanamalees hiriyoonna walitti dhufanii kan isaan mana ijaarratan, bultii dhaabbatan dursa yoo wal jaal’ataniidha. Kanarraa ka’uun jaalalii jireenya kam keessatti iyyuu bu’uura waan hundaati. Walaloo sirbaa ‘**Urgaayi**’ jedhu kan Galaanaa Gaaromsaa,(2019) keessatti gama hawaasummaa keessatti qabiyyee jaalalaa yammuu ibsu,

.....

Meeqan dhugee buna hulluuqakee

Dhar’aa hin ba’uu si ilaalu malee

Kaametittii igoon si guddisee

Jalaalli kee halkan na dubbisee x2

Bareenni kee halkan na dubbisee

Barbaachi kee halkan na dubbisee

Miidhagni kee halkan na dubbisee

Miila garaatu na fidee kunoo

Ishee dhabe rafee hin buluum anoo

Gumaatakoo onnee narraa fudhuu

Kan keen ta’aa kan kee na godhadhuu

Akka sarara walaloo (1,2fi3) irratti ibsamee jiruun waan isheen hojjette hagam yoo nyaatee dhuge iyyuu kan isa gammachiisu ijaan ishee arguu akka ta’e ibsa. kan jal’ate arguun akka isa gammachiisu ibsa. kanan gammadu, kan natti tolu yoon si argeedha jedha (sarara2). Akka ishee argee gammadu waanti isa taasise ammoo bareedina isheeti (sarara4) Bareedni ishee,

miidhaginni ishee halkaan abjuudhaan akka isa rakkisu ibsa (sarara 5,6fi 7). Abjuudhaan kan jal’ate waliin hasa’aa bula. Akkasumas sarara walaloo(8.9fi 10) irratti kan jaal’ate iddoo biraarraa isheef jedhee akka dhufe ibsa. garaankoo si jal’atee jenaanin dhufe, amma si dhabuu hin barbaadu, kennaan siif fide narkaa fudhadhu (sarara8), kana booda aniif ati tokko taana, adda hin baanu; wal fuuna jechuun (sarara 9) jaalala isheef qabu ibsuun walaloo sirbaa kanaan ergaa dabarsa.

.....

Luuccee tokkoo kan yaadni daggalaa

Ifuu hin diddu yoo ilaalan galgalaa

Waadaa qabnu akka hin irraaffannee

Waliin turra maashoo walgorfannee

Urgaayi Akka foolii bunaati

Dhaabadhu akkuma jabanaatti

Koo ta’i hanga lubbuun jiraannu

x2

Naa ta’i akka garaa dhalaatti

.....

(Galaanaa Gaaromsaa,2019)

Itti fufuun walaloon sirbaa kun miidhagina , bareedinaafi dandeetti cimina ishee ibsuuf maqaa ishee dha’ee ‘Luuccee tokko kan yaadni daggalaa’jedha(sarara 1). Kana jechuun dandeettii cimaa qabaachuu isheefi dubartii cimtuu ta’uu ishee jaja. Bareedina ishee ibsuuf ammoo fuullishee dukkana keessa ibsa (sarara2) erga ishee faarsee booda waadaafi irbuu walii galan sana akka hin daganneef yadachiisuun hanga dhumaatti waliin jiraachuu akka qaban fedhii akka qabu itti hima (sarara3,4). Sarara walaloo (5,6) irratti nama jaal’atee jajaa ture kana eebbisa. Oromoonis nama jaal’atu ni eebbisa. Bunaan eebbisa. “Akka bunaa urgaa’i, akka bunaa si haadhaabu” jedha. Walaloo sirbaa kana keessattis aadaa faanomuun jalallee isaa eebbisa. Egaa kan koo ta’i tokko taanee walii gallee jiraanna jechuun yaadaafi jaalala qabuuf walaloo sirbaa kanaan ibsee jira(sarara 8,9) itti fufuun Galaanaa Gaaromssaa, (2019) yammuu ibsu,

.....

Fardaa lafaan sin barbaada kunoo

Jaalala keetiin hafuura anoo

Mashoo onnee maal yoo gumaachanii

Durbee jimmaa kan of marataanii

.....

Michuu jkaal'ate kana iddoo baay'een geejjibaan barbaadaa akka ture ibsa. Jaalala isheetiin qabamee yeroo baay'ee iddoo baay'ee barbaadee akka argate ibsa (sarara 1,2) barbaachaa rakkina baay'ee dhaan kan argate kana ammoo jaalala akka kennuufi barbaadu yammuu ibsu ' mashoo onnee maal yoo gumachanii' jedha. Kan jaal'ate kanaaf jireenya isaa yoo kenne kan hin quufne ta'uu isaa ibsa. Baayee ' akka jaal'atuufi jireenya isaa yoo kenneef kan isa hin quubsine ta'uu isaa ibsuuf 'durbee Jimmaaf maal yoo maraatani' (sarara 4) jechuun durba Jimmaa keessaa akka jaal'atu ibsuun ergaa dabarsee jira

Walaloo sirbaa '**Michuu Dhugaa**' jedhu kan Andu'aalem Gosaa,(2019) keessatti qabiyyeen jaalalaa yammuu ibsamu,

.....

Michuu dhugaa

Michuu dhugaa yaa laseekoo

Magaal qallookoo

Hirkoo dhugaa yaa qacceekoo

Yoon sittaare qallookoo qallooko

Kolfuu qabda yaa laseekoo

Yoo natti aarte qalloo koo qallooko

Kolfuun qaba yaa laseekoo

Walaloo sirbaa sarara(1,2) irra jiruun nama jaal'ate yammuu waamu 'michuu dhugaa yaa laseekoo' jedha. Michuun dhugaa kan baay'ee jaal'atan, yeroo rakkatan kan nama bira dhaabbatu, kan nama gargaaru, haala kam keessatti kan nama bira dhaabbatu jechuudha. Walaloo sirbaa kana keessattis jalalleen ofii iddoo hundatti kan waliin dhaabbatan ibsee jira. Sarara (3) irratti halluu bifa ishee ibsuun ati kanan itti boqodhu hirkoo kooti jedha. Kanaafuu yoo walitti aarre, yoo adeemsa jireenyaa keessatti walitti mufanne anis kolfuun qaba,atis kolfuu qabda, walitti

gaddinee haaloo wal hin qabannu jechuun ibsa (sarara5,6,7,8). Walumaagalatti walaloo sirbaa kana keessatti kan jaal'ates ta'e, kan jaal'atame waliif hirkoo ta'anii ,waliif amanamanii akka waliin jiraataniifi adeemsa jireenyaa keessatti yoo wal mufatan waliif dhiisanii akka waliin jiraatan walaloo sirbaa kanaan ergaan darbee jira.

walon miidhagina, bareedinaafi jaalala isaa ibsachuuf akka namaatti yammuu inni hojjetu argina. Kan nama dubbisu nama. Haata'u malee, waloon baay'ee jaal'achuu isaa ibsuuf jecha dubbii qolaa kana fayyadamee jira. Jalalii ishee, bareedinnifi miidhaginni ishee halkan yaadaan dhiphisuu isaa ibsuuf, dubbii qolaa nameessa kanatti fayyadamee halkan nadubbisee, irriban dhabe jechuun ibsee jira. Adeemsi haala kanaan waa ibsuu

4.4. Ergaa Walaloo Sirboota Bara 2019G.C Keessatti Bahan Keessa Kanneen Filataman Gama Dinagdeetiin Wal qabatan

Dinagdeen utubaa biyya tokkooti. Bu'uurri biyya tokkoos kan ijaaramte dinagdee irratti. Kun immoo sadarkaa nama dhuunfaa irraa jalqabee haga biyyaatti kan guddatuudha. Qabeenya namni dhuunfaatti qabutu walitti dhufee kan biyyaa ta'a waan ta'eefi. Uummatni Oromoos sadarkaa dhuunfaas haata'uu, sadarkaa biyyaatti dinagdee isaa guddisuuf, karaa adda addaa bu'aa ba'ii geggeessaa ture; geggeessaas jira. Isaan keessaa qonni isa tokko. Dinagdeen saba Oromoos baay'inaan qonna bu'uureffata. Lafa mijataa qonnaaf ta'u waan qabduuf, baay'inaan qonnaafi horii horsiisuun jireenya isaa geggeeffata. Walaloo sirboota bara 2019G.C keessatti bahan keessaa kanneen filataman keessatti waloon akkamiin jireenya dinagdee hawaasichaa ibse kan jedhu mataduree kana jalatti qaceffamanii dhiyaatan. xiinxalli armaan gadiis kan waloon gama dinagdeen walqabsiisuun dhiyeesseedha. Haaluma kanaan walaloo sirbaa Galaanaa Gaaromsaa(2019), yammuu ibsu,

.....

Bajjiin ni jabaata

Somבודhaan qottaaree

Otuu hin qonne hiiktee

Ofuma garaftaaree

...Ijaarsa daboo dhiigaan ibsitee

...Hojjennu malee seenaa hin hannuu

...Dammaroobilee koo

Ayeetuu dhuguun barbaadaa

Qabee haaraa naa qoraasi

.....

Galaanaa Gaaromsaa(2019)

Walaloo sirbaa kanaan walaloon armaan olitti dhiyaatan gama dinagdeetiin kan dhiyaataniidha. Walaloo sarara (1) irra jiruun ‘bajjiin ni jabaata, somboodhaan qottaaree’ jechuun dhiyeessa. Galaanaan bajjiin lafa baay’ee jabaatu, qotuudhaafis qotiyyoo ciccimoofi meeshaa qonnaa ciccimoo kan barbaadu ta’uu isaa ibsa. Meeshaan ittiin hojjetamau akkataa hojjichaan wal hin simu yoo ta’e, callisanii waanuma arganiin hojiitti bahu yoo ta’e, oomisha argamu irratti dhiibbaa akka qabu ibsa. Namni qotu tokkos midhaan tokko qotee facaasuuf, tartiiba barbaachisu keessa darbuu qaba. Yaada kana walaloo sirbaa kana sarara(2) irratti ‘otuu hin qotin hiiktee ofumaa garaftaaree’ jedha. Walaloo sirbaa kana keessatti kan arginu qonnaan bulaan tokko osoo lafa hin qotin qotiyyoo camadanii hiikuun akka hin danda’aamneefi utuu hin qotin calleessanii midhaan garafuunis akka hin danda’aamne ibsa.

Ummatni Oromoo hojii qonnaas ta’e hojii biroo yeroo hojjetu daboodhaan walgargaaree hojjechuun dinagdee isaa cimsachaas dhufe, cimsachaas jira. Daboo qonnaas ta’e kan ijaarsaa irratti waliin hojjechuun wal jabeessa. Walaloo sirbaa kana keessattis eeruun (3) ijaarsa daboo dhiigaan ibsite jechuun kan weellisaa walaloo isaa keessatti fayyadameedha. Kunis daboodhaan ijaaramanii wal gargaaruun hojii kam keessattillee akka milka’aan akeekke jira. Akkasumas, walaloo sirbaa kana keessatti sarara (4) irratti hawaasa hojiif kakaasa. Dinagdee dhuunfaas ta’e kan garee cimsuun, guddisuun kan danda’amu hojjechuudha. Kanarra ka’ee waloon ‘hojjennu malee seenaa hin hannu’ jechuun hojiif kakaasa. Sabni Oromoo kun jiraatee kan har’a ga’e dinagdee ormaa irratti hirkachuun osoo hin taanee, ofdanda’ee hojjechuudhaan sadarkaa har’a jiru kanarra ga’e. Dinagdee kanas hate osoo hin taanee, hojjetee kan inni dhaloota itti aanu dhaalchisu. Ofii hojjetee itti agarsiisa. Bu’uurri jireenyaas hojiin, ofiifi biyya utubuu akka ta’e walbarsiisaa, hojjeechaas as gahe.

Dinagdeen uummatni Oromoo keessatti horii horsiisuunis bakka olaanaa qaba. Keessumaa horsiisa looniitiif bakka olaanaa kenna. Walaloo sirbaa kana keessatti sarari (5fi 6) irratti ‘damma roobileetoo aayeetuu dhuguun barbaada’ jedha. Oromoon dur nama dheebotee bishaan kadhateef, bishaan osoo hintaanee, aannan kennaf. Aayetuun aannan loonii kan dhadhaan keessa hin ba’in ho’aa kan dhugaatiif ta’uudha. Aayeetuun kun yeroo ammaa kana gurguramuun dinagdee biyyaa utubuu keessatti ga’ee olaanaa qaba.

.....

Dambii qal’oo daraare bunnikee
Firii tolaa kunuunsi qoodakee
Kan daraare firii haa buufatuu
...Urgaayi Akka foolii bunaati
...Dinagdeefi beekumsaan
Waaltessuu barbaachisa

.....

Galaanaa Gaaromsaa,(2019)

Qonni bunaa utubaa dinagdee uummata Oromoo isa biraati. Kun ammoo kan uummata Oromoo qofa ta’uurra darbee, kan gabaa addunyaatti dhiyaatee galii guddaa biyyaaf argamsiisaa jiruudha. Bunni kunis kan margu dachee Oromiyaa keessaa akka ta’e walaloo sirbaa kana keessatti sarara walaloo (1) ‘bitta diiraa bunni yoo daraaru’ jedha. Walaloo sirbaa kana keessatti kan arginu bunni yeroo daraaru yoo bilchaatee ga’u, qote-bulaan gurgurtaaf gabaatti akka dhiyeeffatu ibsa. Kanaanis uffataakka bitatan ibsa. sarara (2) irrattis ‘dambii qal’oo daraare bunnikee’ kan jedhu ibsee jira. Kunis, bunni dachee Oromiyaa keessaa Jimmattis akka oomishamu walaan kaasee jira. Kanas, jaalalaan qabee buna faarsaa akka jiru walaloo sirbaa kana keessatti argina. Bunni kallattii hundaan dinagdee nama dhuunfaa irraa kaasee hanga dinagdee biyyaatti gahee guddaa akka qabuufi dhugaatiidhaaf illee akka fayyadu walaloo sirbaa kanaan walaan ibsee jira. Sarara walaloo (268) ‘urgaaayi akka foolii bunaatti’ jechuun bunni gurgurtaa qofaaf osoo hin taanee dhugaatif akka tajaajilu ibsa. Yeroo aka’amee danfifamuuf jedhu foolii gaarii akka kennu, ollaaf manni yeroo bunni danfifamu foolii isaa akka urgeeffatu walaan ibsa.

Dinagdee biyya tokkoo ijaaroo keessatti qabeenya qabaachuufi hojjechuu qofa osoo hin taanee, beekumsa qabaachuunis iddoo guddaa akka qabu walaon walaloo sirbaa kana keessatti ibsee jira. Beekumsa malee qabeenyi nama hin fayyadu. Kanaafuu qabeenyaan nama dhuunfaas ta'e kan biyyaa beekumsaan utubamuun isa bu'uurati. Walaonis sarara (3) irratti 'dinagdeefi beekumsaan, (4) waaltessuu barbaachisa' jechuun kan ibse hawaasni dinagdee cimaafi beekumsa gahaa hin qabne fuuldurri isaa dukkana akka ta'e ibsa. Kanaafuu, walaon uummatni Oromoo dinagdeefi beekumsaan waljabeessee deemuun akka qabu walaon walaloo sirbaa kanaan ergaa isaa dabarsaa jira. Hojiidhaan dinagdee eegalanis jabeessaanii xiiqiifi waliin gurma'aanii akka waliin dhaabbatan walaloo sirbaa kanaan walaon dhiyeessee jira. Walumaa galatti, sabni dinagdee hin qabne akka muka hidda hinqabneeti. Mukti hidda malee dhaabachuu hin danda'u. Kan qabee mukicha dhaabu, bishaan lafa keessa kan fidu hidda mukaati. Mukti hangam guddaa yoo ta'ellee guddina isaatiif bu'uurri hidda cimaa lafa qabatee isa dhaabu qabaachuu isaati. Dinagdeenis akkasuma. Sabni dinagdee hin qabne lafa ga'u hin beeku. Kanaafuu, sabni Oromoos harka walqabatee hojjechuun dinagdee isaa cimsee of dhaabbachiisuun barbaachisaa akka ta'e ergaan walaloo sirbaa kanaan darbee jira sarara (5fi 6).

BOQONNAA SHAN: CUUNFAA, ARGANNOOFI YABOO

Boqonnaan kun kutaa yaadni cuunfaa, argannoofi yabootu dhiyaate. Cuunfaan qorannoo kanaa gabaabinaan bakka itti cuunfamarii kaa'amaniidha. Argannoo kan jennu ammoo, hojii qorannoo kana keessatti qorataan ragaawwan funaanuun erga qaaccessessee booda argannoon qorannicha irraa argame kaa'amuun yaboon qorannichaa ibsameera. Haaluma kanaan, boqonnaa kana jalatti cuunfaa, argannoofi yaboon walduraaduubaan dhihaataniiru.

5.1. Cuunfaa

walaloon sirbaa tokko barreeffamee hawaasa isaafi dhaggeeffattootaaf yammuu dhiyaatu ergaa guutuu kallattii barbaadameen sirriitti darbuufi dhiisuu isaatiif ga'ee olaanaa kan taphatu afaan inni itti fayyadameefi dhugaa hawaasa keessa jiru itti ibseedha. Kanaafuu weellisaan yammuu walaloo sirbaa qindeessuun sirbaan yeedalessee dhiyeessu dhugaan hawaasa keessa ture, jiruufi gara fuulduraatti maal ta'a kan jedhu sirritti kan irratti xiyyeeffatamuu qabuudha. Sababni isaa walaloon sirbaa kun kan inni barreeffamee weellifamuuf hawaasicha waan ta'eef. Haaluma kanaan qorataan qorannoo kana keessattis walaloon sirbaa bara 2019G.C keessatti bahan keessaa kannen filataman, ergaan gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeetiin darban maalfa'i kan jedhu xiinxalee jira. Boqonnaa tokkoffaa jalatti kaayyoon qorannoo kan ibsame ergaa walaloo sirboota bara 2019G.C keessatti bahan keessaa kan filataman irratti ergaan gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdee kan jedhu ibsamee jira. Ka'umsa qorannoos as jalatti kan ibsame yoo ta'u walaloon sirbaa kun yeroo muraasa gidduutti sirbanii dagatamuurra ergaan isaan gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeetiin hawaasichaaf ibsan maal kan jedhu irratti kan xiyyeeffateedha. Akka waliigalaatti boqonnaa kanaan qorataan maaliif qorannoo isaa geggeessa kan jedhuufi bu'aa inni yoo qorannoon kun adeemsifamee xumuramu hawaasaaf buusu kutaa kanaan dhiyaatanii jiru.

Boqonnaa lammaaffaa keessatti ammoo waa'een ogbarruu erga ibsamarii booda caaculee ogbarruu jalaa walaloo irratti xiyyeeffachuun walaloon irraa gata miira ykn waan keessoo ofitti daran dhaga'ame karaa ittiin ofirraa baasanii ibsan ta'uu ibsuun, gosoota walaloo keessaa walaloo liiriikii kan walaloo sirbaa ofkeessaa qabu xiyyeeffachuun ibsi itti kennamee jira. Akkasumas, maalummaan walaloo sirbaa hammayyaafi itti fayyadamni afaanii as jalatti ibsamarii jiru. Baoqonnaa sadaffa jalatti kan dhiyaate mala iddattoofi iddatteessuuti. Malli

qorannoo ittiin geggeeffame mala akkamtaa yammuu ta’u walaloo sirboota filataman akkamitti ergaa dabarse kan jedhu mala ibsaa (discriptive) dhaan ibsamee jira. Kana malees qorannoon kun madda raga 1^{ffaa} irraa waan sassaabameef, kallattiin barruu walaloo sirbaa kana dhaggeeffachuun erga barreessee booda gadi fageenyaan sakatta’ee qaaccessuun ibsee jira.

Boqonnaa itti aanu 4^{ffaa} keessatti qaaceessa ragaaleetu dhiyaate. Walaloon sirboota filatamanii qorannoon irratti adeemsifamaa jiru ergaa dabarsaa jiruun xiinxalameera. Innis ergaa inni gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeetiin dabarsaa jiru qaaceffameera. Itti dabaluun walaloon sirbaa kun gama ergaa hawaasummatiin: seenaa, gorsa, aarii, aadaa, gaddaa, tuffii, safuufi gootummaa isaan ofkeessaa qaban sararoota walaloo sirbaa kana keessaa fudhachuun ibseera. Kunis walaloon sirboota bara 2019G.C keessa bahan keessaa filataman kunneen hawaasa keessatti dhugummaa isaan qaban agarsiisuu isaanii xiyyeeffannaa keessa galchuun qaaceffamee dhiyaate.

Walumaagalatti, ergaa walaloo sirboota bara 2019G.C keessatti bahan keessaa kanneen filataman keessatti mul’atan barreessitoota walaloo sirbaas ta’e dhaggeeffattoota biroof bu’aa guddaa waan buusuuf xiyyeeffannoon ergaan gama siyaasaa, hawaasaa, fi dinagdeen jiran bu’aa guddaa akka buusan qaaceffamee jira

5.2. Argannoo

Walaloon sirbaa damee ogbarruu jalaa ogwalaloo ta’ee gosa walaloo liirikii jalatti kan argamu yammuu ta’u, barreeffamaan waloodhaan kalaqamee kan dhiyaatu ta’ee waa’ee hawaasaa, siyaasaa, dinagdee, sodaa, safuu gaddaa fi gammachuu kan ibsuudha. Kaayyoon qorannoo kanaa xiinxala ergaa walaloo sirboota bara 2019 G.C keessatti bahan jedhan irratti xiyyeeffachuun, qabiyyee walaloo sirboota filatamaniifi ergaa isaan gama siyaasaa, hawaasummaafi dinagdeen qaban jedhan xiinxaluu yoo ta’u, qorataan ragaawwan adda addaa funaanuun gama adda addaan erga xiinxalee booda argannoowwan armaan gadii kaa’eera.

- ❖ Walaloo sirbootaa filatamanii qorannoon irratti geggeeffame keessatti sabni dhugaan isaa jalaa dhokatee, mootummaan sobamee miidhamaa jiraachuu isaa qorannoo kanaan bira ga’ameera.
- ❖ Ummatni Oromoo senaan isaa jalaa dhokatee, bilisummaa inni qeerroofi qarreen argate harkaa fuudhamee amma immoo sabni Oromoo deebi’ee garbummaa jalatti Kufuun

ammis akka falmataniif walaloon sirbaa kun kan kakaasu ta'uu isaa qorannoo kana bira ga'ameera.

- ❖ Walaloo sirbootaa kana keessatti waloon jechoota filatamoo walaloon barbaadu fayyadamuun keessumaa akkaataa dhugaa hawaasni Oromoo keessa jiruutiin addeessee jira.
- ❖ Akkaataa walaloo sirboota kanneen keessatti dhiyaateen waloon walaloo sirbaa kanaan erga gama hawaasummaatiin jiran: hawaasni bu'uura waan hundumaa akka ta'ee fi akkataa hawaasni waliin jiraatu keessumaa aadaa, seenaa, safuu, gootummaa tuffiifi aarii isaa ittiin ibsachuuf kan itti fayyadamu, kan jibbe tuffate kan ittiin qeequ, akeekkachiisuufi gorsuun itti himu ta'uu isaa qorannoo kanaan bira ga'amee jira.
- ❖ Walaloon sirboota bara 2019G.C keessatti bahan keessaa kanneen filatamanii qorannoon irratti geggeeffame keessatti waloon jechoota filatamoo dhugaa hawaasaa ibsan miidhama saba Oromoo kan agarsiisuufi caba saba saba Oromoo kan ibsutti gargaaramee akka jiru qorannoo kanaan bira ga'ameera..
- ❖ Walaloon sirboota kanneen filatamanii qorannoon irratti adeemsifame kun qabiyyeewwan ergaa gama dinagdeen jiru sabni Oromoofi lafti Oromoo oomishaaf mijataa ta'uu isaa ibsee jirachuu qorannoo kanaan argameera.
- ❖ Walaloo sirboota bara 2019G.C keessatti bahan kanneen qorannoon kun irratti adeemsifame gama hawaasummaa, dinagdeefi siyaasa sabni Oromoo keessa jiru, keessumaa bara 2008 A.L.I asitti haala akkamii keessa akka jiru, amma maal gochuu akka qabu ibsuun ergaa kan dabase ta'uu argannoo kanaan bira ga'ameera.

5.3. Yaboo

- Walaloo sirbaa barreessuuf waloon miira ofii keessa jiru qofa osoo hintaanee, kan walaloon sirbaa barreeffamuuf yookaan kan walaloo sirbaa sun irratti xiyyeeffatu sana miira isaanii irratti xiyyeeffachuun barreessitootni walaloo sirbaa yoo barreessan gaariidha.
- Walaloo barreessuun dandeettii cimaa gaafata. Namni walaloo barreessus eenyummaafi maalummaa sabasaa akkasumas, haala sabni isaa keessa jiru hubachuu waan gaafatuuf beekumsa guddaa barbaada. Kanas, jechootaatti gargaaramuun jechoota muraasaan ergaa bal'aa dabarsa. Walaloon sirbaas bifuma

kanaan waan dhiyaatuuf, barreessitootni walaloo sirbaa dhugaa hawaasa isaanii keessa jiru gama hundaan sirritti ergaa hubatanii osoo barreessanii filatamaadha.

- Waloon walaloo sirbaa yammuu barreessu looga naannoo tokkoo qofa xiyyeeffachuu dhiisee osoo kan hunda giddu galeeffate fayyadamee gaariidha. Sababni isaa walaloon sirbaa saba Oromoo xiyyeeffatee barreeffame lafa sabni Oromoo jirutti hunda isaanii ibsa waanta'eef.
- Walaloon sirbootaa kun dhugaa hawaasa keessa jiru qabiyyee aadaa, seenaa , gootummaa, aarii, gadda, gorsa, safuufi tuffii ibsan waan ofkeessaa qabuuf, osoo Gumii Dagaagina Afaan Oromoo manneen barnootaa keesa jiranitti barattoota hubachiisanii barnoota guddaa dabarsuu danda'a.
- Walaloo kana keessatti gama siyaasaa, dhiibbaafi cunqursaan saba Oromorra tureefi jiru ofkeessatti qabatee waan jiruuf, akkasumas maalummaa saba isaanii irraa waan hubataniif qabiyyee kitaaba barattoota barnoota Afaan Oromoo sadarkaa lammaffaa keesstti osoo dhiyaatee gaaridha.

Wabiilee

- Addunyaa Barkeessaa. (2011). *Akkamtaa: Yaadrimee Qorannoo Hujoo*. Finfinnee
- Addunyaa Barkeessaa. (2014). *Semmoo*. Finfinnee: Far East Trading plc.
- Asafaa Jalata. (1994). *"The Struggle of the Oromo to Preserve an Indigenous Democracy"*, University of Tennessee, Knoxville, Tennessee Research and Creative Exchange
- Asafaa Tefera (2009). *Eela: Seenaa Oguma Oromoo*. Finfinnee Far-East trading PLC
- Bauman R. (1992). *Folklore, Cultural Performances and Popular Entertainments*. Oxford University press, USA
- Clark, H.(1996). *Using Language*. Cambridge: Cambridge University Press.
- Cress well.J.w.(2012). *Qualitative, Quantitative, & Mixed Methods Approaches*. London:sage.
- Collie . J and Slater, S.(2001). *Literature in the language classroom*. UK.Cup.
- Dan, B.A (1975). *Foklore in Africa Societys*:in RAL vol.6 No 2(1979) Toward definition of Foklore in context .Reading in Amrican Foklore
- Dastaa Dassaalany. (2013). *Bu'uura Qorannoo*.Maxxansa 2ffaa.Addis Ababa: Far east trading plc.
- Diana and Swingewood . (1972), *The Sociology of Literature*. London: Paladin. Encyclopedia of Birtanica. (1993). Vol.19 chicago: Encyclopedia Inc.
- Encyclopidia of America, 1985 volume 11 university of chicago press.
- Fekade Azeze. (1991). *Introduction to oral Litereture* Artistic Printing Enterprise.
- Finnegan R. (1978). *Oral Literature in Africa*. Oxford: Oxford University press.
- Finnegan R. (2012). *Oral Literature in Africa*. World Oral literature series Volume-1 Cambridge CBI,2 BL United KingDom: Publisher CIC LTD.

Gemechu Bekele. (2003). *A study of major themes in game selected songs of Ilfinash Keno*. Unpublished MA Thesis Addis Abeba University.

Harcourt B. and C.(1994). *Harbrace Collage Hand Book* (12th ed.)

Hayiluu Bantii. (1997). *CORAA AADAA*. Jimma-Oromiyaa

<https://om.wikipedia.org/wiki/Odaa>

Culler J. (1997). *Literary Theory: A Very Short Introduction*. Oxford University press

Lyons&John.(1995), *Linguistics and Semantics*. combridge University presss Stanstanford

Habib MAR. (2005). *A history of lietrary criticism:From Plato to the present*.Blackwel publishing ltd

Kennedy and Goiania.(1995). *Literature . An introduction to fiction, poetry and drama* (6th ed).Wesleyen University press.

Kennedy. X.J (1987). *Literature . An introduction to fiction, poetry and drama*.Boston languages in Tanzania: A case study of Ekinata. Bayreutn African studies.press.

Kipury N.(1983). *Oral literature of the Massai*. Nairobi. Heineman Kenya

Lehtsalu U. Etl (1973). *An introduction to english stylistics*. Tartu state university Chair of English Studies.

Melakneh Mengistu.(1999). *Fundamentals of Literature*. Addis Ababa: Branna Printing press.

Meyer, M (2005). *The bed ford introduction to literature*. New York University of connectivat Ph.D thesis. Department of University of Edinburgh.

Short M . (2013). *Exploring the Language of Poems, Plays and Prose*. Routledge

Melakneh Mangistu. (1999).*Fundamental of literature*: AddisAbaba: Biranna printing Press.

Mohammed Sayid (2016) *Seenaafi Qabsoo Oromootaa . Finfinnee*. Itoophiyaa

- Muktar Hasan.(1994). *Some Significance Oromo folksongs: with specific reference to Jimma*.Unpublished BA Thesis,Addis Ababa University.
- Nasruu Hasan (2019). *Siyaasa Oromoo: Imala Humna Fixachiisaafi Egeree Abdachiisaa*. Finfinnee
- Netti. B.(2010). New Music Families (2008-2013). *Music: Main Article I541-47- Encyclopedia Britannica*. Accessed September 2010.
- OBN (Hagayya7, 2012) sagantaa Jajjabee
- RabbirraaTarrafaa.(2009).*GADAA: Caasluga Afaan Oromoo Kutaa 9ffaa fi 10ffaa* Finfinnee:Itoophiyaa
- Richard B. (1997). *STYLISTICS: The new critical idiom*. London and new York.
- Shaw. H.(1972). Dictionary of literature terms. Newyork:Mc Grawn Hill Book company. Harvard University Press.
- Swardhani W,-(2014). *Defining poetry and characteristics of poetry*.
- Stockwell, P. (2002). *Sociolinguistics: A Resource book for Students*. London and Newyork.
- Summer, C. (1996). *Anthropology of Oromo*. Literature Privet songs Folklores.
- Vikas shah mbe/ @mrvikas 2017, ‘articles & interviews’ 26thAugust
- Warrinner (1982). *English grammar and composition (4th)*. Orlando United state of America.
- Wilfred L, Earle L. Lee M. , Jeanne C. & John R. (2005). *A Handbook of Critical Approaches to Literature* 5thed: New York . Oxford :oxford university press 2005
- Wolff, E. (2000). *Language and Society*. In Heine, B. and Nurse, D. (eds.) African Languages:an Introduction. Cambridge University Press.
- [www. the free dictionary.com/criticism](http://www.the-free-dictionary.com/criticism).
- Zoltan D. (2007). *Research Method in Applied Linguistic. Quantitative, Qualitative and Mixed Methodologies*. Oxford:Oxford University Press

DABALEE

Walaloo Sirboota Albeema Baallii (Galaanaa Gaaromsaa)

Baallii

Maal na yaddeessaa kan yandoo sunii

Odaa karra koo duraa

Eenyutu cabbiisi itti caamsataa

Odaan kuni abbaa qabdii beekkachaa

Odaan kun abbaa qabdii beekkachaa

Qe'een milkiin kuni abbaa qabdii beekkachaa

Jifuun kuni maatiif sirna suuqqachaa

Qe'ee duudhaan kuni maatiif sirna suuqqachaa

Jifuun kunii abbaa qabdii beekkadhaa

Qe'ee duudhaan kuni abbaa qabdii beekkadhaa

Jirma tokko dame sagaliiti

Kan inni ibsu ilmaan oromooti

Yaa obsakee

Ittuma dhiifta wal'aalaan qottoon si muraa

Yaa tola kee odaa

Bari odaan keenya sun

Kunoo gomboobee lammii isaaf gaaddisa ta'aa

Ilma namaa dhiifnaan

Mukti rabbiirree cabbiin roobu dheessa ta'a

Kuush (himuuree nan aaree)

Hime arwee
Dide arwee } x3

Maqaan ofwaamtuun didee

Anis kan koo nan fedhee

Hime arwee

Dide arwee x 4 haa- haa

Maqaan ayyantuu hin didee

Anis kankoo tan fedhee

Damma roobileekoo

Saddeeta koot ga'ee

Saddeettama raafta

Waan hin oolle sanaaf

Maaliif na dhamaafta?

Hee kanaafuu

Hamman si jaallubeeku

Hamman si yaadu beekuu

Kanaaf nuttuu hinaafuu

Hin ooluu kan jaal'ate garaadha

Kan nu hube jaaraadha

Guyyaan dhufe hundaafuu

Inni hin oolu

Kan qotte haammachuun kee

Kan yaadde dhangachuun kee

Barri gadoo darbeeraa
Hin gaabbu
Utuu hidhii nyanyaattuu
Utuma quba raaftuu
Kiyoo kan kee darbeera.
Maroobileetoo warri baddaa salaalee
Baala hanxaxee bobeesaa
Maroobilee too jaalalli ormaa dhoksaattii
Keenya eenyutu odeessaa
Maroobileetoo maaltu gubatee aaraa
Qarree mogee gamaatii
Maroobileetoo ilma galaaqaniitoo
Aayyoo foolii gorbaatii
Kan aannan kee hate adurreen adalaa
Gaangeen si dhiitte sun abbaashee wadala
Donni foon si kennee haaduu si dhorkata
Kennaa garaa duubaa sobee sitti hiixata.
Damaroobilee koo
Saanni keenya daalee waatii
Elmitee na in unachiistuux2
Hoo lattuukoo maaloo
Haalli keenya amma moogaa
Haalli keenya reefu moogaa
Dhuftee na in obbaafachiistuu?
Waan ofiikoo maaloo

Ogoongolaa maafacaftee

Sanyiin kan warra soreeti x2

Waanofii koo maaloo

Nan dhufa jechaa fagattee

Na eegi jechaa fagattee

Obsaan garaa jaalalaatii

Aboote birraa x3 akka gaarii jirra

Aboota dha gaa x3 haalli kee mee akkam } x4

Aboo sitti akkam 3x haalli akkam

Sitti akkam x3 haalli akkam x4

Maroobileetoo

Bokkaan darbe jetteetoo

Dibaabeekee gattaaree

Maroobileetoo

Lukkuu garaa ga'udhaaf

Joobira amattaaree

Maroobileetoo

Damaroobileetoo

Afaan akkam bullee beeka

Hoo lattuu koo maaloo

Kan dhabne garaa na nyaataa

Jennaani hagana dhiisu

Kan biyyaaf cabe lafeedhaa

Oboota birraa x3 akka gaarii jirra

Abooteedhagaa x3 haalli kee mee akkam

Aboo sitti akkam 2x haalli akkam

Sitti akkam x4 haalli akkam x4

Aboo....aboo....aboo aboo sitti akkam x2

Urgaayi

Guyyaa hin imaltu duruu simbirri halkanii

Halkannuu guyyaa ta'a gaafa yaadani

Cinaacha lamaan hin rafu namni jaalatee

Onneet farda yaabbataa gaafa yaadatee

Bitta diraa bunni yoo daraaruu

Godaansa yaada rabbi si baraaruu

Rabbittan dhaame buna dhaabbadheetoo

Jimmattan gore maashoo jaaladheenoo

Sugaa dhugna buna isa lammataa

Dhugaa hin dhugnaa buna isa lammataa

Mootiin jimmaa kan siif akaakayyuu

Kophee hidhachiise bar ormayyuu

Akkaafu boonte yoo boontes bagaa

Nadhii dhiisee maaltu jajaa gagaa

Si agarraan maaltu ijasaa lipsaa

Miidhagni kee halkan qixxee ibsaa

Aannan bunaan dhuga abbaan kan kee

Si jaaladheen ta'e garbicha kee

Eela laphee

Eela laphee yaada keetu natti duule

Qalbii cabee an jaalala keen eelee

Si abdachuun oggayyuu gowwaa na gootee

Hundaa amanuun durayyuu gowwaa na gootee

Si jaalachaa nyaatamuun garaa na nyaatee

Gadoo baayisaa bulaa

Garaan jaalatee yoo kennee dhabuu

Kanaafuu sittuu cichaa

Onnee jalaalaa tokkorraa hin qabuu

Silattuu garaa jaalatteef siifuu safuudha

Anumtuu si sobaa hin hafnee hin ta'iin dhugaa

Silattus garaa jaalatteetu komii baay'isaa

Komattus onneen waanuma fedhe leelisaa

Ichima jaalalaa kan narraa ciruu

Naa gamtes yoo jedhee an garaa hin hiru

Bo'aatu of sossobaa garaan jaalalaa

Jireenya sin dhorkin waaqni jaalalaa x2

Maaddii irraa nyaatte

Akkamiin cabsitaa?

Dhugaa waliin qabuu x2

Akkamiin dabsitaa?

Galanni jaalalaa

Sobaaf dhara hin qabuu

Namni dhugaa qabu x2

Waaqatirraa hin dhabuu

Hamattuu

Olla jirti iji lamaan wal hin-gartu

Ulaa banaa oolti malee waa hin cufattu

Eenyutu qulleessaa –hoo

Lafa miicee –hoo

Eenyutu hamiidhaan –ho

Du’a nam oolchee- hoo

Hamiif kaachaa –ho

x2

Hoolaa itti qalee- hoo

Namni hojii – hoo

Baayeemmoo dagatee

Jaala lamaan fiigaa

Dubbii nyaattee bara hin baatuu

Tolfadhuu kee galgalaa

Dhiisi nama hamachuu kee

Dhugaan dhugaa haa dubbatuu

Namni cileen nama faalu

Of irrattuu hin mil’atuu

Hamattuufi –ho

Ijaan kan suufu –hoo

Bar qocaadha-ho

Mootiin arrabaa –hoo

Bofa qofaadha –ho

Kan galmasaa hinbeekne silas ceetee baate
Nama lafee hin baanne silas lafee nyaate.

Namummaa

Namuu walqixaa yeroo dhalatuu
Maaltu tilmaamaa waan si mudatuu
Haadha dhabee meeqatu rakkataa
Gadoon jiraachuu maaltu filataa
Sumaa qofaa kan hin beekne shiraa
Namac hin qoonne rakkof gidiraa
Maatii dhabee kan karaatte bahee
Dahoo dhabee kan jireenyi onee
Eee- bar namni haadha qabuu
Akkamiin kan dhabeef garaan hin na'uu
Maatii malee namnuu hin dhalanee
Jaallatee eenyumtuu rakkoo hin filanee
Ee – carraasaa bar carrasaa
Ee- hireesaatti gaabuu malee
Haadha qabdaa filtee soorattaa
Haadha maleessa maadagattaa
Abbaa qabdaa filtee uffattaa
Abbaa maleessa maa dagattaa?
Uu-uu qalbiit na cabee
Kan haadha dhabe
Situ olmaqabee jiraadhu harmeekoo
Waayi haadha dhabuu rakkookoo

Eegaa haadha dhabuun rakkookoo

Bar maatii dhabuun rakkookoo

Eenyutu rakkoot firoomee

Namni uumaan wal hin caalu

Gariin rakkoodha kan gooluu

Uu-uu qalbiit na cabee

Kan haadha dhabee

Jiraadhu harmeekoo

Waayi haadha dhabuun rakkookoo- waayi haadha dhabaa

Bar maatii dhabuun rakkookoo- bar maatii dhabaa

Maatii dhabaa tuffataaree

Hiree boruu beekkattaa

Ilmi namaa walii nahuudha } x4

Ee- namoomuun gahaadha

Walaloo sirbaa Jafar Yusuf

Masaraa Mootummaa

Birroo yaa birroo yaa abbaa biyyaa

Onneen keenya kaleessaa sun har'as ni jiraa

Birroo yaa birroo yaa abbaa birraa

Qeerroon oromoo Jawaariif jirraa

Yaa makoobii makoo warra mallee

Akkuma feetetti utaali

Akkuma feetetti burraaqi Jawwee hin tuqin malee

Yaa makoobii makoo warra mallee

Isa Najjoo	waamee siif dhufe kuunnoo
Isa Mandii	waamee siif dhufe kuunnoo
Sanyii waaqoo Guutuu	waamee siif dhufe kuunnoo
Oromoodhaf duulee	waamee siif dhufe kuunnoo
Oromoodhaaf du'ee	waamee siif dhufe kuunnoo
Isa Sulee	waamee siif dhufe kuunnoo
Isa Walloo	waamee siif dhufe kuunnoo
Kan Waliisoo	waamee siif dhufe kuunnoo
Isa Mogor	waamee siif dhufe kuunnoo
Sanyiin Qadiidaa Gonfaa Cillimoo keessaa horfaa	
Kan shugutee	waamee siif dhufe kuunnoo
Isa Jalduu	waamee siif dhufe kuunnoo
Isa Giincii kan Gaalessaa	waamee siif dhufe kuunnoo
Isa Boonii	waamee siif dhufe kuunnoo
Kan Ilbasaa	waamee siif dhufe kuunnoo
Isa Amboo	waamee siif dhufe kuunnoo
Isa Gudar	waamee siif dhufe kuunnoo
Isa Geedoo	waamee siif dhufe kuunnoo x3

Walaloo sirbaa Dassaleny Beekama

Faannoo

Kan keenya moggasni isaa faannooni

Waaamicha walii birmaannaa

Eessaa karam faanisaa faanoo

Jecha ulaa ulaati

Jabaatan mucaa ta'uunii

Hundatu nama jaal'ata
Laafan munaagduu ta'u yaa ijoolle
Yartuutu nama tuffataa
Kanaaf, jirra injifannee jirraax2
Gatii hin qabu qofaasaa
Waan eegalan goolabuuf egaa
Murteessaan bu'uurri isaa
Hin socho'u hin raafamu homaa
Gaara hin dhiibin yaa gowwaa
Warwarraa'u hin boora'u cariidha
Lakkii nu malee suwwaa
Kan lafashee jaal'achaa
Garuu nama ishee jibbuu
Fakkeessee imimmaan haqaa
Kan ija uummataa hatuu
Dacheen keenya isa hin baattuu
Ofittuu hin kaleessituu
Gubiis taatu irraaf jalaanii
Bakkattiin sun yoomillee
Danda'uudha taagalsuushee
Baga qabne fiixeeshee
Jabeessi in jabeeffannaa
Gad dhiifnaan salphinni ishee
Gaafas jiraa du'uullee
Warra kolfaas ta'uuni

Walaloo sirbaa Soninaaf Adam

Dhiisi lakkii

Of barimee of baraar

Hin nyaatu bar garaan

Dhiifamni yeroo dhibbaa

Boddee nama dhibaa

Laali laali dhugan sitti himaa

Yoo amaara fakkaattu laalaali

Tokkos tokkotti ida'uu namuu hin danada'uu

Fedhii dhuunfaaf jedhee qeerroon harka laatu

Adamsuun haa hafuu kan sabaaf falmatuu

Obsaa sikoof mandoo hambaawwan gotota

Obsaa Oromootaa hambaawwan goototaa x2

Walaloo sirbaa Andu'aalem Gosaa

Michuu dhugaa

Nat sitti aare tokkittiiko sit natti aare

Sit natti aare yaa laseekoo natu sitti aare

Otuu ilaaf ilaame jennee gadi teenyee

Adda hin baanu tokkottikoo utuu waldhageenyee

Kot gori jennaan na diddee (2x) } x4

Waldhaga'uun maa nu dhibdee

Nan goras jennaan nadiddee (2x)

Wal dhaga'uun maa nu dhibdee } x2

Mee mee haa kolfinu mee mee

Mee mee mammari'achaa mee mee

Mee mee haa kolfinu koottu mee mee } x2
Mee mee mammari'achaa mee mee }

Cinaachi cinaa malee

Gadi ciisu rafee hin buluu

Wal feena bareechinee

Homtuu nurra nu hin toluu

Sababa keetiin sababa kootiin

Jennee wal kaaduutu baay'ate

Addaan hin baanu garagar fagaanee

Hiddaa dhiigaan walguduunfine

Dome haamtuun gidiraa doomee } x3

Dheede loontu haa gabbattuu dheede }

Walaloo Sirbaa Hawwii H. Qannoo

Simbirroo

Simbirroo yaa marii shaashaa }
Lafti har'aa maa barii kaataa } x2
Bariinaan wal dhabnaa laataa